
# Qajeelfama Haala Mijeessaa

## Leenjii Hirmaachisaa Waa'ee Garaa madaa'e fayyisuufi Saba jijjiruun akkamiin adeemsifama (HHTN)



Kitaaba barnoota kana kan Garaa madaa'e fayyisuufi Saba jijjiruu (HHTN) jedhu qofatti fayyadamuu

Garaa madaa'e fayyisuudhaan Saba jijjiruu

Qajeelfama Haala Mijeessaa

Dr. Rhiannon Lloyd, Soortuu Joseph Nyamutera tiin,

Deeggarsa Renee Schudel and Kristine Bresser irraa,

Bara 2014 A.H keessa Dr Rhiannon Lloyd. Soortuu Joseph Nyamutera, Dr Mary MunGuyyaa tiin kan irra deebi'ame

Qabiyyeen isaa David Coleman tiin kan deeggarame

Bara 2018 A.H keessaa Dr. Rhiannon Lloyd, Hojjetaa Wangeelaa George de Vuyst, Soortuu Joseph Nyamutera, tiin kan foyya'e

Bara © 2018 A.H

Mirgi Abbummaa seeraan kan eegameedha.

Barruun kun leenjii hojii qabatamaa Garaa fayyisuu fi Hawaassa jijjiruuf (HHTN) itti fayyadamuuf irra deebi'amee oomishamuu ni danda'ama hamma gurgurtaaf hin oolletti.

Luqisiiwwan Macaafaa, hamma waan biraa hin argisiifnetti Hiikaan kun Macaafa Qulqulluu hiika Haaraa Idil Addunyaa (NIV) bara 1973, 1978, 1984 A.H Hawaasa Macaafa Idil Addunyaan maxxanfame irraa kan fudhatameedha. Eyyama mana maxxansaa Zondervan irraa argachuun kan fayyadame. Mirgi Abbummaa seeraan kan eegameedha.

**Qajeelfama kana Afaan gara birootti hiikuu barbaada yoota'e, eyyamsiisuuf**
***rhiannon@healingthentions.co.uk kana irratti email godhiif.***

***Afaan Ingiliziirraa Gara Afaan Oromootti Kan hiike***
***Gaddafaa Abarraa (M.A): gedefa90@gmail.com***

# Baafata

## Matadureewwan


Gara Leenjii Hirmaachisaatti Baga Nagaan Dhuftan. ... 1
Leenjii Hirmaachisaa fi Bu'aa Garaa Madaa'e fayyisuudhaaf Saba jijjiruu. ... 3
Kaayyoo leenjii hirmaachisaa Garaa Madaa'e fayyisuuf Hawaasa jijjiruu ... 3
Leenjii hirmaachisaan kun maaliif barbaachise? ... 4
Bu'aawwan Garaa madaa'e fayyisuudhaaf saba jijjiruu ... 5
Haala mijeesicha ... 7
Barruu Leenjii Hirmaachisaa 'Garaa madaa'e fayyisuudhaaf saba jijjiruu' jedhu barsiisuu ... 10
Boqonnaa Barnootaa Qopheessuu ... 15
Qabxiilee xiyyeefatamuu qaban ... 16
Duraa duuba mata dureewwanii ... 17
Guyyaa 1: Bu'uura Ka'uu ... 18
Guyyaa: girgiddaa/Dhaaba ijaaruu ... 18
Guyyaa 3: Demdemoo Fi Gardaaffoo Dabaluu ... 18
Boqonnaalee leenjii Hirmaachisaa ... 20
Boqonnaa Seensaa ... 20
Bu'uura Manichaa ka'uu ... 22
Boqonnaa 1: "Fedhii Waaqayyo isa jalqabaa Hariiroo dhala namaaf qabu". ... 22
Boqonnaa 2 "Humna sodaachisummaa qoolifannaa" hiddoota hadhaawwaa ... 26
Boqonnaa 3 "Eenyummaa haareffame" ... 31
Boqonnaa 4 "Waldaa Kiristiyaanaa akka Bakka Buutuu Jijjiramaatti" ... 35
Boqonnaa 5 "Gidiraa fi Jaalala Waaqayyoo ... 40
Boqonnaa 6 "Waaqayyoon Akka Abbaa Jaalalaatti Beekuu" ... 47
Dhaabaa/Girgiddaa Ijaaruu ... 54
Boqonnaa 7 "Hatticha" ... 55
Boqonnaa 8 "Garaa Madaa'e" ... 61
Boqonnaa 9 "Waaqayyo miidhama namaaf deebii kenna" ... 66
Boqonnaa 10 "Leenjii Hirmaachisaa waa'ee Fannoo" ... 72
Demdemmoofi Gardaafoo itti dabaluu ... 84
Boqonnaa 11 "Yaakamaatti Araaramuu" ... 84
Boqonnaa 12 "Humna jijjirama Qalbii diddirrannaa fi Hojii dhiifama gaafachuu" ... 91
Boqonnaa 13a "Hir'ina jiru guutuu" ... 97
Boqonnaa 13b "Leenjii Hirmaachisaa Qalbii diddirannaa" geggeessuu ... 101
Manicha Xumuruuf Gardaaffoo isaa itti dabali ... 104
Boqonnaa 14a "Eebba Labsuu" ... 104
Boqonnaa 14b "Maaddii Mootii Mootii" ... 106
**Boqonnaa 15 "Asiirraa eessa dhaqnaa?"** ... 110
Qophii Waliigala Leenjii Hirmaachisaa ... 111
**Cheekliistii Qindeessaa Leenjii Hirmaachisaa** ... 117
**Yeroo Leenjii Hirmaachisaan adeemsifamaa jiruutti qabxiilee qabatamaatti raawwataman** ... 118
**Waliitti Fufiinsa, Bu'aa Qabeessummaafi Babal'ina** ... 119
**Tajaajila Kee keessatti Ofmadaalli.** ... 123
**Maxxantuuwwan** ... 125

**Maxxantuu 1 Akkaataa qindoomina teessuma yeroo leenjii Hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuudhaaf saba jijjiruu.** ....125
**Maxxantuu 2 Gareewwan adda addaa waliin hojjechuuf yaadolee kennaman.** ....128
**Maxxantuu 3 Meeshaalee Deeggarsaa Ijaan Argaman** ....131
**Maxxantuu 4 Do'iilee** ....134
**Maxxantuu 5 Qophii Mataduree Hubachuu** ....159
**Maxxantuu 6 Toora Dhiyeessii Barnootaa** ....160
**Maxxantuu 7 Muka Qoolifannaa (Jibbiinsaa)** ....162
**Maxxantuu 8 Sgantaa Raawwii ta'uu qabu** ....166
Maxxantuu 9 Gaaffiilee Hubannoo ....173
Maxxantuu 10 Diyaagiraamii Taankeerii ....174

# Gara Leenjii Hirmaachisaatti Baga Nagaan Dhuftan.

Barruu kana ibsuuf barnoota kana filachuu keeti baay'ee gammanneera.

**Kayyoon leenjii kanaa** fayyina fudhateera gara iddoo Garaa fayyisuufi hawaasa jijjiirutti akka ceetuuf akka sigargaaruufidha, leenjiin kun bakka ati itti barruu kana barsiisuu dandeessuu fi fayyinaa fi waliitti araarsuuf warra kaaniif haala mijeessuu adeemsa itti dandeessudha.

Kun waa'ee leenjii barnoota Garaa fayyisuu fi hawaasa jijjiruuf guyyaa sadii kennamu qofaaf osoo hin taane haalota gosa kamiyyuu fi qabiyyee hunda keessatti ciminaan akka darbituuf gahoomsuu ergaa jedhu kan of keessaa qabudha.

Barruun barnoota Garaa fayyisuufi hawaasa jijjiirutti jedhu kun jalqaba biyya Ruwaandaa keessatti Haayyuu qorataa dhibee sammuu Dr Rhiannon Lloyd (a Psychiatrist), tiin kan eegale, akkuma waraansi fixiinsa gosummaa xumurameen. Barnootichi kan argame guutummaa guutuutti kadhannaa, fi Hafuura Qulqulluutti hirkachuudhaani.

Waldaan kiristiyaanitiin akkasummaas guutummaan hawaasichaa, mada'ee ture, akkasumaas deebi'anii ijaaramuu barbaadu. Waldaa kiristiyaanaa wajjin eegaluuf filanne sababni isaas waldaan kiristiyaanaa hawaasa keessatti soogida fi ifa akka taatuuf meeshaa Waaqayyoon kan filatamte fi hawaasa isaanii keessatti fayyisuu fi waliitti araarsuuf bakka buutuu ta'uuni.

Booddee barruun barnoota Garaa madaa'e fayyisuufi hawwaasa jijjiruu deeggarsa geggeessitoota Waldaa kiristiyaana naannoo irraa keessummaa soortuu Anastase Sabamungufi Joseph Nyamutera (Barsiisaa leenji'e) irraa argateen babbal'achuun guddateera. Yeroo Sanaa kaasee dhiironni fi dubartoonni dhiibbaan lakkaawwan leenjii hirmaachisaafi barruu kana irratti argamani leenji'uun sirriitti itti fayyadamuun dhiirotaa fi dubartoota kumatamootaf fayyinaa fi jijjirama Ardiilee baay'ee keessatti fidaniiru, warroota hawwaasa isaanii keessatti dhiibbaa uuman.

Yeroo ammaa kana kitaabni Garaa madaa'e fayyisuuf hawwaasa jijjiruu jedhu afaanota garagaraatti hiikameera akkasuma illee ergamni isaa biyyoota haaraa bakka wal qoqqoddaa fi waraansi jiruutti babbal'ateera.

Dhuguma, fayyinnifi araarri qaama Kiristoos tokkoof ergama biyyummaa inni qabachuu qabudha, haata'u malee Waldaa kiristiyaanaa tokko tokkoof kun xiyyeefannoo addaa hin

arganne, sanaan alatti kan eegalame ta'uu danda'a. sababni isaas dhibbaa hawwaasaa uumuuf kayyeefachuu abna, ka'umsa irratti bu'uura gaarii kawwachuun baay'ee barbaachisaadha. Mul'ata kana keessatti hirmachuu danda'uun geggeessitoota Waldaa Kiristiyaanaa hawaasa adda addaa fi dhaabbileen kiristiyaanaa nuuf baay'ee gaariidha.

Fayyinni fi araarri jiddugaleessa Wangeela Kiristiyaanaatti. Isaan kun dhaabbata kiristiyaana kamiif iyyuu keessaa kan filataman miti. Yesuus waldaa isaa fayyisaa ture kanaafuu inni erga isaa irra deebi'ee argachuun ayyaana isaa hawwaasatti ni'argisiisa.

## Leenjii Hirmaachisaa fi Bu'aa Garaa Madaa'e fayyisuudhaaf Saba jijjiruu.

### Kaayyoo leenjii hirmaachisaa Garaa Madaa'e fayyisuuf Hawaasa jijjiruu

Leenjii hirmaachisaan kun Garaa madaa'e fayyisuuf, Hawwaasa jijjiruu hawwaasa qoqqodaa, haadha'ummaafi jibbaan, miidhameef fayyinaa fi guutummaa fiduu barbaada akkasumas geggeessitoota Kiristiyaanaa gahoomsuun bakka bu'aa fayyinaa fi araaraa akka ta'an gochuuf. Uummata seen- duubee garaa garaa qaba irraa afeeramun Waaqayyoo wajjin wal qunnamuu fi walii walii isaanii jidduutti hariiroo Garaarra madde qabachuu. Naannoo mijaata ta'e keessaatti, hirmaattoonni fayyina akka amaleefatan ni jajjabeefamu akkasumas ilaalchafi yaada haaraa maddisiisuu fi kanneen biroo irratti karaa ilaalchafi yaada haaraa kana dhiibbaa uumuu.

## Leenjii hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuudhaaf saba jijjiruu keessatti maal qabachuu barbaanna.

- **Hariiroo haaraa fi o'aa Waaqayyo waliinifi** walii keenya jidduutti
- **Mul'achuu dhugaa** isa hawwaasa birmaaddu baasu
- **Carraa uummanni walii waliisaa dhaga'uufi** naannoo mijaata keessatti dhukkubbii isaa akka ibsatuuf
- **Haphee madaa'e fannoo irratti fayyisuuf**, namoonni walliif dhiisuu akka danda'an or dhiifama gaafachuu
- **Wal qoolifannaa sanyummaa fi nama biraa irratti murteessuu balleessuun** qooda kanaa jaalalaan wal ilaaluu
- **Goorroo qoqqoddaa** gareewwan jidduudhaa **jigsuu**
- **Abdii haaraa** isa Waldaan kiristiyaanaa qooda barbaachisaa fayyina hawwaasaa keessatti taphatu
- Nama hundumaa keessatti jaalala leenjii hirmaachisaa isa **Jaalatamummaa argisiisuu fi mirkaana'e,** kabajamaa fi ulfaataa keessatti hambisu
- **Bara jireenya guutuu hojii araarsuu** waldaa kiristiyaanaa fi hawwaasa keessatti raawwachuuf murteefachuu.

## Mata dureewwan Leenjii hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuudhaaf saba jijjiruu keessatti hammatamuu qaban

- Kaayyoo dhaabbataa Waaqayyo hariiroof qabu
- Humna sodaachisaa wal qoolifannaa
- Eenyummaa irra deebi’ee ijaarame
- Waldaa Kiristiyaanaa, karoora Waaqayyoo biyya fayyisuuf qabu
- Miidhamaa fi Waaqa Jaalalaa
- Akka Abba jaalalaatti Waaqayyoon beekuu
- Hatticha
- Haphee madaa’e
- Miidhamuu namaaf deebii Waaqayyoo
- Leenjii hirmaachisaa fannoo
- Waan nama aarsu dhiisuu – isa kami fi isa kam miti.
- Qalbii diddirannaa dhuunfaa fi waliinii
- Ebbawwan dubbachisuu

Leenjiin hirmaachisaa Garaa cbe fayyisuu fi hawwaasa jijjiruu waliitti qabamamala barsiisuu waliinii, Boqonnaa garee, yeroo ergamaa fi taateewwan qabatamaati. Waayitiliin tokko tokkoon waayitiwwaan darbaan irraa kan ijaarame waan taa’eef hirmaannaa guutuun barbaachisaadha. Leenjii hirmaachisaa keessatti jidduu seentummaan barbaachisaa dha akkasumas waan hundumaa dirqama gaddi xiqqeessuun, qoqqoddaa fi tokkummaa dhabuun deeggarsa Hafuuraa guddaa barbaada.

## Leenjii hirmaachisaan kun maaliif barbaachise?

- Yeroo dheeraadhaaf Waldaan Kiristiyaanaa rakkinicha qoodachaa turte osoo deebiisaa ta’uu qabduu
- Yeroo dheeraadhaaf hawaasaa fi Waldaa Kiristiyaanaa jidduu adda addummaan amantaa, wal qoolifannaa fi amalaa hin turre.
- Bu’uurri Dhugaawwan Macaafa Qulqulluu hubannaa malee fi kan hin ilaalamne jiraachuu.
- Geggeessitoonni Waldaa Kiristiyaanaa keessatti hirmaachuu fi wal dhabdee keessatti madaa’uu
- Waldaan Kiristiyaanaa bakka bu’aa fayyinaa Osoo hin ta’iin dura ofii ishee fayyuu qabdi.

## Bu’aawwan Garaa madaa’e fayyisuudhaaf saba jijjiruu

(jechoota gurraachefaman ilaali)

Duudhaalee ijoo muraasa leenjii hirmaachisaa Garaa madaa’e fayyisuufi hawwaasa jijjiruu fi ergama araarsuu muraasa

- Barbaachisummaa **ilaalchaa fi karoora Waaqayyoo dhaga’uu,** akkasiitti gara haalota hin abdachiifne keessatti **Abdii Waaqayyoo** fiduu dandeenya.
- Haalota gadhee ta’an Waaqayyo jijjiruu akka danda’u **amanuu**.
- Barbaachisummaa **guutummaatti Haafura Qulqulluutti hirkachuu** asumaan leenjii hirmaachisaa kanaaf **cimina** barnooticha ibsuu fi haala mjeessuu kan kaayyefate.
- **Jaalala**. Kun qofti nu kakkasuu qaba – Waaqayyoon jaalachuu fi hiriyyoota keenya jaalachuu, eenyummaan isaanii maal yoo ta’e illee.
- Hirmaattota waliin guutummaa Jireenya keenya gaddi of deebisuun qoodachuu, ofii keenyaaf isaanuma waliin sadarkaa walqixaa ofiif kennuu fi nuyi eenyu akka taane dhugeefachuu – kallattii deemnuun barattoota araaraa horachuu.
- **Amanamummaa, iftoominafi saaxilamummaa**. Haala mijeessitoonni qabsoo naamummaafi miidhama isaanii qoodachuuf of qopheessuu qabu, fedhii kana irratti hirmaattooni eeyyama isaaniif kennu.
- **Guutummaa**. Garee kamillee fayyaduu akka hin qabne dubbii keenyanis argisiisuu qabna, fakkeenya fudhanuunifi seenaa dubbanuun.
- Garee gosa adda addaa irraa waliitti dhufuun **fakkeenyummaa** araaraa ta’uu.
- Ergamaa keessatti **dubartoota hirmaachisuu**. Dubartootni baattoo seenaa kaleessaa fi aadaafi, kanaaafuu, isaan bakka buutota jijjiramaati. Isaan yeroo baay’ee miira keessoo isaanii bilisaan ibsatu.
- **Miidhamni namaa** tokko tokkoon isaa bu’aa akka qabu beekamtii kennuu.
- **Arjummaa barruu kanaa.** Callisnee ergama ofii keenya ijaaruuf fedhii hinqabnu – bilisaafi dhaabbilee biroo gahoomsuun kennuu barbaanna akkasiitti ergichi namoota baay’ee hamma danda’ame irratti dhiibbaa uumuu danda’a.

## Leenjii Hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuudhaaf hawwaasa jijjiruu irratti eenyutu afeerama

Namni kamiyyuu Leenjii Hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuufi hawwaasa jijjiruu jedhu irratti hirmaachuuf yoo waamame iyyuu, guddina ergamichaa gara fuula duratti jiruuf lakkoofsa murteessaa qabachuun baay'ee barbaachisaadha.

- Nama kiristiyaana ta'e tokko fi Macaafa Qulqulluu sirriitti kan beeku.
- Nama hawwaasa waliin jiraatu jidduutti ulfina qabu tokko fi Waldaa Kiristiyaanaa irraa dhugaa bahiinsa nama qabu.
- Bakka bu'aa garee adda addaa, Waldoolee Kiristiyaanaa fi Koorniyaa
- Nama geggeessitoota angafaan leenjiicha akka hiraatuuf mirkaana'e fi naannoo isaatti leenjicha hojiirra oolchuu kan danda'u.
- Nama dandeettii beekumsa hubachuu kan qabu, barruu kana dubbisuu kan danda'u.
- Nama barsiisuu danda'u, dhageefataa gaarii, Garaa tajaajiltummaa kan qabufi uummataaf yaaduu kan danda'u.
- Nama fedha qabuu fi bakka ergamni araarsuu jiruutti argamuun yeroosaa kennuu kan danda'u.

Namoota amantaa biraa irraa gara leenjii hirmaachisaa kanatti afeeruuf hin sodaatiin. Macaafa Qulqulluu irratti kan hundaa'e ta'uu isaa ibsuu dandeessa, ta'us gara leenjii hirmaachisaa kanatti hirmaachuuf afeeramuu qabu. Amantaa biraa ta'uu isaaniif ergaa kee jijjiruu hinqabdu. Akkaataa barsiisa duriin kun isa kiristiyaanonni amananiidha jechuu dhiisii osoo ayyaanaan geggeefamii itti dhiyaadhu. Deebii isaanii si ajaa'ibsiisuu danda'a ta'a!

# Haala mijeesicha

**Gahuumsa Haala Mijeessaa Gaarii**

Barsiisaa sirriin waan dubbise fi barsiisa nama biraa irraa kan dhaga'e qofatti kan hirkatu osoo hintaane garuu dhufaatti Waaqayyo dhugaa kana akka mul'isuufif kan kadhatudha. Yoo waan Hafuurri Qulqulluun si amansiise tokko barsiisaa jirta ta'e dhibata baay'ee guddaadhaan waanticha ibsita. Gahuumsonni biroo :-

- Nama hariiroo gaarii qabu
- Waamichi yookiin kennaan isaa ifatti kan irraa mul'atu
- Madaa adda addaa irraa fayyina barbaachisaa argachuu kan mi'eefatanii beekanfi, kanaaf haqa dhabuun miidhamuu isaanii kan yaadachuu danda'an miiraan haaloo baafachuu kan hinqabne.
- Garaa laafina, amanamummaaafi ogummaa
- Guutummaatti gaddi of deebisuu (nama namoota biroo waliin marii'achuu ofiitti haawwachuu qabu)
- Garaa tajaajiltummaa kan qabu
- Nama kadhataa, guutummaatti Hafuura Qulqulluutti nama hirkatu (Waaqayyotti nama dhiyaatu)
- Barsiisuu kan danda'u, of barsiisuu kan danda'u, qorataa dhimmaa
- Hirmaannaa warra kaaniif gatii kan kennu.
- Kalaquu kan danda'u
- Namoota amantaa garaagaraa fi ilaalcha adda addaa qabanitti kan dhiyaatu.
- Halqara mataa isaan/isheen fi aadaa biraa irraa fakkeenya fudhachuun barsiisuu kan danda'uu.

**Dandeettii Haala Mijeessaa Gaarii**

- Warra kaan kan dhageefatu
- Sirriitti haasa'uu kan danda'u
- Hubannoo namoota mirkaneeffachuu, waliitti cuunfuufi yaadota adda addaa waliitti fiduu kan danda'u
- Si'aayinaan yaaduu fi hojjechuu
- Ittidhiyeenyaan miira namoota qabachuu danda'uu
- Baacoofi kabaja kan jajjabeessu

- Sirriitti qophaa'uun yeroo hundaa jijjiramuu
- Isaan oofamuu baatuus Yeroo kabajuu
- Sadarkaa jiddugaleessa garee jidduutti hundeessuu
- Garee isaa/ishee hariiroo hundaa waliin akkamiin akka qabaatu beekuu fi gurmeessuu.

## **Qooda/Gahee** Haala Mijeessaa

- Gareen rakkoo irratti madaallii ofiisaaniirra akka gahan deeggaruu.
- Barattootaaf deebii hunda kennuu dhiisuu
- Hubannoo uumuun hirmaattootni dhimma isaanii, sababootafi furmaata isaa akka adda baafachuu danda'an taasisuu
- Karaa haaraa yaaduutti akka jabaataniif haalota irratti gaaffii isaan gaafachuu
- Yaada dhiyeessuu, obsaan dhageefachuu fi gaafachuu jidduutti madaallii isaa akka eegu taasisuu.
- Namni hunduu fayyadamaa akka ta'utti taatee garee keessatti hirmachiisuu (warra sadarkaa barnoota gaddi aanaa dabalatee, waarra baratan yookiin warren ofiitti amanan)
- Amanamummaa, kabajaa fi fedhii tajaajiluu irratti hunda'uun garee waliin hariiroo qabachuu

## **Gahuumsa** gaarummaa garee haala mijeessitootaa

- Hamma danda'ameetti gosa adda addaafi, koorniyaairratti kan itti amanamuu ta'uu
- Garee hawwaasa adda addaa hammachiisuu
- Geggeessa waliigalaa qabachuu
- Miseensonni garee walii isaanii amanuu fi sirriitti wal beekuu
- Tokkumma'uu, waliin deemuu, walii walii isaaniif bakka wal bu'uu
- Tokko tokkoon miseensaa laafinaa fi jabina isaa beekuu
- Iftoominaa fi saaxilammummaa
- 'Dhugaa jaalalaan dubbachuutti' amanu
- Guutummaatti Itti gaafatamummaa qabachuu
- Walii walii wal jajjabeessuu
- Walii walii irraa faccisuuf qophaa'uu
- Wal'aansoo, waldhabdee fi badii namni raawwatee mormuurra furmaata laachuu

- Geggeessaa jalatti akkamiitti akka tajaajilu beekuu
- Ajandaa fi galma waliinii qabachuu
- Kakka'umsa olaanaa
- Iddoo guddaa itti kennuun waliin kadhachuu
- Miseensonni garee dirqama qooda isaanii beekuu – tokko tokko barsiisuu danda'a, tokko tokko hojii loojistikii hojjechuu danda'a, kaan hojii qabatamaa ta'aa jiru ilaaluu, kaan baajata qabachuufi, kan kana fakkaatu.
- Warri barumsicha kennaan osoo yeroo leenjii hingahiin dursanii meeshaaleen deeggarsaa yookiin barreefamni qophaa'uu isaa mirkaanefachuu.
- Nama keessumeessuu guyyaa hundumaaf yookiin guyyaa guyyaatti itti gaafatamummaa kan fudhatu ramaduun gaariidha.

## Barruu Leenjii Hirmaachisaa ‘Garaa madaa’e fayyisuudhaaf saba jijjiruu’ jedhu barsiisuu

Qajeelchi haala mijeessaa kun akkaataa caasaa Boqonnaa barnootaa irratti yaada kenna. Boqonnaa tokko tokkoon isaa mata duree barumsaa hammata akkasumas yeroo akkaamiin akka caasefamu irratti yaada kenna, qabxii ijoon hammachiifameera, haala barsiisuu nuyi fayyadamuu qabnu, akkasumas agarsiiftuu fi doo’ii barbaachisaa ta’ee sitti mul’ate. Yaadonni kun hunduu haala qabatamaa keessa jirtu keessatti bilisa taatee yeroo barsiiftu fi Boqonnaa keetti akka itti fayyadamtuuf.

Haala mijeessitoonni baay’een duuba kuutichaa keessa ta’uu qabu. Haala mijeessa isa barsiisu qofti fuula dura hirmaattotaa dhaabachuu qaba. Hirmaattoonni yoo deeggarsa barbaadan haala mijeessitoonni hunduu gargaaruu qophaa’uu qabu, akkasumas namni dhugaa barumsichaa osoo hin fudhatiin gorsa dhuunfaa barbaadu fi gara boodarra dhufe yoo jiraate jajjabeessuuf dirqamu. Yeroo boqonnaa haala mijeessitoonni jireenya dhuunfaa hirmaattotaa itti siquun gaafachuu qabu, isaan waliin kadhachuuni fi nyaata waliin nyaachuun. Namoota filataman muraasaaf jedhamee bakki qofaatti qophaa’u jiraachuu hinqabu.

Akkaataa teessuma yeroo barnoota yaada kenname mul’istuu 1 jala ilaali.

## Qabxiilee waliigala barumsichaa

Akkaataa barsiisa Yesuus seenaa himuu, gaaffii gaafachuu fi yeroo deebii kennuu kan hammatu, barnoota falmii, fakkeenyaafi fakkeessuun barsiisuu. Hafuurri Qulqulluun barsiisaa olaanaa (Yoh.14;26) yoo ta’e iyyuu, leenjii barnoota ogummaa dhaabuu, muuxannoo keessoo keenyaa fi geggeessaa Hafuura Qulqulluun waliin waliitti makuun yoo geggeefamne qofa bu’aa qabeessa ta’uu dandeenya.

#### Ofii kee of ibsuu

Haala mijeessaan barnooticha kennu dirqama ofii isaa/ishee ibsuu fi gareewwan maal hojjechuu akka qaban ibsuu qaba. Yaada adeemsa mat akee of ibsuu fi muuxannoo, garuu guutummaa seenaa jireenya kee himuu miti, miira hawwachiisaa fi dursaanii yaaduu uumuufi hubannaa hirmaattotaa argachuu ni dandeessa. Namoonni walii isaanii wal gaafachuu danda’u. “kana nutti himuun isaanii maal nurraa barbaadaniitti jechuu danda’u?”

Barsiisaan **beekumsa** waa'ee barnootichaa sirriitti qabachuufi beekumsa sana dabarsuu danda'uu. Waa'ee uummata barsiifamuu sana caalaa waa'ee barnootichaa sirriitti beekuu. **Akkaaataan barnoota dhiyeessuu** mala **salphaa irraa gara ulfaataatti** ta'uu, waan ijaan argamu irraa gara waan ijaan hin argamneetti, waan dafee hubatamu irraa gara hubatamuun ulfaatutti, agarsiiftuurraa gara yaadrimatti. (Akkaataa itti Gooftaa Yesuus waa'ee qajeelfama mootummaa barsiise isa inni mukkeen, bineensota, taatteewwan aadaafi kan kana fakkaatan fayyadamee yaaduu.) jechoonni tokko tokkoo hubachuuf ulfaataa kanneen ta'an hiikuufi ibsuu barbaada (fakkeenyaf: Eenyummaa, birmadummaa, ibsituu eenyumma …)

**Afaan** nuyi itti fayyadamnu kan **hirmaattota hundaan hubatamu** ta'uu qaba. Barsiisaan dhageefattoota isaa/ishee beekuufi hiika jechoota ulfaatoo ta'an fayyadamuu dhiisuu. Jechoota Waldaa Kiristiyaanaa keenya ibsanii fi sirnoota akka Waldaa Kiristiyaana keenyatti geggeefaman raawwachuu dhiisuu. Hiikaa Macaafa Qulqulluu isa yeroo hundaa hirmaattoonni fayyadaman fayyadamuu. Fakkeenyaaf, Leenjii Hirmaachisaa Kaatolikii irratti Macaafa Qulqulluu Kaatolikii fayyadamuu.

Ittifayyadama yeroo 

Boqonnaa tokko tokkoo isaa irratti sa'atii lama ol akka hinfixne yaaluu. Carraa 'olka'anii harka isaanii hiixanii' deebi'anii ta'an sa'a tokko booda kennuufis akka namoonni xiyyeeffannaa isaanii eegatan gargaara. (mata dureewwan tokko tokko, kanneen akka miidhama sammuufi Jaalala Waaqayyo, kutaawwan xixxiqqaa lamatti qoodamuufi haala mijeessitoota lamaaf kennamuu qabu). Haala mijeessaan barumsicha akkaataa yaada hirmaattota irraa argateetti firoomsuun dhiyeessuu qaba (fakkeenyaaf: imimmaanin, mareedhaan, walhubachuu dadhabuu, falmiiwwan dhaadefaman)fi kana hundumaaf akkaataa barbaachisummaa isaatti yeroon ramadamuufii qaba.

**Waraqaa** "daiiqaa 10tu hafe", "daqiiqaa 5tu hafe", "daqiiqaa 2tu hafe", "dhaabi" jedhu qopheessuun haala mijeessaa isa duubduuba kuutaa ta'uutti kennuun yeroo barbaachisuutti akka agarsiisu gochuun baay'ee gaariidha.

# Garaagarummaa lallabuu fi barsiisuu

### Lallabuu

- Gartokkee qofa (duub deebii kennuun hin baratamaa miti)
- Akka hordofaniif, amansiisuuf namoonni yaadicha akka fudhatan gochuuf yaaluu
- Yaada hirmaattota tilmaama keessa galchuu hinqabu
- Yaadaan caalaa miiraan ibsuu

### Barsiisuu

- Waan hirmaattooni beekan irratti hunda'uu
- Hirmaattota waliin socho'uu
- Gaaffileef yeroo kennuu
- Mormii, yaadota falmiisisaa, shakkii fi ilaalchota eeyyamuu
- Tooftaa sirriitti fayyadamuu
- Beekumsaafi miira namoota bira gahuu

### Barsiisummaa Hirmaachissaa.

Baroota darban keessa, barsiisuun kallattii tokko qofaa irratti kan xiyyeefate, hirmaattonni waanta isaan beekuu, amanuu fi yaaduu irra jiru sirriitti itti himuu, waan isaan dursanii beekan, yookiin ofii isaaniif maal fiduu danda'u jedhamee xiyyeefannoo osoo itti hin kennin. Yeroo ammaa, hirmaachisummaan barsiisuun bu'aa qabeessummaa irratti baay'ee xiyyeefannoo argateera, adeemsa keessatti hirmaattota hammachiisuu. Kun hirmaattotaaf kabaja kennuu qofaaf osoo hin taane, hirmaattoonni sammuu isaanii itti yaadanii akka baratan gargaaruufidha malee. Kun barachuu keessatti kutaa baay'ee murteessadha. Ofii isaaniin gara waan baratan gudunfuutti yoo dhufan, sirriitti akka yaadataniif isaan gargaara.

Barsiisummaa hirmaachisaan beekumsa fi muuxannoo barsiisaa qofa irratti hinhirkatu. Barsiisummaa hirmaachisaan dandeettii, muuxannoo, ilaalchafi, seenaa dhuunfaa miseensota gareerraa akka fayyadamnu nu taasisa. Kun immoo muuxannoo barnoota guutuu akka arganu nitaasisa. Akkaataan hirmaachisummaa mata duree gara mata duree barnootaatti garaagara ta'uu danda'a. mata dureen hundumaaf haaraa ta'u jira (fakkeenyaaf Boqonnaa 8 fi13) isaan kun irra caalaatti barnoota kallattii tokkoo barbaadu.

**Tooftaa itti gaaffiin gaafatamu:**

Gaaffii gaafachuun barsiisuun baay'ee bu'aa qabeessa, akkuma ergaan kee sirriitti darbuu isaa deebii dhageefattoota kee irraa beekuu dandeessu. Maal yaadaa akka isaan jiran illee baruu dandeessa. Karaa foyya'aa ta'een gaaffii gaafachuu gaariidha, uummata gara qabxii ijootti oofa, akkasiitti abdii guutuudhaan iddoo barbaadame sana isaan wallin gahuu dandeessa! Karaan ittiin gaaffii gaafatu, hammam, illee baay'ee gaarii ta'u. qajeeltowwan muraasni armaan gadditti tarraa'aniiru.

- Gaaffiilee ifaafi murtaa'aa gaafchuu. Gaaffiilee ifaa hintaanee yookiin shakisisoon hirmaattoonni akka hin hubanne taasisa.
- Gaaffiilee muuxannoo fi sadarkaa barnoota hirmaattotaa waliin walsimu gaafachuu. Gaaffiileen baay'ee salphoo ta'an hirmaattoonni akka tufatan taasisa. (fakkeenyaaf, gaaffii 'Hattuun maali?' 'Hattuun maal akka taa'e eenyu beeka?' kun gaaffii baay'ee humnaa ol salphifameedha.)
- Gaaffiilaa baay'ee ulfaatoo ta'a, yookiin mata duree hin barsiifamne gaafachuun miirri hirmaattoota akka gaddi bu'u taasisa. (fakkeenyaaf, 'osoo barnooticha hin barsiisiin dura "saba qulqulla'aa jechuun maal jechuudha' jedhanii gaafachuu dhiisuu.)
- Gaaffiilee waliin akka haasa'amuuf karaa banu gaafachuu. Gaaffiilee banaa (yeroo baay'ee "akkamiitti", "maal", yookiin "yoom" jechuun eegalan) hirmaannaa fi waliitti dhufeenya ni cimsa akkasumas hirmaattootni barnooticha akka hordofan taasisa. 'gaaffiilee cuufaa' gaafachuu dhiisuu kanneen deebii 'eyyee' yookiin 'lakkii' qofa barbaadan, gaaffii biraan kan hordofu yoota'e irraa kan hafe.
- Yeroo gaaffii gaafatu, deebii isaa argachuuf obsuu fi turuu akka qabdu yaadadhu. Yoo nidanda'ama ta'ee gaaffii ofii gaafateef deebii hin kenniin!
- Yeroo qabdu keessatti gaaffii tokko qofa gaafadhu!

**Tooftaa hirmaachisummaan barsiisuu keessatti haala adda ta'een yaadota furmaataaf dhiyaatan.**

| Rakkoo | Yaadota furmaataa |
|---|---|
| Hirmaataan barnootichaa hirmaataa kan biraatti aaruu danda'a | Hubannoo isaanii sirra akka godhatan taasisuu |
| Garee keessatti hirmaattoota keessaa tokko qofti kan to'atu yoo ta'e | Qalbiidhaan jajjabeessuun warri kaan dubbachuu akka danda'aniif carraa kenniif. |
| Hirmaattoonni deebii gowwummaan yoo kennan | Isaan hin qaneessin, deebiisuuf yaaluu isaaniif jajjabeessuun, yeroo tokkotti maaliif akka isaan dogoggoran itti argiisiisi. |
| Mariicha cinatti hirmaattoonni waa'ee addaa addummaa barsiisa Waldoolee yoo kaasan | Yeroo gareef isaanii kennamee alatti akka mariicha dabarsan taasisuu |
| Naasuu miira namaa miidhu irraa kan ka'e barattoonni miiraan yoo barnooticha addaan kutan | Haala mijeessaan gahuumsa qabu jidduu akka galuuf karaa amansiisuu danda'uun gaafachuu. |
| Waan baratamaa hintaane fi ati ibsuu hin dandeenye yoo si quname | Yeroo jidduutti fudhachuun akka gareetti waliin kadhadhu. |

**Barsiisuu fi baruu waa uumuu danda'u**

Nuyi namummaa dhuunfaan amalaa fi kennaa adda addaa qabannee uumamne. Kana jechuu karaalee adda addaan barsiisuu fi barachuu akka dandeenyu, kun immoo yeroo leenjii hirmaachisa kana raawwannu waan hubatamuu qabuudha. Namoonni tokko tkko yeroo dhageefachuudhaan sirriitti baratan, tokko tokko immuu fakkii ijaan ilaaluun sirriitti baratu, kaan immoo karaa farfannaa baratu, kaan immoo karaa do'ii, kaan immoo taatee ta'u irraa baratu. Kanaaf leenjii hirmaachisaa kana akkaataa inni waan uumuu danda'utti karaalee adda addaa akka kennamu taasisuu, ciicanni keenya akka guddatuuf.

Yeroo gareewwan adda addaa waliin hojjennu karaa ittiin barsiifnu madaqsuun nu barbaachisa. Maxxantuu 2 ilaali.

**Meeshaalee Deeggarsaa ijaan mul'atan**

Faayidaawwan meeshaalee ijaan mul'atanii kanneen akka abaaboo, funyoo, dungoo, fakkaattii, fannoo, waraqaa, fi kanneen kana fakkaatan, durfamee nami akka fidu taasisuun ittiinbarsiifamuu qaba.

Maxxantuu3 tarreefamaa fi akkam gochuu akka qabduuf yaadota kennaman ilaali.

**Do'ii ilaalchisee** ibsa maxxantuu 4 ilaali.

Akkamiitti akka yaadicha mul'iftu si qajeelchuuf waayitilee baay'een do'ii of keessaa qabu. Do'iin siif barbaachisaa akka taa'etti akka guddifatuuf si jajjabeessa, haalota keef illee barbaachisaadha. Do'ii isa as keessa jiru irraas guutummaatti adda kan ta'e qabatee dhufuu dandeessa. Yoo akkas ta'e, waan barsiisuu barbaade siif mul'isuu akka danda'uutti qabxii ijoo waliin akka wal simsiiftu si gorsina. Akkuma fakkeenyota Yesuus fudhachaa ture, do'iichi qabxii tokko qofa argisiisa yoo ta'e baay'ee gaariidha.

Hubadhu: do'iin kutaa barsiisuu fi barsiifni ifaa akka ta'u taasisa. Kanaaf, do'iin barsiisa keenya keessatti hammatamuu qabachuufi, akkuma waan irraa adda ta'e tokkotti ilaalamuu hinqabu. Qabxii murtaa'aa tokko argisiisuuf Barsiisa keessatti kanaaf do'iin iddoo barbaachisaa ta'etti galuun barbachisadha,

**Seenaa dhuunfaa fayyadamuun** meeshaa barbaachisaadha garuu eegannaa guddaan barsiifamuu qaba. Seenaan dhuunfaa tartiiba isa eegatee fi dhugaa mul'isuuf yookiin ittin falmuuf gaddi of deebisuun yoo dhiyaate, qofa bu'aa buusa, garuu qaanessuu fi sodaachisuu ta'uu hinqabu. Haala seenaa kee ittiin ibsituof eeggannoon filachuun akka qabxii murtaa'aa tokko sirriitti ibsuu danda'uu fi kuticha kan ilaalatu qofa malee guutummaa seenaa kee ta'uu hinqabu. Seenaa kee kutaa 2 himuun beekaa ta'uu mala, xumura barumsichaatti Waaqayyo akkamiitti rakkina keessatti sitti dhiyaatee keessa si baase itti himuu.

## Boqonnaa Barnootaa Qopheessuu

maxxantuu 5 ilaali

**Kitaaba barnoota Garaa madaa'e fayyisuudhaaf Saba jijjiruu jedhu fayyadami**

Kitaabni barnoota kun qabeenya isa dursaa fi qopha'ummaa keef baay'ee barbaachisaadha. Osoo hin barsiisin dura sirriitti mata dureewwaan isaa dubbisuun sirraa eegama, warren barbaachisan maxxantuu dabalatee dubbisuun beekumsa waliigala barnootichaa akka argatu sitaasisa. Akkasumas mata duree kee irratti kadhannaa guutudhaan macaafa qulqulluu dubbisuuf yeroo fudhachuu. Boqonnaa kee irratti, Garuu mata dureewwan baay'eef irraa caalaa barruun kana barsiisuu qabda, kanaaf ijoowwan barbaachisaa keessaa adda baafachuun qabachuu qabda. Akkuma 'Yaadolee Boqonnaa kana barsiisuuf' kennaman ilaalteen hubachuun, bakka tokko tokkotti sirriitti barruu kana qofa akka xiyyeefatuuf gorsa kennine arguu dandeessa.

**Qabxiilee xiyyeefatamuu qaban**

- Kana barsiisuun maaliif fayyada?
- Galmi barumsa kanaa maali?
- Barsiisuun maaliif barbaachise?
- Wal cina qabee ilaaluuf maal gochuu narraa eegama?
- Qabxiilee ijoon tuqamuu qaban maal fa'i?
- Barumsi kun lubbuu akka godhatuuf akkam gochuun qaba?
- Karaalee qabatamaan barumsa kana ibsuu danda'u maal fa'i? tooftaalee
- Seenaa dhuunfaa akka kutaa barumsaa gochuun maaliif fayyada?
- Waaqayyo abbaan kana irratti maal naaf ibsee
- Kitaabilee wabii macaafa qulqulluu irraatti hundaa'an qabahoo?
- Yeroon hunda barsiisuuf yommuun qophaa'u Waan haaraa Gooftaarraa dhaga'eeraa ? (kan irra hindeddeebi'amne)
- Wantoonni ulfaaton yeroon mata duree tokko barsiisu na mudachuu maal fa'i? (deebiin hirmaattota akkas ta'uu danda'a jedhee Kanaan dursee tilmaamu maal?)
- Yeroon qophaa'us ta'e yeroon barsiisuu galma barbaadamu bira gahuuf deemaan jiraa?
- Karaa aarii hin kaafneefi jeequmsa hin uumnetti deeman jiraa?
- Haalli ani ittiin dhiyaadhe mata duree kana wajjin nideema – fakkeenyaaf: yeroo barumsichi waan gaddisiisu ta'e ati immoo hin seeqin

**Barumsicha dhiyeessuu** – qabxiilee ijoo maxxantuu 6 ilaali

## Duraa duuba mata dureewwanii

Akkuma eegalteen barnooticha waliitti qabuun ibsuu akka danda'uutti fakkii manaa kaasii hirmaattoota argisiisi, duraa duuba isaafi faayidaa isaa irratti ibsa waliigala leenjiicha kennuu irratti xiyyeefadhu. Leenjiin yeroo kennamu fakkii manaa isa dura hirmaattootaaf kaaste yaadachiisi.

Filannoo inni biraan leenjii hirmaachisuu kennuuf lafa dhaqxu hundumaatti fakkii manaa walfakkaataa akka fayyadamtu isaanitti himi, waan gochuu dandeessu qofa isaatti himuu qabda malee callistee waan raawwachuu hin dandeenye hin dubbatiin. Kun gadi fageenyaan maaltu ta'uuf akka jiru akka eegataniif isaan gargaara.

Akka haala mijeessatti kutaa barnoota Garaa madaa'e fayyisuuf hawwaasa jijjiruu kan irratti jalqaba waa'ee manichaa ibsuun sirraa eegama, sababni isaas haala mijeessaan maaliif mata durichi tartiiba Kanaan maal barsiisuuf akka deemu hubannoo gaarii qabachuu isa barbaachisa, tokko tokkoon kutaa barumsichaa akkamiin manichatti firoomfama, akkasumas mata dureewwan akkamiin wallin deema. Tarii guyyaa guyyaatti hirmaattotaaf ibsa bal'aa jalqaba Boqonnaatti kennuufi hinbarbaachisu, akka waan isan kanaaf hin qophoofne fi ofiitti fudhachuu hinbarbaannetti. Osoo isaan mata duricha hin qo'atiin deebii kennuufi qabda. Gara fakkii manichatti deebi'uun dhuma leenjiicha irratti akkamiin mata dureewwan waliitti dhufanii fi galma barbaadamu akka tuqan, akka filannootti, kutaa manichaa keessa mata duree isa guyyaa kaleessa yaadachisuun gara barnoota guyyaa har'atti darbuu.

Filannoo mata duree fi hammentaan hubannoo yeroo ramadame fi xiyyeefannaan hordofuu hiraattootaa irratti hundaa'a. yeroo geggeessitoota Waldaa Kiristiyaanaa waliin hojjetu, Waldaa sana akka bakka buutuu jijjiramaatti fudhachuun barbaachisaa dha garuu warra hinamane waliin hojjeta yoota'e akkas gochuun hinta'u, yeroo dargaggooota waliin hojjetu, Waaqayyoon akka Abbaa jaalatamaatti xiyyeefamuu qaba.

Bakka yeroo dheeraaf wanti nama naasisu fi miira namaa miidhu itti baay'ataa turetti fi lubbuun bahaa tureetti, wanti nama miidhu maal akka ta'e hubachuu fi namoota firoonni isaanii Kanaan miidhame beekuun (maxxantuu C fuula __ kitaaba barnoota) inni jiru barnoota Garaa mada'e bakka bu'uu ni danda'a. biyya Burundii fi Ruwaandaa keessatti, kutaan barnoota "garee uummata adda addaa qabu – akka fedha Waaqayyo isa jalqabaatti hariiroof qabutti eebba moo abaarsa" inni jedhu xiyyeefannoon hin barsiifamu sababni isaas biyyoota kana

keessatti gosummaan hojii diiguu qofa hojjete waan ta'eef. Qooda kanaa isaan Adda addummaa irratti xiyyeefatu.

**Guyyaa 1: Bu'uura Ka'uu**

- Fedhii Waaqayyo isa jalqabaa hariiroof qabu
- Humna sodaachisummaa qoolifannaa – hidda hadhawummaa
- Eeyyummaa bakkatti deebi'e
- Waldaa Kiristiyaanaa akka bakka buutuu jijjiramaatti
- Miidhamaa fi jaalala Waaqayyo
- Waaqayyoon akka Abbaa jaalalaatti beekuu

**Guyyaa: girgiddaa/Dhaaba ijaaruu**

- Hattuu
- Garaa madaa'e
- Miidhamuu namaaf deebii Waaqayyoo
- Leenjii hirmaachisaa waa'ee fannoo

**Guyyaa 3: Demdemoo Fi Gardaaffoo Dabaluu**

- Namoota yakka godhaniif dhiifama gochuu fi humna jijjiruu qalbii diddirannaa fi dhiifama gaafachuu
- Bakki keenya bakka itti nagana bu'u akka ta'e fudhachuu
- Yeroo qalbii diddiirannaa
- Eebba labsuu (ayyaana saba qulqullaa'aa)




**Araara buusuu**

**Dhiifama gochuu, Qalbii diddirannaa**

**Madaa Fayyisuu**

**Mul'achuu Fedhii Waaqayyoo**

# Boqonnaalee leenjii Hirmaachisaa

**Boqonnaa Seensaa**

**Galma**

Yeroo waliitti dhufeenyi muuxannoo gaarii akka ta’eetti garee jidduutti abdii uumuu fi haalajireenya fi hawaasa keessaa dhufan irratti hundaa’uun gargaar baasuu.

Siifi garee jidduutti amanamuummaa uumuu.

Baafata barnootichi xiyyeefatu hirmaattootaaf kennuu

**Maaliif barbaachisan** Namoonni waan ciicatan, shakkanii fi waan itti abdii dhaban bira gahuu akka danda’u.

**Meeshaalee**

Kaartaa guddaa sagantaa waliin qabu girgiddaa sanatti akka amanamu godha

Kaartaa fi kobbee naannooftu tilmaama akka barreessituuf yookiin yoo ni argama ta’e, gabatee guraacha fi boronqii faayadamuu dandeessa.

Biyyoota afaan Ingilizzii dubbatan keessatti, CD ‘Saviour of Nations’/ fayyisaa sabaa jedhu irraa farfaannaa Dave Bankhead ‘nagana siif haata’u’ jedhu farfachiisuu dandeessa.

**Kutaa jalqabaa hojiirra oolchuuf yaadolee kennaman**

1. Baga nagana dhuftanii fi yeroo Waaqeffannaa (yaadota yeroo waaqeffannaaf fuula __ ilaali qophii waliigala leenjichaaf)
2. Hirmaattoota wal barsiisuu
3. Garee uumuun nama keessa ibsu ka’uu – dhugaa baatii dhuunfaa fudhatamaa ta’e gabaabsi kenni
4. Toora sagantaa, waan eegamuufi qajeelfamoota
5. Ibsa jalqaba manichaa

**Waannen eegamuu qabu**

Akkuma haala mijeessan namoota hundumaaf baga nagaan dhuftanii ho’aa taasiseenfi, seensi taasifamuu qaba, geggeessaan tarii hirmaattootan maal akka eegan gaafachuu danda’a akkasumas fayyina kan biraa yookiin taatee araarsuu isaan raawwatanii beekan. Geggeessaan garee waan isaan eegan mirkaneessuu danda’a yookiis qalbiidhaan waan isaan eegan keessa

dhugaa kan hin taane sirreessa. Tooftaa ittin leenjichi geggeefamu ibsuufin baay'ee gaariidha (waliitti dhufenya, adda addummaa), akkaataa dhiyeenyaafi, akkaataa dhiyeenyaa isa kaan irraa maaliin akka adda ta'u.

**Qajeelfamoota**

Gareewwan qajeelfamoota irratti walii galuu qabu akkasumas isaan bitamuuf illee irratti walii galuu qabu. Kutaawwan baay'ee murteessaa ta'an.

- Boqonnaa barnoonni kennamuutti bilbila cufuu
- Eeyyama malee bahuun hindanda'amu
- Yeroo qoodame kabajuu (yeroo ciisichaa dabalatee)
- Yaada nama biraa obsaandhaga'uu danda'uu fi kabajuu
- Eeyyamni yoo kenname malee seenaa dhuunfaa ofii Boqonnaa barnoota alaatti waliif qooduu dhiisuu.

**Sagantaa**

Hirmaattootni sagantaa bahe hunda yeroo turtii dabalatee beekuu qabu. Kun dursee osoo waliigala sagantichaa kaartaan hin ibsiin ta'uu qaba. Mata dureewwan hunda kennuufin dirqama ta'ee sitti dhagahamuu hin qabu, mata duree isaan hunduu beekanii fi hubatan irra darbuu dandeessa. Hirmaattootni maal gochuu akka qabaniifi maal irratti akka ramadaman beekuu qabu. Yeroo tokko tokko hirmaattotaaf kanfaltiin kennamee, akka ittiin qulqulla'aniif, kanfaltii geejjibaa fi kan kana fakkaatan kennamuufi qaba.

# Bu’uura Manichaa ka’uu

**Boqonnaa 1: “Fedhii Waaqayyo isa jalqabaa Hariiroo dhala namaaf qabu”.**

**Seenduubee Qopheessuu**

1. **Halqara**

Leenjii fi yaa’ii waa’ee araarsuu keessatti, baay’een rakkina irraa ka’u, kun immoo tokkummaa diiga, tokko gaddi buusa, yookiin ni miidha. rakkina ibsuun eegaluungartuleen inni tokko faallaa isa kaaniin yaada akka kennuutti oofa. Akka nama irra deebiin hariiroo namaa ijaaruutti, akka gorsa sagalee Waaqayyoo isa barreefamee jiruutti deemuu qabna. Macaafa Qulqulluu akka fakkeenyatti fudhachuun Waaqayyo wajjin eegaluu fi fedhii Waaqayyoo beekuun, kana irratti hundaa’uun hirmaattoonni maaltu akka kaayyefame ni baru.

2. **Galmoota**

- Galma araaraa hundeessuu – fakkeenyummaa sadan tokkummaa
- Fedhii Waaqayyoo fi miira inni saba gosa adda addaarra garee ijaarauf qabu ifa gochuufi, namoonni graagarummaan kun eebba malee abaarsa akka hintaa’e arguu akka danda’an taasisuu

3. **Maaliif barbaachise**

- Baay’een fedhii Waaqayyo hariiroo namootaaf qabu tasuma hin barsiisan.
- Namoonni baay’ee adda addummaan namaa akka abaarsa Waaqayyo ta’eetti amanu.

4. **Luqisiiwwan barbaachisaa** Hojii Ergamootaa 17:26, Filiphisiiyus 2:3-4, Mul’ata 21:26, Yohaannis 17:21-22

5. **Qabxiilee Ijoo**

   a. **Sadan tokkummaa – fakkeenyummaa dhugaa hariiroo**
      i. Amala  hariiroo walii walii isaanii jidduu jiru hubachuu
      ii. Hammaan hariiroon sadan tokkummaa Waaqayyoo gaarii ta’uus, maaliif nuyi akka uumamnu waaqayyo murteesse?

**Do’ii:** sadan tokkummaa, ‘garaagarummaa keessatti tokkummaa’ argisiisuuf fi fakkeenyummaa hariiroo dhugaa.

b. **Garee namoota adda addaa – eebbaa moo abaarsa?**

Garaagara garuu gatii walqixaa qabu

c. **Maaltu dogoggorame**

Do'ii: namni tokko adda ta'uu isaatti jajjabeessuu

**6. meeshaalee**  maxxantuu 4

**Do'ii 1:** Sadan Tokkummaa

**Do'ii 2**: namni tokko adda ta'uu isaatti jajjabeessuu

Fakkii Diyaamandii (mooggaa)

Abaaboo bifa adda addaa qabu

**7. wanti dadhabsiisaan jiraachuu danda'uu**

"murtoon waaqayyoo ijaaramuu tulluu Baabiloon irratti fudhachuun namoonni gosa adda addaa akka ta'an taasise abaarsa mitii?"

Gaaffii Og-Waaqummaa waa'ee sadan tokkummaa, waa'ee walqixxummaa …

Sabni Israa'el Waaqayyo duratti faara tolaan hin ilaalamne?

**8. mata duree biraa waliin walqabsiisuu**

Isa fuula duraa waliin walqabsiisuu – yaadni Waaqayyoo qabu akkamiin bade

# Dhiyeessii Boqonnaa 1ffaa

**Waayiticha hojjira oolchuuf yaadota kennaman**

**1. Seensa**

Jalqaba halqara mannichaa ibsuu fi hundee manichaa kaa'u. sadarkaa kanatti guutummaa manichaa akka hin ibsine si gorsina, akkasitti kitaabicha irratti kan taa'e yoo ta'e illee. Irra caalaa, hundee isaa irratti xiyyeefachuun isa kaan yeroo biraaf dabarsuu!

Namoota araara keessatti fakkeenyummaa qaban beeksisuun barsiisuu kee guyyaa har'aa eegaluu dandeessa. Araarsuu jechuun maal jechuudha? Waan barbaadame galmaan gahuu keenya akkamiitti beekna?

2. Do'ii 1 "Sadan Tokkummaa"  maxxantuu 4

3.  daqiiqaa muraasaaf akka callisaaniif dhuunfaan taasisuu

"akka beekaa hojii geggeessatti ramadamuu kee ni amantaa, akkasumas nama waan hojjete irratti gammaduudhaa? Yoo ta'u baate, maaltu si ittise?

4. gareen uummata adda addaa eebba moo abaarsa?

Garee ijaaruun yaadaa fi sababii isaanii akka ibsaniif carraa kenniif. Yeroo baay'ee iddoo seenaan wal waraansa ture keessa namoonni abaarsa jechuu danda'u sabaabni isaas isan kana muuxatan waan ta'eef. Ilaalcha Waaqayyoo eebba ta'uu isaa ibsuuf fayyadame ilaali. Namni tokko Hojii Ergamoota 17:26 haa dubbisu, Waaqayyo saba hundumaa nama tokko irraa akka uume kan nutti himu. (yeroo hundumaa jecha saba jedhu isaa kakuu haaraa keessatti jecha Afaan Giriikii ethnos garee gosaa jechuuti yookiin garee namoota isa jedhu fayyadami.)

Baabiloonitti maaltu akka ta'e ibsuu dandeessa ta'a sababni isaas namoonni akka waan inni addabbii Waaqayyo irraa kan ka'e gosi adda addaa akka uumameetti fudhatu: namni hundinuu Waaqayyoof ni abboomama ta'e fi guutummaa biyya lafaa hundumaarra kan jiraatu yoota'e, gara garaagarummatti deemuun waan hafu miti sababni isaas namoonni qoqqodamaa aadaa ofii isaanii guddifachaa adeemu fi qaaman illee jijjiramaa deema waan ta'eef. Waanti Biyya

Baabiloonitti ta’e adabbii Waaqayyo gatii jeequmsa faallaa karoorasaa isaaniin irratti godhe caalaa fedhiin Waaqayyo inni jalqabaa akka raawwatamu mirkaneessuuf taasise.

5. Do’ii 2: namni tokko adda ta’uu isaatti jajjabeessuu  maxxantuu 4 ilaali. Kun xumura Boqonnaa kanaa irratti yookiin jalqaba Boqonnaa itti aanutti akka seensa barnoota waa’ee wal qoolifannaa irratti ta’uu danda’a.

6.  Furtuuwwan – qabxiileen kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Sadan tokkummaan fakkenya dhugaa hariiroo namaa ta’uu isaa.
- Namoonni garee adda addaa ayyaana waaqayyoo haalota adda addaan agarsiisuuf kan bocaman ta’uu.
- Karoorri Waaqayyo garaagarummaa keessatti tokkummaa akka ta’e, akka nuyi walii walii keenya kabajnuu fi wal galateefannuuf adda addummaan aadaa uumame, garuu cubbuun Garaa namaa seenee karoora gaarii Waaqayyo balleesse.

**7.**  **Gara dhuunfaa keenyatti fiduu**

Namoota garaagaraa naannoo kee miidhaa isaarra akka eebba ta’eetti ilaaluun maal si gargaara?

## Boqonnaa 2 “Humna sodaachisummaa qoolifannaa” hiddoota hadhaawwaa

**Seenduubee Qopheessuu**

**1. Halqara**

Waldhabdeen baay’een maaliif biyyaa lafaa kanarra akka jiraate namoonni yeroo gaafatan, baay’een isaanii dhimmaa lafaa, haqa maleessummaa dinagdee fi hawaasummaa, sababii dhibbaa alaaa fi kan kana fakkaatu kaasanii dubbatu ta’a, garuu, namni tokko illee waa’ee summii qoolifannaa hinyaadu. Akka biyya Ruwaandatti, jibbinsi lafa boombiin awwaalamee hamma waa irra ejjetuu eegata jiruutti madaalama. Namoonni siyaasaa sodaa uumuun ‘miidhaa yeroo darbee’ jibbaa irraa made beekumsaan kakkaasuu fi dargaggoota kumaatama gara kaayyoo hamaatti sochoosu. Sababoonni kanneen biroon bu’aa qabeessa yoo ta’an illee, nuyi kan xiyyeefannu qoolifannaa fi bu’aa isaa irratti.

2. Galma namoonni miidhaa qoolifannaa akka hubatan deeggaruufi eessaa akka eegale, fi jibbinsa of keessaa baasuu akka danda’an gochuu.

3. maaliif barbaachise garee jidduutti waldhabdeen ta’u hunduu sammuu keessaa eegala – qoolifannaan – garuu kun namoota baay’ee xiqqoo ta’atu kan beeka.

4. **Luqisiiwwan barbaachisaa** Yohaannis 1:46 Yohaannis 4:9 Ibroota 12:15

5. qabxiilee ijoo

A. Hiika – Jibbinsa jechuun maal jechuudha?

B. Jibbinsa adda baasuu fi jiraachuu isaa beekuu.

C. Sababii – wal jibbuu eessaatti baranaa fi akka hariiroo gadheetti geessu amanuu? Meeshaalee : muka jalqabaa, muka qoolifannaa (maxxantuu 7) “ija” isaa akka barreessaniif waraqaa kutii kenniif gareen hunduu bu’aa qoolifannaa akka barreessan.

D. Yesuus– nama jibbiinsa of keessaa hinqabne. Meeshaalee Muka lammaffaaa: Yesuus – Waaqayyo irratti hundaa’uu isaa.

E. Yesuus keessa jiraachuun abdii jijjiramaa jiru. Meeshaalee muka sadaffaa: Kiristoosiin haarefamuun jijjiramuu

6. Meeshaalee  mukoota sadan (akka maxxantuu 7 irra jiruuti qopheefamuu qabu) “ija” isaa akka barreessaniif waraqaa kutii kenniif gareen hunduu bu’aa qoolifannaa akka barreessan, gareen addaa jibbiinsa adda baasuuf haa hojjetu.

Do’ii: namni tokko adda ta’uu isaatti jajjabeessuu – yoo Boqonnaa kana irratti hin hojjetamne ta’e guyyaa Boqonnaa isa dhumaatti haa hojjetamu.

**7. wanti dadhabsiisaan jiraachuu danda’uu.**

“Dhugaa erga ta’e akkamiin jibbamee?”

namoonni tokko tokko jibbamuu isaanii yoo baran ni aaru.

**8. mata duree biraa waliin walqabsiisuu**

Isa darbe waliin walqabsiisuu – fedhii gaarii Waaqayyoo jibbiinsi akka balleessu

Isa fuula duraa waliin walqabsiisuu – laammummaa saba qulqullaa’aa gaafa taanu jibbiinsa hundaa ni balleessa.

**Dhiyeessii Boqonnaa 2ffaa**

**Waayiticha hojjira oolchuuf yaadota kennaman**

**1. Seensa**

A. Jibbinsa  keessaa fakkeenya muraasa gaafachuu qabda

B. Jibbinsa hiikuu fi fakkeenya fi seenaalee macaafa qulqullaa'aa kennuu.

C. Gara mukichaatti geessuu, jireenyi keenya akka mukaa akka ta'e luqisiiwwan Macaafa qulqulluu baay'een akka ibsu itti himuu qabda.

D. Ija jireenya keenya irraa argamu muraasa isaa akka hubataniif fakkeenya mukaa akka fayyadamtu isaaniif ibsi. Mukni hunduu hidda qaba, inni immoo lafa keessaa nyaata gaarii harkisuun mukichi akka ija godhatu godha. Garuu, yeroo tokko tokko mukkeen ija gadhee naqatu. Kun maaliif?

E. (kutaa kana akkuma salphaatti qabadhu – kana ittiin mul'isuuf qofa kan fayyadamnudha. Kun waa'ee qonnaa ittiin ibsuuf akka hin gargaaramuu hin qabnu!)

**2. Muka Jalqabaa**

a. fakkii muka 'paawor poontii' irra jiruu yookiin chaartii naanna'uu irratti kaasuun agarsiisuu dandeessa. (kana dursanii qophaa'uun baay'ee barbaachisa. Maxxantuu 7 ilaali)

b. muka qoolifannaa ittin argisiisuuf, waa'ee hiddoota sirriitti garaagara ta'anii dubbachuun gaariidha.

c. Waa'ee hiddoota sadan jalqabaaf fakkeenyaaf jibbiinsa Ardiilee, biyyoota, fi gosummaa jidduu jiru garee gaafachuu dandeessa. Yaada dhuunfaa isaanii akka dubbatanii fi haala mijaataa taasisiif.

d. Yeroo gara hidda gosummaa/ sanyummaatti dhuftu;

i. Gareen hundumtuu gareen adda addaa waa'ee isa kaanii gaarii akka hin yaadne baasanii akka dubbatan, yookiin immoo

ii. Garee keessatti isaan kaa'i. yoo barbaachisaa ta'ee argame qabxii kana irratti yeroo leenjii hirmaachisaa kana garee qoolifannaa isaan irra jiru beekan garee sirrii qabaachuu, kuta asana keessa bakka kennuufin gareen adda addaa akka ibsu taasisi (yoo wal makaa ta'an illee) gareewwan akkamiitti garee biro akka ibsan ni hubata.

e. hiddoota isa kaanif. Namni fakkeenya qoolifannaa iddoo biraati barate yoo jiraateef gaafadhu (Abbootii darbanrraa, maatiirraa fi muuxannoo jireenyarraa). Manni bakka itti jibbiinsa baranu isaa humna ciimaa qabu ta'uu akka danda'uu sirriitti hubachiisi.

f. Waa'ee jibbiinsa isa baratan muuxannoo jireenya isaaniin akka mirkaanefatan isaan gaafachuu qabda.

g. Yeroo gara Waldaa Kiristiyaanaa dhuftu/ Amantaa, aadaa tokko tokko keessatti "amma isa dhumaaf gara iddoo hiddi isaa jibbiinsa hin qabneetti dhufne jechuu dandeessa. Kun sirriidhaa?" waan nama gaddisiisu Waldaa Kiristiyaanaa keessa jibbinsi hedduun akka jiru dhaga'uu dandeessa.

h. Yoo akkas ta'e waraqaa citaa irratti ija qoolifannaa akka barreessaniif isaan taasisuun mukicha irraatti akka xiyyeefatan taasisi. Kan isaan barreesan hunda sagalee kee ol kaasii dubbisi diigaa jibbiinsa akkam akka ulfaata akka xiyyeefataniif.

**3. Muka Lammaffaa**

Seensa muka isa lammaa keessatti, "amma namoota jibbinsa hin qabne ilaaluu yaala" jechuun baay'ee barbaachisa. Muka lammaffaa kana irraatti barnooticha kitaaba irraa hotdofi. Sa'atii dheeraa kana gochuuf dhabuu dandeessa.

**4. Muka Sadaffaa**

Yoo paawor poo'intii fayyadamuurra chaartii sochootu irraatti fakkii mukichaa kaafteeta ta'e , muka sadaffaa kaasuun si hinbarbaachisu, garuu caallisii muka isa jalqabaa muka isa lammaffaa (muka waa'ee Yesuus) keessatti kaasi. Yoos isaan sirriitti yaada ijoo akka nuyi Yesuus keessatti fakkeefamnee jiru ni argatu. Yeroo muka isa sadaffaa irratti barsiiftu,

Kiristoos keessa jechuun maal jechuu akka ta'e qofatti xiyyeefadhu – kana jechuun sammuun kee akka Yesuusitti haarefamuu qaba qooda isaan kaan jibbitu. Boqonnaa itti aanu keessatti amaloota saba qulqullaa'aa dhiisuu qabda.

**5.** **Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Jibbiinsi murtoo garee hunda irraatti kennameedha.
- Jibbamuu keenya madoota adda addaarra baruu dandeenya.
- Jibbiinsi baay'ee kan diiguu fi ka'umsa wal waraansaa fi qoqqoodatti

6. Gara dhuunfaa keenyatti fiduu

Yeroo fudhachuun hiddoota adda addaa keessan ilaaluun gaaffilee armaan gadii deebisaa.

- Hiddi ani irraa dhufe akkamiitti amantii fi ilaalcha koo irratti dhiibbaa uuma?
- Hiddoota koo keessa wanti hadhaa'aan jiraa? Yoo akkas ta'ee, ija akkamii naqaa jira?

## Boqonnaa 3 “Eenyummaa haareffame”

**Seenduubee Qopheessuu**

**1. Halqara**

Waldoonni Afrikaa lakkoofsaan guddachuun isaa beekamaa ta’us, sababa waraana gosummaa bu’aa osoo hinargiisisiin burjaajjii keessa jiru. “Biyyoota Kiristiyaanummaan itti dagaageera” jedhamee beekamu keessatti illee maaltu dogoggora? Waan baay’ee nama gaddisiisu, Waldaa Kiristiyaanaa keessa miidhaa baay’eetu jira. Yeroo gara Kiristiyaanummaa dhufnu waa’ee eenyummaa uumamaa keenyaa ni daganaa? Waldaa Kiristiyaanaaf mul’ata karoora Waaqayyoo fudhachuuf amma yeroo isaatti. Mata dureen kun eenyummaa naamummaa keenyaa fi eenyummaa Kiristiyaanummaa keenya jidduutti madaalli sirrii akka arganuuf nu gargaara.

2. Galma.

- Eenyummaa bitame fi gosummmaa Kiristoos keessatti beekuun akka itti gammadaniif hirmaattota gargaaruu.
- Aadaan hundumtuu gumaacha matasaa akka qabu hirmaattoota keessatti abdii uumuu.

3. Maaliif barbaachisee?

- Waldaan Kiristiyaanaa Eenyummaa Gosummaa wajjin maal akka hojjetamu waan hin beekneef.
- Yeroo waldhabdee, namni hundumtuu eenyummaa madaa’e qaba.

4. Luqisiiwwan Barbaachisoo 1Pheexiroos 2: Efesoon 2:14 Galatiyaa 3:28-29

5. Qabxii ijoo

a. Miidhaa Waldaa Kiristiyaanaa keessaa

b. Saba Qulqullaa’aa – namoota Waaqayyoon filataman

i. Kakuu Moofaa keessatti

ii. Kakuu Haaraa keesssatti

iii. Garee namoota hundaa hammatee

iv. Namni hundumtuu walqixa gatii qabaachuu

c. Saba Qulqullaa'aa keessatti maaltu bitame?

i. Eenyummaa bitame

ii. Gosummaa bitame

iii. Aadaa bitame

Meeshaalee Waaqayyoof ulfina kennuuf seenaa muraasa aadaa adda addaa himi yookiin aadaa adda addaan farfaachisi.

d. Miidhaa dhugummaa saba qulqullaa'aa Waaqayyoo hubachuu dadhabuun dhufu.

Gara saba qulqulla'atti hin dhuftu taanaan gara Kiristoos dhufuu hindandeessu.

e. Kan saba qulqullaa'aa ta'uun gara birmaadummaatti nama fida.

6. Meeshaalee muka sadaffaa – Kiristoos keessatti.

Do'ii 3 – Mallattoo saba qulqullaa'aa

7. **Wanti dadhabsiisaan jiraachuu danda'uu.**

Kiristiyaanummaa keessatti iddoo olaanaan lammii saba qulqullaa'aa ta'uudhaa?

Waliitti dhufeenyi saba qulqullaa'aa fi saba Israa'el jidduu jiru maali? Kun "Og-Waaqummaa bakka bu'uudhaa?"

8. mata dureewwan biro waliin wal qabsiisi.

Isa darbee waliin walqabsiisi. Kana jechuun rakkoo jibbiinsaaf deebiidha.

Isa gara fuula duraa waliin wal qabsiisi. Waldaan Kiristiyaanaa bakka buutuu Waaqayyoo ishee dhugaatti saba qulqullaa’aa agarsiistudha.



**Dhiyeessii Boqonnaa 3ffaa**

**Waayiticha hojjira oolchuuf yaadota kennaman**

Halqara tokko tokko keessatti eenyummaa isa jedhu hiikuu fi ibsuu si barbaachisa.

1. Seensa

Waldaa Kiristiyaanaa keessatti Rakkoo namoota dhiibbaan miidhaamanii bifa fakkiin kaasii ittin eegali. Itti aansuun karaa namoonni yeroo baay’ee furuu yaaliin qoradhu, fakkeenyaaf, dhiibbaa sababii gosummaa, guutummaatti akka sabaatti ta’iitti, akka Waldaa Kiristiyaanaa gosti tokko qofaan keessa jiruutti uumii, yookiin waan ta’e kan fakkaatu garuu araara dhugaa kan hintaane taasisi. Garuu, Waaqayyo saba qulqullaa’aa isaaf deebii garaagaraa akka qabu ibsiif.

2. Saba Qulqullaa’aa – namoota Waaqayyoon filataman

- Kakuu moofaa keessatti
- Kakuu Haaraa keesssatti
- Garee namoota hundaa hammatee

Yoo barbaachisaa ta’e, kun Og-Waaqummaa akka bakka hinbuune ibsuu dandeessa. (namni waa’ee kana kaasu hin jiru taanaan callisi bira darbi! Taa’uu baanaan ofiikee falmii waa’ee Og-Waaqummaa cimaa keessa of galchita.) namni kamuu eenyuun illee bakka bu’uu hindanda’u. kakuu haaraa waliigalaan waa’ee hammattooti. Akka Efesoon 2:14-18, Yesuus Kiristoos fannoo irratt du’uu isaatiin warra Yihuudotaa fi Yihuudota hintaane jidduuti nagaa buusuun saba haaraa uume. Garaagarummaan uumamaa hunduu amma tokkummaa haaraadhaan waliitti makame. (Galatiyaa 3:28-29)

3. Saba Qulqullaa’aa keessatti maaltu bitame?

Iddoo kanatti seenaa dhuunfaa fi fakkeenya qabatamaa fayyadamuun baay’ee gaariidha.

4. Miidhaa dhugummaa saba qulqullaa’aa Waaqayyoo hubachuu dadhabuun dhufu

Gara Booddeeti deebi’uun muka isa sadaffaa ilaaluu dandeessa. Yeroo gara Kiristoos dhufte akka gara saba qulqullaa’atti makamte xiyyeefachuu qabda. Inni mukichaa nuyi immoo damoota isaatti. Yerooma amane sana gara maatii idil adunyaa isaatti hin makamnu yoo ta’e gara Kiristoos dhufuu hin dandeenyu. Yeroo namoota gara fayyinatti waamnu kun hammam lallabameera?

5. Miseensa Saba Qulqullaa’aa ta’uu

Baafata barnoota armaan olii kana hunda isaa barsiisuuf yeroo argachuu dhiisuu dandeessa, kanaaf haala ati jirtu keessatti isa baay’ee barbaachisaa ta’e filachuu si barbaachisa. Saba qulqullaa’aan amantootaan ijaarama, akkasumas gahumsa hariiroo Waaqayyoo nuuf qabu agarsiisuu kan danda’u amantoota qofa. Do’ii waa’ee sadan tokkummaa muuxannoo inni nama uumuuf adda addummaa keessatti tokkummaa argisiise irra deebi’ii yaadachiisi. Saba Qulqullaa’aa keessatti, fedhiin Waaqayyoo guutummaatti mul’ata! Hunda isaa barsiisaan deemuurra do’iin argisiisaa deemutu irra caalaa bu’aa qabeessa, keessummaa namoota Macaafa Qulqulluu saanii sirriitti hin beekne jidduutti. Yeroo soortoota barsiiftu bifa barsiisuun itti fufuu dandeessa.

6. do’ii 3 “mallattoo saba qulqullaa’aa” (maxxantuu 4)

7. **Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Eenyummaan sabummaa keenyaa yeroo baay’ee kan badeefi haarefamuufi Waaqayyoof bitamuu barbaachisa.
- Akka Lammii Saba Qulqullaa’atti, eenyummaa dhugaa keenya beekuu qabna.
- Kiristoos keessatti, hundumti keenya gatii walqixaa qabnu, fudhachuu, wal hammachuu fi seenduubee adda addaa keessaa yoo dhufne illee walii walii keenyaaf murteessoodha.

8. Gara dhuunfaa keenyatti firoomsuu

- Amala Aadaa kee keessa isa kamtu bitamuu qaba fi saba qulqullaa’aa keessatti Waaqayyoof ulfina kennuu kan danda’u?
- Amalli hinbarbaachifne aadaa kee keessaa maali? (fakkeenyaaf: of jajuu, gaddi aantummaa, gosa ofii ol kaasuu, fi kan kana fakkaatu).

- Biyya kee keessatti amantoota hunduu akka lammii hiriyaatti wallin jiraatu yoo ta’e maaltu adda ta’a jeta? Kun dhugaa akka ta’uuf maal gochuutu sirraa eegama?

## Boqonnaa 4 “Waldaa Kiristiyaanaa akka Bakka Buutuu Jijjiramaatti”

Seenduubee Qopheessuu

1. Halqara

Waaqayyo Waldaa Kiristiyaanaa‘akka eegduu balbala’ biyyaatti waan kaa’eef , kana gochuu dadhabuu isheen yeroo wantoonni dogoggoraman yeroo baay’ee ni ceepha’amti. Yeroo tokko tkoo Waldaa Kiristiyaanaa ceephoon sun akka waan kan Mootummaa ta’e achi of irraa qabdi. Bakka buutuun fayyinaa biyya hundaa keessatti Waldaa Kiristiyaanaa akka taate ni amana. Waldaan Kiristiyaanaa fayyitee fi araara argate ergama ishee irraa deebitee kan argatedha. Waldaan Kiristiyaanaa yeroo baay’eef yoo kufte illee, amma illee biyya hundumaaf abdiin Waaqayyoo jira.

2. Galma

- Waldaan Kiristiyaanaa kufaatii ishee fudhachuu akka dandeessu gargaaruu fi karaa fayyaleessaan foyyeessuu yaaluu.
- Waldaan Kiristiyaanaa qaanii fi gadda keessaa akka kaatu fi abdii haaraa akka fudhatu gargaaruu.
- Waldaa Kiristiyaanaa bakka buutuu jijjiramaa akka taatetti jajjabeessuu.

3.Maaliif barbaachise

Waldaan Kiristiyaanaa miira kufaatiin laamshofteetti yookiin biyya fayyisuu keessatti fudhachuu dideetti.

4. Luqisiwwan Barbaachisoo Maatiwoos 5:13-16 Yohaannis 20:21 Roomee 15:13

5. Qabxiilee ijoo

1) Karoora Waaqayyoo Waldaa Kiristiyaanaaf qabu.

- Ijoolleen Waaqayyoo Hawaassa keessatti sogidaa fi ibsaa ta’uu qabu.
- Dukkana keessatti akkamiitti ibsuu dandeenya?
- Waldaa Kiristiyaanaa akka sagalee raajiitti.

2) Karoora Seexanaa

Meeshaalee dungoo fi guuboo

3) Ammallee Waaqayyoo Waldaasaaf abdii akka qabu.

Meeshaalee soogidaa fi bishaan birciqqootti

“Ati Abdii biyyatti” kana shaakaluu

6. Meeshaalee dungoo, guuboo, soogida, bishaan birciqqootti.

Do’ii addaa 4 “Waldaa Kiristiyaanaa dhadacha irratti dhiyeessuu” kun biyyoota murtooftuu keessatti mijaata, keessaa biyyaa irra caalaa Waldaan kiristiyaanaa caalmaa qabu keessatti maxxantuu 4 ilaali.


7. **Wanti dadhabsiisaan jiraachuu danda’uu.**

- Soortuuwwan akka waan hadheefamanii fi miidhamaniitti itti dhaga’amuu danda’a.
- Hubannaa Og-Waaqummaa waldaatti, .”Waldaan Kiristiyaanaa Qulqulluudha kanaaf kun yakka miti”
- Dhimmoonni sabummaa dhimma siyaasaatti – kun Waldaa Kiristiyaanaa waliin wal hin ilaallatuu. Kun dhimma mootummaati.
- Kun Wangeelaa lallabuu dhiifnee waan biraatti nu geessa.
- Waa’ee hanqi dhiibuu sagalee raajii dubbachuun nuuf baay’ee hamaadha.

8. Mata Dureewwan Biroo Wajjin Wal Qabsiisuu.

Isa gara booddee wajjin walqabsiisuu. Waldaan Kiristiyaanaa akka irra jireessan saba qulqullaa’aa keessa jiraatuutti mul’isuu.

Isa gara fuula duraa waliin walqabsiisuu. Waldaan Kiristiyaanaa akka Waaqayyo ishee barbaadutti hin jiraatu yoo ta'e namoonni miidhaman akka Waaqayyo isaan miidhetti ilaalu.



## Dhiyeessii Boqonnaa 4ffaa

**1. Seensa**

Do'ii 4 "Waldaa Kiristiyaanaa dhadachaa irraatti" (maxxantuu 4)

Do'ii kun haala hundumaa keessatti mijaataa ta'uu dhiisuu danda'a. itti fayyadamuuf yookiin dhiisuuf murteessuu qabda. Biyyaa Ruwaandaa keessattti inni ta'e Waldaan Kiristiyaanaa jeequmsa haqa hin taane sanyii duguggaa irratti xiyyeefateen balaallefachuuf yookiin ittisuu akka hin dandeenye, fi geggeessitoonni Waldaa Kiristiyaanaa tokko tokko qabatamaatti ajjeechaa sana keessatti kallattiin akka hirmaatan nama hundaa biraatti beekamaadha.

Barnoota Saba Qulqullaa'aa gahee Waldaa Kiristiyaanaa waliin walqabsiisuun bu'aa qaba. Biyya yookiin naannoo keessatti wanti gaddisiisaan erga ta'ee booda namoonni Waldaa Kiristiyaanaan maal akka jedhan hirmaattota gaafadhu. Yeroo baay'ee miirri kufaatii keessatti isaan argatta. Ilaalcha Waaqayyoon ala akka Waldaa Kiristiyaanaa ibsuu akka danda'aniif isaan jajjabeessi, akka dhaabataa Waldaa Kiristiyaanaatti osoo hintaane garuu akka waliitti qabama amantootatti, Waldaan Kiristiyaanummaa isaanii maal yoo ta'ees. Amantoonni soogidaa fi ibsaadha.

**2. karoora Waaqayyo Waldaa Kiristiyaanaaf qabu.**

Kana akka haala keessa jirtuutti f ibiyya kee keessatti waldaan Kiristiyaanaa humna akka hingodhane taasisu kannen uumata biraa maddan irratti hundaa'uun murtaa'aa gochuun baay'ee gaariidha (fakkeenyaaf, geggeessitoonni Waldaa Kiristiyaanaa siyaasa yeroo keessatti hirmaatu, Waldoolee barsiisa adda addaa qaban jidduutti tokkummaan dhibuu, waan hinbarbaachifne,fi kan kana fakkaatu).

- Ijoolleen waaqayyoo hawwaasa keessatti soogiddaa fi ibsaadha.
- Dukkana keessatti akkamiin ibsuu ifu ta'uu dandeenya
- Waldaa Kiristiyaanaa akka sagalee raajiitti

3. **Meeshaalee** Soogiddaa fi bishaan birciqqoo guddaatti

- Faayidaa soogiddaa hirmaattota gaafachuun akkasumas saba keessatti Waldaa Kiristiyaanaa akkamiitti akka bakka bu'u.
- Dhamdhama bishaanii jijjiruuf soogiddi hammam akka barbaachisuu, waan xiqqooon jijjiruu akka danda'u irratti xiyyeefadhu. Biyya tokko keessatti Haala qilleensa jiru jijjiruuf namoota amanan baay'ee hin barbaadu.
- Soogiddichi jala birciqqootti argama,, yoo hin danda'ama ta'e soogiddicha jalaa ol akka kaasaniif gaafadhu. Kana fayyadamuun Waldaan Kiristiyaanaa hawwaasa keessaa adda bahuu akka hindandeenye garuu keessatti hammatamuun garaagarummaa uumuu akka dandeessu barsiisuu.

**Hubadhu** kitaaba kana keessatti diyaagiramii raajummaa fi gahee luboota kakuu moofaa fi kakuu haaraa keessatti.

**4. Karoora Seexanaa**

**Meeshaalee** duungoo ijaan argamu akka deeggarsaatti fayyadamuun yookiin ibsaa guuboo keessa dhokate fayyadamuu dandeessa.

Fakkeenya Ampuulii ibsaa Elektirikiis ittigargaaramuun ni danda'ama. Hamma madda elektiriksiitii sana wajjin walqunnamuutti ifa kennuu hindanda'u.

5. **Waaqayyoo Waldaa Kiristiyaanaaf abdii qaba**

Abdii isa Waaqayyoo Waldaa Kiristiyaanaaf isa tasuma irraa hinfudhane garuu Wlaldaa Kiristiyaanaa fayyisuu fi haaressuu danda'u gareen irra deebiin argachuu barbaadu.

Luqisiiwwan Macaafa Qulqulluu kitaaba barnootichaarra jiran ibsi (kutaa 3): Yohaannis 20:21, Roomaa 15:13, Maatiwoos 16:18

Karoora Waaqayyoo isa dhaabataa amallee Waaqayyo Waldaa Kiristiyaanaa haaromsaaf akka bakka buutuu isaatti fayyadamutti ittifufiinsaan abdachuun baay'ee barbaachisaadha.

**6. Gilgaala. "Ati abdii biyya kanaatti!"**

Gilgaalli gaariin dhuma barnoota kanatti hojjetamuu qabu hirmaattonni walii walii isaaniirraa dungoo fudhuun akka wal waliitti dabarsan gochaa “Ati abdii Biyya kanaati! Waaaqayyo sitti amana” akka jedhan taasisi. Kun garee adda addaa keessatti baay’eetti humna guddaan walii walii isaanii jidduutti jedhamuu qaba.

**7.** **Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Karoorri Waaqayyoo biyya hundumaa keessatti Waldaa Kiristiyaanaa bakka buutuu gochuun fayyisuu fi haaressuun biyyitiin gara kaayyoo isaatti akka dhuftu gochuudha.
- Seexanni kaayyoo Waaqayyoo morma, garuu ammallee Waaqayyoo Waldaa Kiristiyaanaaf abdii qaba.
- Waldaan Kiristiyaanaa osoo gara bakka buutuu fayyinaa hintaa’iin dura, Waldaan Kiristiyaanaa jalqaba qooqoddaa fi madaasheerra fayyuu qabdi.

**8.** **Gara dhuunfaa keenyatti firoomsuu**

- ➢ Abdii Waaqayyoo isa haalota keef amallee haaraa ta’e fudhachuuf yeroo qabaadhu.
- ➢ Inni si jajjabeessuu qaba, inni fayyinaa fi haaromsanamoota isatti amanan jidduutti ni fida.
- ➢ Waldaa Kiristiyaanaa fayyuu ishee beekuuf jalqaba maaltu isheerra barbaachisa osoo naannoo isheeti bakka buutuu fayyinaa hintaa’iin?

# Boqonnaa 5 “Gidiraa fi Jaalala Waaqayyoo

**Seenduubee Qopheessuu**

**1. Halqara**

Namoonni gara fayyinaa osoo hin dhufiin dura, Waaqayyo miidhama isaaniif akka itti hingaafatamne beekuu qabu. Biyyoota Afrikaa baay’ee keessatti iddoo waan hunduu carraadha jedhamee amanamuutti, baay’een akka waan Waaqayyoo dhimma isaanii hinqabne yookiin isaan hin kunuunsineetti isa hadheessu. Yeroo tokko waan hamaa hundumaatti Waaqayyotu ceepha’ama.

Barnoonni kutaa kanaa namoonni baay’ee shakkii yookiinaarii isaanii akka dubbatan garuu Waaqayyo yeroo isaan miidhaman illee isaan bira akka jiru akka beekan gargaara. Mul’achuun dhugichaa baay’een miidhamaafi rakkoo isaanii gara isaa akka fidataniif ni salphataaf.

**2. Galma**

- Namoonni isa Waaqayyoon dhoksaatti himatan akka fudhatan isaan gargaara.
- Waaqayyoo abbaa cubbuu fi loogii akka hin tame argisiisuu yookiin miidhamuun bu’aa isaa akka hintaane.
- Yeroo namootatti miidhamni wayii itti dhagahamu, fayyuun akka danda’amu akka beekaniif.

**3. Maaliif Barbaachisee?**

Yoo nuyi kana baafnee hin ibsinu ta’e namoonni rakkina isaanii gara Waaqayyoo fiduun fayyuu hindanda’an.

Dhugaa kana osoo hin hubataniin Kiristiyaanoonni Waaqayyootti aaruu yookiin gadduu malu.

4.**Luqisiiwwan Barbaachisoo** Obaadiyaa 1:2, M/Fakkeenyaa :16-19, Yaaqoob 1:13-17, Maatiwoos 6:10

**5.Qabxiiwwan Ijoo**

i. Dhiibbaa rakkinni dandeettii keenyaan Waaqayyoon amanachuu irratti qabu.

**Meeshaalee** golgaa fuulaa seeka argisiisu.

ii. Himata dhokataa tokko tokko Garaa keenya keessa jiru (yaadannoo ibsaa kanarraa ilaali)

**Meeshaalee** himata dhokataa isa yeroo ammaa Garaa nama baay'ee keessa jiru.

**Gocha garee xixxiqqaa** – marii hirmaattotaa wal'aansoo keessoo himata kana waliin.

iii. Qajeelfamoota Macaafa Qulqulluu nu deegaruu muraasa

a. Waaqayyoo haqa fi haqa jaalata

b. Wanti ta'u hundinuu fedha Waaqayyoo miti sababni isaas: -

- Kennaa Waaqayyoo nama kenne keessa tokko fedhii bilisaa
- Waaqayyo cubbuu jibba
- Filannoo dogoggoraa keenyatti Waaqayyo nig adda
- Waan tokko akka ta'uuf jiru Waaqayyoo ni beeka ni eeyamas kana jechuun taateen kun fedha isaati jechuu miti.
- Kadhannaa Gooftaa

Meeshaalee do'ii 5 "fedhii bilisaa" (maxxantuu 4)

Ashaangulitii yaa'uu danda'u (fakkaatii namaa sosocho'u)

c. Waaqayyo hundumaa danda'a garuu:

- Birmaddummaa filannoo dura namaaf kenne deebi'ee irraa hin fudhatu
- Inni cubbamoota hindumaaf ammaa fi asuma irrati harka araara isaa hin xumuru.
- Inni Waldaan Kiristiyaanaa isa akka bakka buutuuf ittigaafatamummaa kenneeraaf.

Meeshaalee Do'ii 6 "maaliif Waaqayyo jidduu hin galu?" (maxxantuu 4)

d. Waaqayyo jaalala fi guutummaatti gara laafessa. Yeroo gaaramoonni miidhaman gaddi fageenyaan isaan kunuunsa.

⇒ Waaqayyo waa'ee keenyaas ni dhiphata

⇒ Waaqayyo ni gadda

⇒ Inni miidhama keenya ni qoodata

⇒ Waan dhabne deebinee akka arganu barbaada

6. Meeshaalee fi Wantoota ijaan mul'atan

golgaa fuulaa seeka argisiisu.

Do'ii 5 fedhii bilisaa

Do'ii 6 maaliif Waaqayyo jidduu hinseenu?

Ashaangulitii yaa'uu danda'u (fakkaatii namaa sosocho'u)

Ulee

Himata dhokataa afur

7. Rakkinoota muudachuu danda'an

- "Waan hundumtuu Waaqayyo biraa akka ta'u Macaafni Qulqulluun hin barsiisuu?" (Fakkeenyaaf, Faruu Ermiyaas 3:38; Isaayaas 45:7)
- "Waaqayyoo Garaa Farihoon hin jabeessinee, kun immoo yeroo tokko tokko akka inni abbaa hamaa ta'e hin argisiisuu?"
- "Waa'ee Iyoob akkam? Seexanni akka isa qoruuf Waaqayyoo eeyyama kenneef!"
- "Waaqayyo namoota tokko tokko maaliif hamaarraa isaan hin oolchu/ haalota ulfaataa garuu namoota kan biro akkas miti?"

8. Mata dureewwan biro wajjin walqabsiisuu

Isa darbe wajjin walqabsiisuu : Waldaan Kiristiyaanaa amala dhugaa Waaqayyoo argisiisuu qabdi.

Isa gara fuula duraa wajjin walqabsiisuu – Waaqayyo gaariidha fi haqa qabeessa akkasumas inni abbaa jaalala keenya.



**Dhiyeessii Boqonnaa 5ffaa**

**Waayiticha hojjira oolchuuf yaadota kennaman**

**1. Seensa**

Amma illee bu'uura isaa akka hojjechaa jirtu hirmaattota yaadachiisi, yaada Waaqayyoo argachuuf barbaaduu. Boqonnaa kana garee haala mijeessitoota keessaa seenaa dhuunfaa amanamaa isa dhugaa amanuu irraatti sirriitti nama wal'aansoo qabe, akka Waaqayyoo nama miidhuu fi haqa qabeessa hin taanetti ibsuurraa eegaluun gaariidha. Kun hirmaattootaaf carraa bana wal'aansoo dhuunfaa isaanii akka mul'isaniif. Qabxii kana irraatti deebii kennuu hin barbaachisu. Rakkoon akka jiru argisiisuuf qofa.

2. Dhiibbaa rakkinni dandeettii keenyaan Waaqayyoon amanachuu irratti qabu

Meeshaalee  golgaa fuulaa nama seeqaa jiru fakkaatu.

Namoonni Waaqayyoof amanamoo turan yeroo rakkina keessa darban Waaqayyoo irratti gaaffii gaafachaa akka turan Macaafa Qulqulluu keessaa luqisii ibsu caqasuun baastee ibsuu dandeessa. Golgaa nama seequ fakkeessuu fayyadamuun akkamiitti gaaffii dhokataa keessoo keenyaafi miidhama Garaa keenya keessaa irratti hubannoo dogoggoraa warri kaan nurratti qaban yookiin nurratti murteessan baasnee agarsiisuuf karaa bu'aa qabeessadha.

3. Himata dhokataa keessoo keenya keessa tarii jiraachuu danda'u.

Akka seensatti, waan tokko akkas jechuu dandeenya:

"barsiisa sirrii qabanullee, waan baay'ee garaagarummaa keessaa gaddi fagaate ta'ee miira keenyatti dhga'amuu danda'a, Garaa keenya keessatti Waaqayyoon himachaa, yookiin miidhama keenya sababii haqanni dhibeef hundumaa akka waan inni ittigaafatamuutti ilaaluu. ' Waaqayyoo, osoo anaan/maatii koo/uummata koo ni jaalata ta'ee maaliif waanti akkasii akka isaan irraatti ta'u goote? Maaliif dhaabuu dide?"

Taatee gareewwan xixxiqaa maree hirmaattotaan himannaa kana irratti walfamii keessoo taasisuu: namoota akkamiitti jette isaan gaafachuu dandeessa "sanaa alatti" waa'ee Waaqayyoo Garaa isaanii keessatti ni jedhuu. Yoos himannaa afran hirmaattootaa akka gaariitti argisiisuu danda'a. himannaawwan kun yookiin gaaffiileen kun tarii chaartii diriraa irraatti/paaworpoo'intiin wayiitii dura barreefamuu danda'a.

Himata dhokataa keessoo keenya keessa tarii jiraachuu danda'u.

a. Waaqayyo haqa qabeessa miti inni garee tokko isa kaan caalaa waan gaarii godhaaf.

b. Waaqayyo gara jabeessa. Akka miidhamnu kan godhe isaa. Kun fedhii isaati. Inni nu hinjaalatu kanaaf miidhama kenya ilaluutti gammadaa.

c.Waaqayyoo kan humna hinqabnee fi fagoodha. Inni cuubbamoota ittisuu hindanda'uu, kanaaf seexanni isa nicaalaa.

d. Yeroo garraamoonni miidhaman Waaqayyoo namaaf hindhimuu, namaaf kunuunsa barbaachisu hingodhu.

Gilgaala: nama isaan cina jirutti akka galagalaanif namoota gaafachuun akka amananaa fi wal'aansoo keessoo isaanii irratti akka marii'atan waa'een gaaffii kanaa (Og-Waaqaummaa isaan itti amanan ta'uu hinqabu).

Himannaan keenya yeroo baay'ee miidhama keenya fi Garaa madaa'e keessaa akka dhalatu beekuun barbaachisaadha, yoos deebii barnoota Og-Waaqummaa irratti xiyyeefatee oliitti argachuuf dhamaana. Waa'ee amala Waaqayyoof mul'ina Hafuura Qulqulluu nu barbaachia. Waa'ee Gaaffii keenyaa fi waan shakkinu fi miidhamni keenya Garaa Waaqayyootti akka dhangala'u gochuun nurraa eegama. Kana booddee leenjii hirmaachisaa keessatti raawwachuu akka danda'an irraa deebi'ii akka mirkaneefatan godhi.

Garuu, dhugaa Macaafa Qulqulluu keessaa barbaadunis ni gargaara. Gudunfaa Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'e kennuun akka sigargaaraniif gaafachuun baay'ee bu'aa qabeessa, callisteema itti himuurra. Guutummaa leenjii hirmaachisaa kana keessatti kutaan kun Boqonnaa baay'ee ulfaatuufi barsiisaa baay'ee gahuumsa qabu filachuun kutaa kana irratti akka fayyadamtuuf si gorsina. Yoo akkas ta'e siif salphachuu danda'a taanaan iddoo adda addaatti qooduun haala mijeessitoota garaagaraa fayyadamuu dandeessa. Haalota rakkisaa keessaatti gaarummaa Waaqayyoo amanachuu dhabuun rakkina nama mudaatu irratti seenaa dhuunfaa fayyadamuun mureessadha. Kutaa kana keessatti ilaalchota adda addaafi gaaffiilee namoota irraa si mudachuu danda'an irratti kitaaba Garaa madaa'e fayyisuufi hawaasa jijjiruu jedhu sirriitti itti fayyadamuun yaada gudunfaa akka kennitufi akkasuma illee akkaataa qabxiilee duraa duuba kaa'amaniin akka sochootu si gorsina. Taa'uu baanaan, akka salphaatti boolla keessaa bahuun si rakkisu keessa galtee of argita! Barnoonni kun haalota baay'ee cimaa keessaatti wal'aansoo qabuun muuxannoo wagga dheeraa argame irraa kan qophaa'edha!

Maxxantuu barnoota Garaa madaa'e fayyisuufi hawaasa jijjiruu jedhu irratti barruun dabalataa si gargaaruu danda'u jira yoo gaaffiilee cimaan ka'aniif. Barruu kana sirriitti beekuu kee osoo kutaa kana barsiisuu hineegaliin mirkaneefachuu qabda. Yoo dhimmoonni kun ka'uu dhiisan, yoo kijibaanis! mata duree kana irraatti baay'ee osoo keessa hinseeniin Wal'aansoo gahaan si muudachuu danda'a! garuu yoo wantoonni akkasii si mudatan karaa gaarii ta'een furuun sirraa eegama.

**"Himannaawwan" yookiin "Gaaffiilee Garaa?"**

Wagga baay'eedhaaf kutaa kana ibsuuf "gaaffiilee afur" fayyadamaa ture, qooda jijjiruu keessumaa Soortuuwwan waliin marii'achuun "himannaa" isa jedhu filanne. Sababni jijjirama kanaa gaaffiileef deebii kennuun baay'ee salphaatti falmii Og-Waaqummaa ta'uu danda'afi, yaadonni ka'an kana nama aarsan qofa ta'u. kana jechuun namoonni dhimmoota Garaa isaanii waliin marii'achuu ni dhiisuun, qooda kanaa waayitichi gilgaala beekumsaa ta'a. kaayyoon waliigala Boqonnaa kanaa namoonni himannaa/komee kamiyyuu kan Garaa isaanii keessatti itti dhiphatan irratti marii'achuu  akka danda'an gargaaruufi, yoos isaan irruma caalaatti Waaqayyoo wajjin araaramufi miidhama isaanii gara isaa fiduuf kan qophaa'n ta'u leenjii hirmaachisaa waa'ee fannoo bor kennuu irratti.

Haata'u malee, Aadaa warra Uumama waaqefatan muraasa keessatti, namoonni komee Waaqayyo irraa qaban dubbachuuf baay'ee wal'aansoodha, isa Kanaan dura hafuura hamaa biraa adabamanii beekan yaadachuun sodaatu. Jecha himannaa/komee jedhu fayyadamuuf haala mijataa hinqabdu yoota'e, qooda kanaa gaaffiilee armaan gadii fayyadamuu dandeessa.

**Yeroo ammaa kana gaaffiilee afur Garaa nama hundaa keessa jiraachuu malu:**

a. Waaqayyoo haqaa? Yoo akkas ta'e, maaliif haqa maleessummaan Addunyaa kana irratti baay'atee?

b. wantoonni Addunyaa kana irratti ta'an hunduu fedha Waaqayyootii?

c. yoo Waaqayyoo waan hundaa danda'a ta'e, maaliif namoonni wantoota hamaa hinhojjeneef hindhorkinee?

d. yoo Waaqayyo aaqa jaalalaa ta'e, maaliif namoonni garraamiin akka miidhaman godhaa?

Deebiin gaaffiilee kanaa gudunfaa waa'ee himannaa kana wajjin sirriitti walfakkaata.

4. Qajeelfamoota Macaafa Qulqulluu nugargaaran muraasa:

a. Waaqayyoo haqa qabeessa fi haqummaa jaalata

b. Wantoonni ta'an hundinuu fedha Waaqayyoo miti sababni isaas:

- Kennaa Waaqayyo namaaf kenne keessaa inni tokko fedha bilisaatti
- Waaqayyoo cubbuu jibba
- Waaqayyoo filannoo dogoggooraa keenyatti ni aara
- Waaqayyoo wanti tokko ta'uuf akka jiru beekuufi eeyyamun fedha isaatti jechuu miti.
- Kadhannaa Gooftaa

Meeshaalee do'ii 5 "filannoo bilisaa" (maxxantuu 4 ilaalii)

Fakkii namaa socho'uu danda'u

c. Waaqayyoo hundumaa danda'a garuu:

- Birmaddummaa filannoo dura namaaf kenne deebi'ee irraa hin fudhatu
- Inni cubbamoota hundumaaf ammaa fi asuma irrati harka araara isaa hin fixatu.
- Inni Waldaan Kiristiyaanaa isa akka bakka buutuuf ittigaafatamummaa kenneeraaf.

Meeshaalee do'ii 6 "Maaliif Waaqayyoo jidduu hinseenu?" (maxxantuu 4)

d. Waaqayyoo jaalalaafi gara laafessa. Yeroo garraamoonni dhiphaatan inni yaadaaf

⇒ Waaqayyo waa'ee keenyaas ni dhiphata
⇒ Waaqayyo ni gadda
⇒ Inni miidhama keenya ni qoodata
⇒ Waan dhabne deebinee akka arganu barbaada

Gilgaala fakkii nama fakkaatu kan socho'uun fedhii bilisaa agarsiisu fayyadamuun nigargaara. Akkas jettee garee gaafachuu dandeessa:

- Waaqayyoo fakkatii (Ashaanguliitii) nugodhee?
- Maaliif hintaane? Nama hundumaa rakkina baay'ee keessaa isaan hinoolchinee?

Qabxiin ittiin xumuru qabnu hariiroo jaalalaa nu waliin qabaachuu barbaada. Jaalalli hin to'atamu/ hindanga'u. inni filannoodha. Maashiniin hojii nahojjechuu danda'a, garuu inni

kanaaf najaalata jechuu hindanda'u! karaan tokkichi Ani argachuu danda'u Ashaanguliitiin koo najaalachuu isaa kirrii keessa jiru kutuuni.

**5.** **Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Waaqayyoo gaariidhafi haqafi inni burqaa haqni dhibuu kamuu miti.
- Waaqayyo jaalalaan guutuudhafi gara laafessafi kan nu waliin dhiphatudha.

**6.** **Gara dhuunfaa keenyatti firoomsuu**

- Haala kam keessatti kan ati jaalala Waaqayyo siif qabu shakite?
- Garaa kee keessatti komeen/himanni ati Waaqayyo irraa qabdu maalii?
- Gaaffii cimaan ati waliin dhiphatu maalii? Deebii nagaa siif fiduu danda'u hunda yaadannoo irratti barreessi.

## Boqonnaa 6 "Waaqayyoon Akka Abbaa Jaalalaatti Beekuu"

Seenduubeeqopheessuu

1. Halqara

Akka fakkeenyummaa jaalala isaatti namni hunduu gara maatii jaalalaatti akka guddatu Waaqayyoo kan yaade ta'uus, namoota baay'ee muraasatu kana keessatti qabatamaatti hojiirra oolcha. Bu'aa isa kanaa baay'eedha, namoota dhuunfaa qofa irratti osoo hintaane maatii akkasuma illee biyyaairratti dhiibbaa qaba. Biyyii osoo hin fayyiin dura, maatiin fayyuu qaba. Araarri manaa jalqaba.

2. Galma

Namoota maatii isaanii keessaa madaa fudhatan irratti mariichuu akka danda'an gargaaruuf

Waaqayyoo abbaa akka ta'ee fi jaalala isaa fudhatu lakkaa'uu.

3. Maaliif barbaachisee

Namoonni baay'een Garaa Waaqayyoof kan jaamanidha sababni isaas muuxannoo isaan maatii isaanii irraa fudhatani, keessummaa hariiroo maatii isaanii waliin qaban. Kun immoo akka isaan madaa isaaniitiif gara Waaqayyoo dhufanii hin fayyineef isaan ittisa.

4. Luqisiiwwan barbaachisoo 2Qorontoos 6:18, Ermiyaas 31:3, Isaayaas 66:13, Farfannaa 27:10

5. Qabxiilee ijoo
   - ~~A.~~ Yesuus Abbaa nutti argisiisa
   - ~~B.~~ Waaqayyoon hammatamuutti akka nuyi fiigne maaltu nuittisa?
   - ~~C.~~ Waantota dhala namaaf murteessoo ta'an
     - ⇒ Jireenya Nageenya/Tasgabbii
     - ⇒ Eenyummaa fi Kaayyoo
     - ⇒ Jaalala

     Meeshaalee diyaagiraamii Garaa guddaa

   - ~~D.~~ Fedhii waan hinguutamne
     - Miidhamni keenya akka ol guddannu nutaasisa
     - Madaan keenya yeroo baay'ee gara maatii fi ijoollee keetti darba.
     - Biyya keenya irratti dhiibbaa qaba

- Waaqayyo irratti amanuuf Garaa keenya irratti dhiibbaa qaba

~~E.~~ Waaqayyoo jaalala abbummaa isaa isa dhugaa nuuf kenneera.

- “Ani abbaa siif nan ta’a”
- Jaalala haadhummaa nuuf kenneera.
- Jaalalli Waaqayyoo bara baraafi haala irratti kan hinhundoofnedha.
- Jaalala Waaqayyoo walii walii keenyatti argisiisuu

Yeroo tajaajilaa: farfannaa ka’umsaa barnooticha waliin deemu

6. Meeshaale deeggarsaa ijaan argaman  diyaagiraamii Garaa guddaa

 Do’ii 7 ‘ Jaalala abbaa simachuu’ (Maxxantuu 4)

Yoo barbaachise farfannaa ka’umsaa jaalala Waaqayyo abbaa mul’isu farfachuu

7. Wantoota rakkoo ta’uu danda’an

- Amanamaa ta’uun maatii salphinaa sodaachuu
- Jaalala Abbaan dubbartoota hammachuu irratti adda addummaa aadaa

8. mata dureewwan biroo waliin walqabsiisuu

Isa darbe waliin – amala Waaqayyoo hubachuu

Isa dhufu waliin – hattuun waan baay’ee nu saamuu ishee keessummaa Waaqayyo gaariitti amanuu irratti.

##  Dhiyeessi Boqonnaa 6

## 1. seensa

Wanti maatii jidduutti ta'u wanta saba jidduutti ta'u irratti dhiibbaa qaba. Maatii sirriitti wal abboomne keessatti akka salphaatti namni tokko ollaa isaa irratti waraana kaasuu akka danda'u akkamiitti akka guddate irratti xiyyeefachuun nama gargaara. Biyya fayyisuun jalqaba maatii fayyisuu irraa eegala.

2. **Yesuus Abbaa nutti argiisiise.**

Jalqaba Waaqayyoo maal akka barbaade irraa eegali, Yesuus gara guutummaa jaalala Waaqayyootti nu fide.

3. **Waaqayyoon hammatamuutti akka nuyi fiigne maaltu nuittisa?**

Namoonni muraasni bakka gahumsa isaanii gahan illee! Sababoota kanaaf keennaman ilaaluun sana booda hariiroo abbaa biyya lafaa irratti xiyyeefannaa kennuu. Kana irratti Seenaa dhuunfaa haala mijeessittoota keessaa nama tokko fayyadamuun baay'ee barbaachisaadha, keessumaa yeroo inni jaalala abbaa dhabuu wajjin walqabachuun itti siiqenyaan Jaalala Waaqayyoo fudhachuutti ulfaatu. Seenicha jaalala maatii dhaabuun gaa'ela dhaabachuufi maatii horuu irratti hammam dhiibbaa hamaa akka qabu agarsiisuu qaba.

 Do'ii 7 "Jaalala Abbaa simachuu"

4. **Waantota dhala namaaf murteessoo ta'an**

- ⇒ Nageenya/Tasgabbii
- ⇒ Eenyummaa fi Kaayyoo
- ⇒ Jaalala

Meeshaalee  diyaagiraamii Garaa guddaa

- Deebii isaa qofa isaaniitti himuurra, hirmaattoonni wantoota murteessoo namaaf barbaachisan akka dubbatan taasisuun baay'ee gaariidha, keessumaa miirawwaa isa ta'e.
- Fakkii Garaa guddaa kaasuun hirmaattoonni achi keessatti waan maatiirra fudhachuu barbaadan akka barreessaniif afeerri.
- Waaqayyoo abbaa akkasii ta'uu isaa kan argisiisu Macaafa Qulqulluu keessaa caaffata isa kam akka ta'e hirmaattota gaafadhu.

5. **Fedhii waan hinguutamne**

- Miidhamni keenya akka ol guddannu nutaasisa
- Madaan keenya yeroo baay'ee gara maatii fi ijoollee keetti darba.
- Biyya keenya irratti dhiibbaa qaba
- Waaqayyo irratti amanuuf Garaa keenya irratti dhiibbaa qaba

Kana kitaaba barnoota irraa barsiisi.

**Hubachiisa**: wantoota baay'ee murteessoo ta'an dhaabuun akkuma waan naasisaan tokko jireenya namaa midhuutti akka miidhu irratti xiyyeefachuun barbaachisaadha. Fakkeenya nyaata fudhachuu dandeessa. Namoonni tokko tokko yeroo dheeraaf nyaataa madaalawaa hintaane kan nyaatan osoo beelli itti hindhaga'amiin jiraachuu danda'u, garuu yeroo dheeraa booda mallattoo hir'ina baay'ee cimaa ta'e irraa argama. Ijoollummaa keenyatti "fayyaaleessa" taane waan guddanneef kana "akka waan Waaqayyoo nuuf hinyaadnetti nutti fakkaata"fi keessa keenyatti hir'ina miiraa guddaa akka qabnu nutti dhaga'amuu dhiisuu danda'a.

6. Waaqayyoo jaalala abbummaa isaa isa dhugaa nuuf kenneera.

- "Ani abbaa siif nan ta'a"
- Jaalala haadhummaa nuuf kenneera.
- Jaalalli Waaqayyoo bara baraafi haala irratti kan hinhundoofnedha.
- Jaalala Waaqayyoo walii walii keenyatti argisiisuu

**7.** **Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Biyyaa waraanaan miidhamnte deebisaanii ijaaruurra maatii deebisaanii ijaaruu dursa.

- Jaalala maatii fedhuu waliin uumamne, jaalala Waaqayyo nuuf qabu fakkeenya godhachuun garuu akka uumama kufeetti jiraachuurra kan ka'e maatiin keenya yeroo baay'ee jaalala nuyi barbaannu nuf hinlaanne.
- Kun immoo Waaqayyoo Abbarraa akka fagaanu nu taasiseera, garuu Waaqayyoo inni abbaa dhugaa ta'e, inni isa fedhii Garaa keenyaa hunda nuuf guutudha.

## 8. Gara dhuunfaa keenyatti firoomsuu

- Akkamiitti fayyina argana: (kun waraqaa fuula tokkorraatti yookiin paawurpooyitiin ta'uu qaba)
- Maatii kee keessatti muuxxannoo argate yeroo fudhadhuu itti yaadi.
- Maatii keerraa maal argachuu feeta kan siif hinkennamiin ture?
- Kun hammam Garaa keerratti dhiibbaa uume Waaqayyoo eenyu akka ta'efi, dandeettii ati warra kaanii wajjin waliitti dhufuuf qabdu?
- 2Qorontoos 6:18, Farfannaa 103:1-6,13 sirriitti gaddi fageenyaan itti yaadi.
- Waaqayyoo akka abbaa siif ta'uuf afeeruun isaarraa jaalala, nagaafi bu'aa simadhu.
- Maatiin kee waan siif gochuu dhiisaniif dhiifama godhiif.
- Waan ofii kee dhaabdeef isa warra kaan miite hundumaaf qalbiididdiradhu.
- Namni ati Jaalala abbummaa yookiin haadhummaa Waaqayyoo kan itti argisiisuun sirraa jiru yoo jiraate sirriitti itti yaadi.

**Yeroo tajaajilaa waliitti qabuuf/gudunfuuf**

**Waaqayyoo abbaa jaalala akka ta'e beekuu daqiiqaa 20-30 eyyamama**

Barumsi kun irruma caalaatti kan inni bu'aa qabeessa ta'u yoo namoonni carraa argatan jaalala Waaqayyoo simataniidha.

Dursa **yeroo callisaa** namootaaf kennuun miira isaanii adda baafatanii hubachuufi ofii isaaniirratti amanamuun waan dhabaniifi madaa isaanii akka adda baafatan gochun gaariidha.

Farfannaa ka'umsaa barumsaa waliin deemu sagalee xiqqoo fayyadamuun baay'ee gargaara, garuu kun akka filannooti. Yeroo callisaa xiqqoo booda, Hafuurri Qulqulluun nama tokko tokkoof jaalala abbaa irratti mul'ata gaddi fagoo akka kennuufiif gaafachuu.

Fayyina baay'ee warra fedha **namni hunduu** akka ol ka'u afeerri.

Namni **abbaafi haadha bakka bu'u** yoo jiraate qabxii kana irratti baay'ee bu'aa qaba akkasumas maatiirra isa Waaqayyo barbaadu maatii bakka hundaayyuu waan hinraawwaneef nama dhiifama gaafatu. Iddoo kanatti tokko tokkoon bakka abbaa yookiin haadhaa isaanii bunee dhiifama gaafachuun bakka keenya miti, garuu akkas jechuu dandeenya "akka abbaa yookiin haadhatti, bakka abbootii haadholii bu'ee dhiifama gaafachuun barbaada isa ijoollee keenya sirriitti guddisuu dadhabneef" tarii karaa isaan ittiin kufan tarreessuun.

Yeroo tajaajilaa kana karaa ittin gudunfinu adda addaafi isa irra caalaa filatamaa ta'e keessumaa akka aadaa naannootti fayyadamuu sirraa eegama. Garee keessatti abbaa fi haati gara fuula duratti bahanii dhaabachuu irraa eegama, namoonni hunduu gara fuula duraa dhufuun jaalala Waaqaayyoo akka simataniif afeeruu qabda.

Akka aadaa keessatti fudhatama qabuutti, namoota gara fuula duratti bahan ofiitti hammadhu. Aadaa tokko tokko keessatti, yoo isaanii waliin gaa'ela qabu ta'e malee dhiirri fi dubartii wal hammachuun akka sirriitti hin ilaalamu. Yoo isaan si hammachuu barbaadan dursii akka isaan fuula kee dura akka dhaabatan, yookiin sii fuul duratti akka jilbeefatan yookiin immoo harka gatiittii isaaniirra kaa'uu akka dandeessu itti himi. Achi keessaa filachuu, garee keessaa dubartii tokko hammatanii simachuu malu.

Yeroo kana hin ariifatii. Akkas isaanii jechuu dandeessa, "Kun isa Waaqayyoo siin jechuu barbaadudha" sanaan booda akka mucaatti kan dhaga'uu isaaniirra jiru jecha mirkaaneessu isaatti dubbadhu. Kan isaan nama addaafi gatii guddaa qaban irra deebi'ii mirkaneessiif. **Tokko tokko dhuunfaa isaaniif isa Hafuurri Qulqulluun Waaqayyoo abbaa biraa siif kenne jecha jaalala isaaniitti dubbadhu.**

Filannoo biraa

Karaa biraan yeroo kana ittiin raawwatamu miseensonni garee naannoo warra gara fuula duratti bahanii dhaabatanii dhaqanii jaalala Waaqayyoo tajaajiluu. Kun gaarrii kan inni ta'u yoo namoonni baay'een gara fuula duratti bahaniiru ta'e, yookiin yoo namoonni qofaan gara fuula duraa bahuu sodaachuun sitti mul'ate.

Yeroo kanatti Waaqayyoo isa gochuu barbaade hundaa hamma raawwachuu isaa argituutti **eegi**.

Geggeesaa Hafuura Qulqulluu akka si hordofu barbaadi. Ba'aa nama ka'ee hin dhaabanne tokkoo sitti kennuu danda'a. Dhuma irratti, **Garaa Waaqayyoof ka'anii akka galata dhiyeessan** hunduma isaanii gaafachuun gaariidha.

**Farfannaadhaan jaalala guddaa Waaqayyoo nuuf qabuuf ayyaanefachuu** baay'eetti bu'aa qabeessa.

Karaa inni guddaan nuyi jaalala Waaqayyoo mi'eefanni keessaa inni tokko walii walii keenya jidduutti, kanaaf namoonni akka jaalala Waaqayyoo waliif ibsaniif isaan gaafachuun ittiin xumuruun gaariidha. Dhuma marii kana booda hundi keessaan jaalala cimaa qabaachuu qaabdu jette itti himuun sirraa eegama!

Akkuma kana xumuraniin Waaqayyoo akka abbaati akka isaan ofiitti hammate akka itti dhaga'amuuf **kadhadhu**.

**Waan isaan maatii isaaniirraa dhaalan akka hojiirra oolchaniif jajjabeessi**.

## Dhaabaa/Girgiddaa Ijaaruu

Haala kee irratti hundaa'uun mata duree guyyaa har'aa tartiiba isaa murteessuu mirga qabda akkasuma illee daangaa yeroo isaa ka'uuf. Muraasni hattuu irraa kaan immoo Garaa madaa'e irraa eegaluuti amanu, barnooticha ganama waan kennamuufi taateewwan isaa waaree booda ta'u. leenjii hirmaachisaa waa'ee Fannoo dhiyaana galgalaa dura xumuruun gaariidha. Yoo barbaachisaa ta'e yeroo dhiyaanaa waliin marii'achuu nidanda'ama.

## Boqonnaa 7 “Hatticha”

Seenduubee qopheessuu

1.Halqara

Namoonni yeroo baay’ee gara LLeenjii Hirmaachisaa Garaa madaa’e fayyisuuf Hawaasa jijjiruutti gareen isaanii qofti fi baay’ee miidhameetti amananii dhufu. Gilgalli kun hundinuu karaa ta’ee gadhisaaniiru sababni isaas hattuun carraa hundumaa isa Waaqayyoo namummaaf yaadu kan saamu waan jiruuf akka ta’e mul’isa. Itti dabalanis leenjii hirmaachisaa waa’ee fannoof karaa qopheessa sababni isaa namoonni akka beekaniifi miidhama isaaniifi waan dhaban hubatan isaan gargaara.

2.Galma

- Tokko tokkoo gareef carraa madaa isaaniifi waan dhaban ibsatan kennuufif.
- Tokko tokkoon garee akka sagaleen isaanii dhaga’amuuf yeroo kennuufif.
- Haarefamaaf (deebii’anii ijaaruuf) abdii uumuu.

3. Maaliif barbaachise

- Namoonni yeroo hunda waan gatan/dhaban nihaalu fi dhabuu/ isa warri kaan gatan hin beekan.

4. Luqisiiwwan barbaachisoo Yoohannis 10:10

5. Qabxiilee ijoo

a) Hattichi namummaa namaa saama

b) Badii keenya wal’aansoo qabuufi fudhachuu

i. Badii sadarkaa adda addaa irratti xiyyeefachuu
ii. Kan gareen balleesse irratti xiyyeefachuu – leenjii hirmaachisaa hattichaa
iii. Minjaala badiifi bu’aa isaa qopheessuu

c) Badii waliinii irra amaleefatame

d) Abdii deebi'anii ijaaramuu

6. Meeshalee  Qajeelfama leenjii hirmaachisaa

Chaartii diriiraafi koppee
Dhaaba irratti chaartii ulee fakkaatu hojjetame

7. Rakkoo mudachuu danda'u

- Waan akka tasaa miira namaa miidhu uumamuu
- Namoonni gara isa booddee ilaaluu kan hin barbaanne jiraachuu sababa inni baay'ee nama miidhuuf.

8. Mata duree biraa waliin walqabsiisuu.

Isa darbe waliin – maatii keessatti dhabuun gara sadarkaa biyyaatti bal'achuu isaa

Isa dhufu waliin – sababa nuyi saamamneef, badii sanaan madoofne darbine.

## Dhiyeessii Boqonnaa 7

1. Namummaa namaa hattichi saamu

Yohaannis 10:10 dubbisi.

2. Badii keenya wal'aansoo qabuufi fudhachuu

a. Badii sadarkaa adda addaa irratti xiyyeefachuu

Garee hundumaa waliin karaa hundaa maal irratti akka ilaalu namootaf yaada kennuufi irraa eegaluun gaariidha. Badii sadarkaa Ardiitti jiru yeroo ilaalu, Awuuroppaa keessatti hammachisuu keenya mirkaneefachuu qabna. Afrikaafi Eshiyaan yeroo baay'ee Awuuroppaan waan kamiin illee akka saamamtetu hin amanan, garuu tarreefamni badii isaanii dheeradha. Awuuroppaan kiristiyaanumaa, gaddi ofdebisuu, jireenya maatii hiikadhaan, ulfa baasuun lubbuu balleessuu, hafuura hawaasummaafi kan kana fakkaatuun saamamteetti. Badii tokkoo ol akka jiru xiyyeefachuu!

b. Badii garee irratti xiyyeefachuu – leenjii hirmaachisaa hattichaa

chaartii diriiraa yookiin paaworpoo'intii fayyadamii adeemsaafi galma isaa ibsi. Yeroon kun yeroo itti badii keenya fudhannuufi sirriitti dhimminnee fudhanu ta'uu, waan qoosaaf jedhamu akka hintaane ibsiif.

Yeroo eeyyamame: tarii kana raawwachuuf sa'aa tokko sii barbaada walakkaa jalqabaaf akkasumaas sa'aa lama kan biraa isaa barbaachisuu danda'a duubdeebii fudhachuu, gosti hedduun akkamiitti akka bakka bu'eefi badiin uumaman hammam akka gahu.

Akka garee namoota isaaniitti hirmaattoota qoodi.

Akka yaada Waaqayyootti maal saamamanii akka jiran hunda isaa akka tarreesaniif garee ajaji (maal akka amaleefataniif kan Waaqayyoo isaaniif yaade garuu kan isaan hinraawwanne). Wantoota akka "hanqi dhiibuu" gaddi tarreesanii barreessuu osoo hin taane qooda isaa "nuyi haqa saamneera" jechuu qabu. Badii yeroo muraasaa irratti akka xiyyeefatan yaada kenniif (fakkeenyaaf: yeroo sirna kolonummaa; sirna appaartayidii dura, yerichaafi isa booda; jeequmsa cimaa tokko durafi kan kana fakkaatan).

Hubadhu: Ruwaandaafi Buruundii keessatti, namoota garee isaaniin qooduu hindandeessu sababni isaa gama siyaasaan fudhatama waan hinqabneef. Haata'u malee, ta'uu kan qabu namoota callistee garee walqixaa sadiitti qooduu. Gareen tokko Tutsi maal akka dhabe, garee inni lammaffaa Hutu maal akka dhabe fi warri sadaffaa immoo Twa maal akka dhaban akka tarreesan gochuu.

Tarreefama 1: maaltu irraa fudhatame ture daqiiqaa 45 eeyyamama tarreessa lamaaniif.

Tokko tokkoo gareef waraqaa chaartii diriiraa irraatti kasii tokko yookiin lamaafi kobbee wantoota isaan irraa fudhatame akka tarreessanii barreessaniif kenniif; garee hunduu waraqaa irratti mata duree kennuufii qaba.

Maqaa Garee: ______________________

“Nuyi________________________________________ nurraa fudhatame ture.”

Achiin booda Wantoota adda addaa kan yaada barreefamaa kana xumuran akka tarreessan godhi.

Tarreefama 2: “Amantaa Dogoggoraa”

Akka yaadni Waaqayyoo nuuf qabu nurraa fudhatamuu isaanii irraa kan maddee waa’ee Waaqayyoo, waa’ee waan biraafi waa’ee ofii keenyaa amantaa dogoggoraa horannee ture. Amantaan miira irraa madde kan barsiisa hintaane, amantaa kanneen akka “Waaqayyo nu adaba” yookiin “Waaqayyoo garee biroo ofiitti qabaa” yookiin “Waaqayyoo haqa garuu kan keenyaaf miti” kanneen jedhan jiru.

Amantaan dogoggoraa maal akka godhe waan dhaban irraa ka’uun garee irratti marii’achuu qaba, achiin booda Chaartii sochootu jala isaatti haa barreessan, “Amantaa dogoggoraa” fi isaan tarreessuu. Seenaa isaanii kutaa kutaan qooduun fayyidaa qabaachuu danda’a, akkuma haalonni sadarkaa isaanii irratti hundaa’uun addaa adda ta’aniin.

Hubadhu: tokko tokkoon hirmaattotaa gilgaalicha hubachuu isaanii haala mijeessaan jidduu deemee garee hundarraa naanna’uun mirkaneefachuun yaada gaariidha. Namoota yeroo jalqabaaf milkaa’uun itti dhaga’ame yoo jiraatan kun yaada Waaqayyoo irraa akka madde dhugoomsuun baay’ee barbaachisa, Fakkeenyaaf: warra dhugaan, moo’ichi, hariiroofi kan kana fakkaatan dhaban, callisamee waan irraa caalaa warra kaan madeessu tarreessuu dhiisuu. Namoota dhugaati kanaan caban yoo jiraatan yaada kenniif.

Duubdeebii leenjii Hirmaachisaa Hattuu. Qabxiilee qabatamaatti raawwataman  Garee gareef daqiiqaa kudhan kudhan eyyamama

Akka haala mijeessatti, duubdeebii waan dhibe irraatti akka kennan **haala qilleessaa mijaataa uumuun** sirra jira, namni hunduu xiyyeefannoon akka hojjetu taasisi. Yeroo hundaa garee

baay’ee madaa’e irraa eegaluun baay’ee baay’isee barbaachisa. Garee keessa nama bakka bu’e gara fuula duratti waamuun waan isaan tarreessan akka dubbisu taasisi.

Waan tarreessan kana osoo ilaalaa jiraanii, nama seenaa kana qoodatu kamuu afeeruun gara fuula duratti as bahee qabxii hunda mul’isuun ibsee namootaaf akka qoodu godhi. Yeroo kana baay’ee of eegannoo barbaada, keessumaa aariin yookiin miidhamni yoo simudateef. Namoonni biroon isaanii waliin falmii akka hinuumne taasisi, yaada isaan kaasan fudhatama dhabsiisi, yoo namoonni gaaffii gaafachuuf ciman illee yoo isaan akka isaaniif ifa ta’u barbaadanis.

Dabalataan, **kabaja barbaaduu** irraatti xiyyeefadhu akkasumas qabxii kana irratti kolfa kamiyyuu akka hinjajjabeessiin sababni isaas nama madeessuu waan danda’uuf. Haqa bade kana hundaa gara fannootti akka fidan jajjabeessi. (yoo namni tokko baay’ee aare, namoota achi jiran keessaa waliitti qabuufi achumatti isaaniif kadhachufi achumatti xumuruu.) wanti beekamaan ati beektu keessaa hafee jira yoota’e, qalbiidhaan waan hafe ibsi.

Erga garee waan waliif qoodanii, yeroo xiqqoo fudhachuun **ijoo waliigalaa isa ta’e adda baasi**, kana jechuu, waan saamame hundaadha. Fakkeenyaaf, Dhugaa kun isa baay’ee murteessaa ta’e tokkodha sababni isaas badiin inni biraanis kana irraa mada, hariiroo walii walii, nageenyafi tasgabbii, fi kan kana fakkaatan. Akka ilaalcha Waaqayyooti mo’ataan tokko iyyuu akka hinjirre argisiisi. Guyyaa kanaa booda wanti kun hundinuu gara fannooti akka dhufu irra deebi’ii mirkaneessi.

Kutaa kana hubannoo eyyantaan xumuri.

**<u>Gilgaala kana booda maal akka isaaniitti dhaga’aame isaan gaafadhu. Badiiwwan kana hundaa tarreessuun namoonni akka gaddaan taasisee? Irra deebii’ii Yohaannis 10:10</u>** dubbisi, yeroo kana kutaa lammaaffaa isaa irratti xiyyeefadhu. Gooftaa Yesuus isa Hattichi nurraa saame nuuf deebisuuf dhufe.

San booda kitaaba barnootichaarraa “Abdii deebi’aanii ijaaramuu” Waayiticha barsiisi. 1Saamu’eel 30 seenaa gaarii qabxii kana irratti fayyadudha. Daawitiifi namoonni isaa badii hedduudhaan miidhamuufi hamma humna humni isaanii dhumuuti boo’ani. “Namoonni Daawit yoommus dhagaan isa rukkuna jedhanii dubbatan!” Garuu, Daawit Waaqayyo biraa humna argachuun dhaqee warra jalaa booji’man hundaa deebifachuuf dubbate. Hunduma isaanii deebifachuun nimilkaa’an.

Abdii deebi'anii ijaaramuu itti yaadaa hamma dhuma kutaa kanaati **yeroo galateefannaa gabaabaa** qabachuun gaariidha.

3. **Leenjii Hirmaachisaa waa'ee hojii Hattichaa irratti yaada filmaataa**

Wanneen dhabneefi rakkina kanaan dhufuu danda'u gara marii minjaalatti fiduu.

Waan dhaban akka ibsaniif namoota tokko tokko gareen qoodanuun sababa adda addaan kan hinmijaanne yoo ta'e, marii minjaalaa garee hundaa iddoo tokkotti waliitti hammate badiiwwan kana hundaa irratti akka taasisan godhi.

Yoo yaada filmaataa kaa'ame fayyadamta ta'e furtuuwwan qofa fayyadamuun gara dhuunfaa isaaniitti akka firoomsan taasisi.

4.  **Furtuuwwan – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.**

- Hattichi inni guddaan Seexani, dhugaa waa'ee Waaqayyoo, kanneen biroofi waa;ee ofii keenyaa keessaa keenya saameera.
- Hariiroo cimaa walii walii keenyaaf Waaqayyoof qabnu nujaalaa saameera.
- Gooftaa Yesuus isa hattichaan nujaalaa saamame nuuf deebisuufi gara guutummaatti nugeessuuf dhufeeraa.

5.  **Gara dhuunfaa keenyatti firoomsuu**

- Seenaa biyya keenyaa keessatti, maaltu garee/saba keerra saamame?
- Hattichi maal dhuunfaa keerra saame/hate?
- Kun immoo Garaa kee irratti maal godhe (miiraan) waa'ee Waaqayyoo, Ofii keefi kan biroo amanuu.
- Gooftaa Yesuus jireenya dhuunfaa keefi namoota keef maal deebisee ijararuu barbaada?

## Boqonnaa 8 “Garaa Madaa’e”

**Seenduubee Qopheessuu**

**1.Halqara**

Akkuma cubbuun Biyya Lafaa seenee kaasee, namoonni karaa adda addaa baay’ee madaa’aniiru. Cubbuun namoota hundumaa madeessera. Nutti cubbuu ofii keenya goone qofaan kan madoofne miti,Garuu nuyi cubbuu warra kaaniin baay’ee madoofneera. Cubbuun rakkina keenya qofaa miti, isa yeroo hundaa waldaan kiristiyaanaa waa’eesaa dubbatu. Gooftaa Yesuus gara biyya lafaa kan dhufe waa’ee cubbuu qofaaf osoo hintaane bu’aa cubbuu hunda

irrattis malee. Dabalataan inni madaa keenya fayyisuu dhufe. Waa'ee cubbuu qofa barsiifna yoota'e, gartokkee Wangeelaa qofa lallabna.

Yeroo nuyi karaa baay'ee madoofnu, kutaa kana irratti ammallee kan nuyi xiyyeefachuu qabnu madaan kun qoqqodaa sabaa/Gosaa yookiin waan biraarraa lata. Miidhaan kanaan dhufu baay'ee nama madeessa.

**Hubadhu**: biyyi kee yoo waan nama sodaachisuu cimaa keess darbite ta'efi lubbuun nama hedduu badeera yoota'e (leenjii biraa keessatti hin kennamne yoota'e), qooda Garaa madaa'e waa'ee naasuu miira namaa miidhuufi namoota miirri isaanii miidhame, bu'aa isaafi miidhaasaa irratti barsiisuun baay'ee gaariidha, (kitaaba Garaa madaa'e fayyisuufi hawaasa jijjirruurraa maxxantuu C ilaali) taatee murtaa'aa tokko kan guutummaa biyyaa irratti dhuubbaa fidu fudhachuun ilaaluun baay'ee barbaachisa, kanneen akka waraanaa, sanyii dugugaa, hedduuminaan ajjeessuu, haqamaleessummaa garmalee, fi kan kana fakkaatu. Sana booda barnoota qabxiii 4 wajjin walqabsiisuu qabda, 'fayyinni madaa keenya beeksisuurraa jalqaba'.

Akkuma qophaa'e kanatti boqonnaa kana ni barsiifta taanaan, meeshaaleen adda addaa waan jiraaniif akka haala keeti filachuun itti fayyadamuu dandeessa.

**Sababa meeshaalee hedduun as jiraaniif, ariifadhuu shakkii tokko malee kitaaba barnoota kanaa waliin deemi.**

**2. Galma**. Namoonni yaaadrimee "madaa'ummaa" akka hubatan gargaaruufi maal fiduu akka danda'u hubachiisuuf.

Waldaan kiristiyaanaa naasuu miira namaa miidhuu danda'uufi sababa du'aaf gadda uumamu irratti furmaata akka laatuuf gahoomsuudha.

3. **Maaliif barbaachisee**? Waldaan kiristiyaanaa yeroo baay'ee cubbuu hojjechuu qofa irratti xiyyeefachuu malee akkamiitti Garaa madaa'e akka fayyissuuf deebii qajeelfama Macaafa Qulqullaa'aa hinbeektu.

4.**Luqisiiwwan barbaachisoo** Fakkeenya 18:14, Isaayaas 42:3, Ermiyaas 6:14fi 30:17

**5. Qabxiilee Ijoo**

a. Madaa’ummaa hubachuu

- Karoora Waaqayyoo isa dhugaafi gaarii inni
    - Maatii nuyi keessatti guddannu,
    - Hawaasa nuyi keessa jiraannuu,
    - Uumama hundumaaf waliigala qabu
- Garuu, namni finciluun karoorri gaarii Waaqayyoo diigame
- Walsimachuu diduu sabaa yookiin gosa jidduuti

b. Madaa’umaa yaadrimee Macaafa Qulqulluu

c. madaawwan akkamiitti nu miidhu

- Naasuu miira namaa miidhuun
- Amantaa keenya irratti
- Karaa cubbuu deebii kennuu keenya

d. Ulfaatina madaa hinfayyinee

e. Fayyinni madaa keenya beeksisuu irra eegala

Meeshaalee Diyaagiraamii 1 “namoonni osoo hinmadaa’iin dura” (ibsa irra keessa qofa)

- Miidhama keenya ibsachuuf maaltu nutti ulfaata?

Meeshaalee golgaa fuulaa seeqa argisiisu

- Waan nudanqu akkamiitti irra darbuu dandeenya?

**6. Meeshaalee** Diyaagiraamii 1 (kitaaba barnoota keessa)

golgaa fuulaa seeqa argisiisu

**7. Rakkina mudachuu danda’u**

- Tasgaboofnee qabachuun kan nurra jiru wanti miira namaa miidhu dhufuu danda’a
- Og-Waaqummaa Sobaa (kun warra madaa’an irratti cubbuu ta’a.)

**8. Mata duree biroo waliin walqabsiisuu**

Isa darbe waliin – hattichaan sababa saamamneef madoofneera.

Isa dhufu waliin – Waaqayyoo rakkina kanaaf deebii kenna.

##  Dhiyeessii Boqonnaa 8

1. Seensa

Barnoota kana bu’uura mannichaa waliin walqabsiisuun eegali, yaada Waaqayyoo hubachuudhaan dhufuu kee beekuu qabda, hirmaattootni rakkina isaanii irratti isa amanuuf qophaa’uu qabu.

Qabxii dhuunfaa irratti yeroo dheeraa hindabarsiin, namoonni hunduu akka madaa qaban itti agarsiisuun sibarbaachisa, sababni isaas baay’een isaanii akka waan isaan qofti baay’ee madaa’uun miidhamanii rifataniitti yaadu. Miidhama madaa hinfayyinee yeroo ilaaltu, yoo waan akkasii raawwateera ta’eef seenaa biyya kee waliin walqabsiisuun baay’ee gaariidha. Waa’ee madaa’uu qofa osoo hintaane akkaataa nuyi itti madaa uumameef deebii laanu irratti

xiyyeefachuun baay’ee gaariidha, keessumaa akkamiitti gaddi fageenyaan amantii keessoo keenyaarratti dhiibbaa uumu.

**2. Madaa’ummaa Hubachuu (kana irratti ifatti marii’achuu)**

- Karoora Dhugaa Waaqayyo nuuf qabu
    - Maatii nuyi keessatti guddanneef (gara boqonnaa 6 tti deebi’ii ilaali)
    - Hawaasa nuyi keessa jiraannuuf
    - Waliigala uumamaaf
- Garuu namni finciluun karoorri dhugaan Waaqayyo nuuf qabu diigame
- Jeeqama sabaa yookiin gosaa

**3. Yaadrimee maada’ummaa akka Macaafa Qulqulluutti**

Kitaaba barnoota fayyadami

**4. Madaa’uun akkamiitti nu miidha.**

- Miira sodaachisaa
- Amantaa keenya irratti
- Cubbuudhaan deebii kennuu

5. Ulfaatina madaa hinfayyinee

6. Fayyinni madaa keenya agarsiisuurraa eegala

Meeshaalee Diyaagiraamii 1 “namoonni osoo hinmadaa’iin dura” (ibsa irra keessa qofa)

- miidhama keenya ibsachuuf maaltu nutti ulfaata?

Meeshaalee: golgaa fuulaa seeqa argisiisu

Fakkii golgaa fuulaa 2 argisiisuun xumuruu dandeessa (kan Paaworpooyitiirra jiru) yookiin golgaa fuulaa seeqa argisiisu fayyadamii altokkoof irra deebi’ii achumaan hirmaattotni madaa isaaniirratti kana akka raawwatan taasisi – madicha golgaa sana jalatti dhoksi yookiin inni akka fayyisuuf yookiin gara Gooftaa Yesuus fidi.

- Akkamiitti waan fudhachuu dide kana mo'achuu dandeenya.

Kitaaba barnoota kana irraa luqiisiwwan Macaafa Qulqulluu fayyadami

**7. Furtuuwwan – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.**

- Madaa'ummaan mallattoo cubbuun biyya lafaa seenuufi fincilli sabaafi gosaa madaa guddaadha.
- Yeroo nuyi madoofnu, soba seexanaa waa'ee ofii keenyaa, warra kaaniifi waa'ee Waaqayyoo fudhachuu eegala, kun immoo miira keenya miidha.
- Waaqayyoo maada'ummaa keenya akka ulfaatina cubbuu keenyatti ilaala. Inni madaa keenya fuula fuulatti fudhachuun akka fayyinu barbaada.

**8. Gara dhuunfaa keenyatti firoomsuu**

- Jireenya kee keessatti mallattoo hafuura madaa'uumma kamii si mudatee beeka?
- Madaa'uun kee irra caalaatti amantaa dogoggoraa akkamii sitti uume?
- Miira kee ibsachuu ilaalchisee aadaa kee keessa amantaa akkamii jira (aadaa maatii kee)
- Karaa kam amantaan kun dhiibbaa sirratti uuma?

## Boqonnaa 9 "Waaqayyo miidhama namaaf deebii kenna"

## Seenduubee Qopheessuu

1. Halqara

Isa namoonni komee dhokataa Waaqayyoo irratti qaban isa Garaa isaanii keessa dhokatee jiru akka ibsaniif yoo isaan gargaare, hubannoo Macaafa Qulqulluu akkaataa itti Waaqayyoo miidhama isaaniif deebii kennu argachuuf baay'ee gargaara. Deebii Waaqayyoo hubachuun Garaa jabaate akka laafu taasisa, yoo isaan miidhama guddaa Waaqayyo numiidhe jedhanii ilaalu taanaan maliif Gooftaa Yesuus hamma fannoo irratti du'uuti ofiitti fudhate isaan hubachiisi.

2. Galma

Namoonni Gooftaa Yesuus cubbuu keenya qofaa osoo hintaane garuu miidhama keenya hunda illee akka baate akka hubatan gargaaruuf.

Miidhamuun dhuma akka hintaane abdii akka argataniif. Waaqayyoo miidhama keenya fayyisuufi argachuu keenya akka miidhamni sun keessa bahu godha.

3. Maaliif barbaachise?

Namoonni baay'een kana hinhubanne kanaafuu rakkina isaanii waliin maal akka godhan hinbeekan. Baay'een isaanii karaa sirrii hintaane isa amaleefataniin isa jireenya isaanii kaan miidhuun deemu akkasumas yeroo hedduu jireenya mo'ame keessa jiraatu.

4. Luqisiiwwan barbaachisoo Ibroota 2:10, Isaayaas 53:4, Isaayaas 61:1-4

5. Qabxiiwwan Ijoo

a. Yesuus rakkina keenya akkasumas cubbuu keenya ofiitti fudhate

- Yesuus Miidhama ni hubata
- Miidhamni muraasni Yesuusiif karaa inni irra deemuudha

b. Fannoon Yesuus bakka jijjiramuu malee kan jamaatti of mul'ise miti.

c. Rakkina keenya keessa akkamiitti bahu dandeenya

- Fakkeenya Macaafa Qulqullaa'aa keessaa namoota Garaa isaanii Waaqayyoo duraatti dhangalasaan

Meeshaalee diyaagiraamii "namoonni osoo hinmadaa'in dura …" (fannoo itti dabaluu, garuu keessaa bahu "dhiifama gochuu")

d. miidhamni qooda badii keenyaa xumuruu waan argannu akka dhabnu akkamiitti godha?

Meeshaalee "Waaqayyoo miidhama keenya nifayyisa" caatoo (graph)

Seenaa dhukaasa abaaboo adii fi abooboo diimaa

e. Fannoon bakka geeddaramsattis

6. Meeshaalee

Diyaagiraamii – “Namoonni osoo hinmadaa’in dura” 2 kitaaba barnoota keessaa (fannoo itti dabaluu, garuu keessaa bahu “dhiifama gochuu”) seenaa (fakkeenyaaf, haaroo Tangaanikaa) Do’ii 8 “geeddaramsa Fannoorratti” (Maxxantuu 4) kun kutaa kana keessatti jalqaba irratti sirriitti hojjetamuu qaba, yookiin qabxii 5 mul’isuun nidanda’ama gara leenjii hirmaachisaa Fannootti deemuu dandeessa.


7. Rakkinoota muudachuu danda’an.

- Rakkina keenya mormuu
- ‘Rakkinni koo fayyuu ni ulfaata’
- Waaqayyoo miidhama ni oolcha – kun Wangeela badhaadhinaa mitiii?

8. Mata dureewwan biro waliin walqabsiisuu

Isa darbe waliin – kun deebii rakkoo maada’ummaatti

Isa gara fuula duraa waliin – leenjii hirmaachisaa fannoof qophaa’uu



## Dhiyeessi Boqonnaa 9

(Kun irra jireessa Mata duree haaraadha, kanaaf kun yeroo baay’ee hirmaachisummaan osoo hintaane kallattiidhaan barsiifama).

Seensa

Kun yeroo tokko tokko seensa barnoota kana irratti biyya Ruwaandaa keessatti kan dubbatamu waa’ee seenaa deemsa haroo Tangaanikaati. Tarii kanaa wajjin kan walfakkaatu aadaa kee keessa qabda ta’a, yookiin kana haalota kee keessatti nimadakfate ta’a. fakkeenyaaf biyya keeniyaa keessatti seenaa nama tokko adamoo deemuu fayyadamu.

Namoonni tokko doonii guddaan irra ce’aaniifi deemsi isaa kan baay’ee fagaatudha, guyyoota 4-5 fudhata. Erga tikeettii bitaatee, qarshiin homtinuu akka isaaf hinhafne hubate. Garuu ofii

isaati akkas jedhe, “yoo xiqqaate tikkeettii ofharkaa qaba, lafan dhaquu barbaadu nangaha.” Booddee, yeroo namoonni nyaachuufi dhuguuf gara mana nyaataa deeman, inni ammas irra deebi’ee of yaadachiise, “Ati qarshii homtuu siif hinhafne kanaaf callisii turi.”

Gaafa guyyaa lammaffaa, ammas namoonni laaqanaafi irbaataaf yommu deeman arge, ammas ofiisaa ofiitti dubbate, “Ati qarshii homtuu siif hinhafne kanaaf callisii turi.” Amma beela’uu eegalee ture. Gaafa guyyaa sadaffaa amma sirriitti akka beela’e of baree callisee dhaqee nyaatee maaltu akka uumamu baruuf murteesse! Mijaala irraa taa’ee achumaan ofii isaatti akkas jedhe, “Amma dhaqee nan nyaadha, garuu sanaan booda maaltu ta’uuf akka deemu hinbeeku. Kanaaf, nyaataa baay’ee filaatamaan ajajaadha, sirriittan dhugee sana booda waanta’u ilala.

Erga nyaatee dhugee booda, gara keessummeessituu ilaalee akkas jedhe, “Waan gochuu barbaade narratti raawwadhu!” Keessumeessituu waan inni jedhe hubachuu dadhabde akkas jechuun gaafate “maaliif?” “sababni isaa gatii nyaataa qarshiin kaffalu hinqabu” jedhee namichi deebise.

Achuman keessummeessituun gaaffii isa gaafate, “deemsa karaa keef tikkeettii bitaateeta mitii?” inni deebisee, “Eeyyee.” Erga gara tikkeettii ilaaltee keessummeessituun akkas jette, “kaffaluu si hinbarbaachisu.” Dinqisiifatee namichi maaliif hinta’u jedhee gaafate. Keessummeessituun deebiftee, “Tikkeettichi dhimma kee hundaa cufeera!”

Sana booda hiika seenaa kana ibsuu nidandeessa, innis Gooftaa Yesuus waa’ee keenya hundaaf fannoo irratti du’e, cubbuu keenya qofaaf osoo hintaane gaddaafi dhibee keenya dabalatee.

1. Yesuus dhibee keenya akkasumas cubbuu keenya ofiitti fudhate.

- Yesuus miidhama nihubata.
- Miidhamni tokko tokko Yesuusiif karaa deemsatti
- Miidhama Yesuus tooraan ilaaluun namoonni Yesuus miidhama akka hubatu sirriitti mirkaneessa.

2. Fannoon Yesuus bakka jijjiramuuti malee kan jamaatti ittiin of mul’ise miti

Wantoota hedduutu jira karaa isaan isa ittiin addaan baafatan. Garuu, sana booda oduu baay’ee gaarii ta’e kennuufi dandeessa. Wanti hundumtuu fannoo irratti gara Yesuusitti geeddarameera, kan inni jireenya isaa darbe keessatti illee hinamaleefanne dabalatee. Inni

cubbuu ta'ee gatii cubbuu hundumaas fudhate. Karaa nuyi tasuma hubachuu hindandenyeen, inni cubbuu nama hundumaafi gaddaa nama hundumaa fannoo irratti qoodate. Dhibee keenya hundumaa Garaa Yesuus irratti dhangalasuun maalummaa miidhama keenyaa akka nurraa fudhamuuf nigargaara.

3. Dhibee keenya akkamiitti ofirraa gatuu dabdeenya?

Fakkeenya Macaafa Qulqullaa'aa keessaa namoota Garaa isaanii Waaqayyoo duraatti dhangalasaan

Meeshaalee diyaagiraamii "namoonni osoo hinmadaa'in dura …" (fannoo itti dabaluu, garuu keessaa bahu "dhiifama gochuu")

4. miidhamni qooda badii keenyaa xumuruu waan argannu akka dhabnu akkamiitti godha?

- Gara laafummaa Waaqayyoo wajjin waliitti bu'uu dandeenya
- Amanitin keenya qoramee jabaata
- Waaqayyoo miidhama keenya furuu ni danda'a

Meeshaalee "Waaqayyoo miidhama keenya nifayyisa" caatoo (graph)

Seenaa dhukaasa abaaboo adii fi abooboo diimaa

Jalqaba irratti "diyaagiraamii gorboo ooluu argiisisuu" hirmaattotatti argisiisuun achiin booda yoo isaan macaafa qulqulluu keessa nama miidhama argachuun xumurate beeku ta'e gaafachuun baanuu dandeessa. isaan muxxannoo dhuunfaa isaaniirra kan qoodan qabachuu danda'ufi isaan dhaga'uun gaarii ta'uu danda'a hamma isaan ifaa ta'aniitti.

Agarsiisa abaaboo miidhagaa

Agarsiifni kun humna guddaa qaba kutaa barnoota Waaqayyoo miidhama nama oolcha jedhu kana irratti. Abaaboo miidhagaan kun abaaboo erga abiddi booba'ee booda qofa kan daraaruu/ifuudha. Ija isaa tarii wagga hedduu lafa keessa turuu danda'a. inni ho'a ibbddaa cimaa qofaan sanyiin isaa dhohee banamuun daraaraan isaa kan guddatu. Daraaraa laaftuu diimaan yookiin yaadrimee kana hirmaattoonni sirriitti akka yaadataniif kan gargaarudha. Duubduubaatti deebinee waa'ee daraaraa tuquun baay'ee kangargaaruufi akka meeshaa deeggarasaa ijaan argamuuti humna qabuutti fayyadamuun xumura leenjii hirmaachisaa waa'ee fannoo kana baay'ee gargaara ('bareedina daaraa keessaa').

**5. Dabalataan Fannoon bakka geeddaramsattis**

Isaayaas 61:1-3 kun namootaf abdii guddaa kenna!

Yoo do'ii hojjeta ta'e "geeddaramsa fannoorraa" mata duree kana irratti barsiisuu si hinbarbaachisu, garuu do'ichi qofti akkaataa barnootichatti siif haata'u qofa. Kun leenjii hirmaachisaa waa'ee fannoo irratti karaa baay'ee bu'aa qabeessadha.

Do'ii 8 "geeddaramsa fannoorraa" (maxxantuu 4)

**6. Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Yesuus dhibee keenyaa akkasumas cubbuu keenya nuuf baate
- Amantiidhaan dhibee keenya Yesuusitti dabarsuun Garaa keenya ni boqochiisa akkasumas birmadduu nubaasa.
- Yesuus miidhamni keenya furamuu akka danda'u godheera.

**7. Gara dhuunfaa keenyatti firoomsuu**

- Yeroo dhumaaf yeroon ati waan xura'aa yookiin dhibee wajjin wa'aansoo walqabdefi Gooftaa Yesuus baataa cubbuufi dhibee kee ta'uu barte yoomi?
- Waan kamiyyuu haata'uu kan ati Yesuusitti kennuu barbaadu keessa kan Garaa keerratti baachaa jrtu jiraa?
- Dhbee kee Garaa Waaqayyoo irratti dhangalasuun maal sigargaara? Maalirraa si'ittisa?
- Waaqayyoon gara miidhama keeti afeerri inni nifayyisaa.
- Geeddaramsa keessatti Yesuus maal siif kennuu akka barbaadu?

## Boqonnaa 10 "Leenjii Hirmaachisaa waa'ee Fannoo"

### Seenduubee Qopheessuu

### 1. Seensa

Osoo barnooticha hineegaliin dura garee gareen qooduufi gareef maqaa kennuun rakkina baaay'ee hambisa.

Kun haala qilleensa mijaataa uuma akkasumas hirmaattotaaf leenjii hirmaachisaa waa'ee fannoo qopheessa. Namoonni dhibee isaanii Garaa isaanii keessatti baachuun waan baay'eef akka saaxilaman ofgodhu. Isaan waan naannoo isaanii jiru bekuun dadhabbii isaanii akka kabajamu gochuu danda'a. haalli qilleensa kun akkasumatti akka yeroo hundaa ittifufuuf yaali. Akka haala mijeessatti situ leenjii hirmaachisaa kana beeksisaafi akka raawwatamu taasisa waan ta'eef haaala qilleensa gaarii ta'e uumuun sirraa eegama. Dhiironni yeroo hedduu dubartoota caalaa dhibee isaanii beeksisuu irratti baay'ee ulfaata. Isaaniitti tarii gaaffiin itti dhiyaachuun gaarii ta'a, qooda "Garaa kee keessaa dhibee maalfaa qabdaa?" jechuu caalaa

“namummaa keerra hattichi maal same?” yookiin “jireenya kee keessatti badiiwwan akkamiitti simudate?” jettee gaafachuu.

Namootaaf yeroo bareedaa eeyyamuufiin erga hojii gareen hojjetan xumuranii akka isaan dhibee isaanii ibsatan taasisi. Kun kutaa baay’ee barbaachisaa leenjii kanaati.

Hubachiisa: Farfannaa namoonni dhibee isaanii gara Yesuus akka hinfidanne taasisu farfachuurraa eegaluun gaarii miti. Osoo itti hinyaadiin yoo isaan waan dhibee isaanii kan gara Fannooti akka hinfidne godhu farfachuu eegalan, kun baay’ee ibidda/rakkisaadha.

Tarii dhuma leenjichaa irratti “Waan gaarii” hojjechuuf yeroo dhabuu dandeessa. Yeroon yoo sijalaa dhume, filannoo biraan tokko Boqonnaa itti aanu keessatti ittifufuu dandeessa.

**2. Galma**

Namoonni dhibee namummaa isaanii yookiin cephoo isaanii gara Fannooti akka fidatan dandeessisuufi akka fayyina fudhataniif.

Bakka butootni tokkoon tokkoo garee madaafi amantii dogoggora namoota isaanii gara fannooti akka fidan taasisuu

Dhugaa Macaafa Qulqulluu irratti ibsa qabatamaa kennuu, irruma caalaatti qabatamaa taasisuufi namoonni dhibee isaanii irratti akka hojjetan gargaaruu.

**3. Maaliif Barbaachisee**

Namoonni baay’ee dhibee isaanii waliin dubbatanii furmaata argachuurra ammallee Garaa isaanii irratti baatu.

Isaan, nama garee kan biro keessaa jiru tokko wajjin waliitti dhufuun dhibee isaanii qoodachuuf carraa argachuu hindandeenye.

**4. Luqisiiwwan Barbaachisoo** Isaayaas 53:4; Qolosaayis 2:14

**5.Qabxiilee ijoo**

a. Ibsa waliigala leenjii hirmaachisichaa – kaayyoo ibsuu

b. leenjii hirmaachisaan kun akkamiitti demuu qaba

**Tarree 1. Wantoota ta’an keessa isa baay’ee hamaa ta’ee ilaaluu**

I. Waraqaa cittuu irratti barreessuu (daqiidaa 20)

II. Yeroo garee xixxiqqaa (yoo xiqaate sa’atii 1)

III. Duubdeebii garee xixxiqqaarraa (yeroo baay’ee kanaaf yeroon dhibuu danda’a)

**Tarree 2. Dhibee nama tokko gara Yesuus fiduu**

I. Yesuus waa’ee dhibee kanaa maal akka dubbatu carraa kennuu

II. Waraqaarra akka fannootti kukkutuun qopheessuun carraa irraa barsiisuu uumuu.

Meeshaalee fannoo, gadduumii, qeensa

CD muuziqaa meeshaaleen guute (akka filmaataatti)

III. Waraqicha gubuu

**Meeshaalee**

kibiriitii
Baaldii sibilaa yookiin bakka waraqaan itti gubatu
Sirriitti akka waraqaawwan kun gubatan godhe
Abaaboo bifa diimaa yookiin abaaboo uumamaa

**Tarree 3. Waan gaarii**

i. Waan gaarii adda baasuu

ii. Kana olkaasuuf yeroo qabaachuu

leenjii Hirmaachisaan kun sa’atii sadii fudhachuu danda’a

**6. Meeshaalee**

Fannoo, gadduumii, qeensa, abaaboo bifa diimaa yookiin abaaboo uumamaa
Chaartii sochootuufi kobbee
Baaldii sibilaa yookiin bakka waraqaan gubatu
Kibiritii
Waraqaa hundumtisaa gubachuu sirriitti hubadhu
CD muuziqaa meeshaaleen guute duubaan argisiisuuf (akka filmaataatti)

Qabeenya si’ilaallatu hinqabdu yoota’e, filmaata adda addaa argachuuf nama waa uumu ta’i. namni gadduumiifi qeensa hinqabne tokko pilaastikii fannoorratti rarraasuufi namoonni waraqaa isaanii boorsaa keessa haabuusan. Namni biraan kan fannoofi gaddumii hinqabne

tokkoo saanduqa kaartonii furdaarra hojjetame irraatti fannoo karaa cinaasaa irratti haakaasuu achi booda namni hunduu waraqaticha keessa haabuusan. Yoo namoonni hinbarreessine ta'e, nama tokko gaafachuurra seenaa isaaii akka isaaniif barreesu yookiin osoo waan gara fannooti fiduu qaban jiruu callisanii waraqaa duwwaa keessa buusuurra, qooda kanaa akka isaan fakkii seenaa dhibee isaanii waraqaa irratti kaasaniif yaada kenniif.

Waan ijoollooni muuxxatan akka salphaati hinlakkaa'in, uumurii baay'ee ijoollumatti illee. Tarii yoom akka ta'e adda baafachuu dhiisuu danda'u, yookiin namoota warra kaam akka ture, garuu balaan yoo naannoo isaanniitti raawwatame, isaan yaadachuu nidanda'u. ijoollen fakkii kaasuutti baay'ee cimoodha; fakkiin waan jechi dubbatu caalaa yeroo hundaa guddisee dubbata.

| **7. Rakkinoota simudaachuu danda'aan** | **Yaadota furmaataa** |
|---|---|
| Namoonni dhibee isaanii akka hinbarramne gochuu danda'u akka waan dhibee hinqabneeti yookiin akka waan hundaasaa wajjin marii'atanii xumuraniiti. | Namna tokkoyyuu humnaa akka dubbatu/mul'isu hin godhiin kanarraa namoonni hundinuu Hafuura Qulqulluu akka gaafataniif isaan jajjabeessi wanti gara fannooti dhufuu qabu yoo jiraate akka isaaniiti mul'isuuf. |
| Namoonni garee kan biroo waliin yaada/ dhibee isaanii waliif qooduu diduu danda'u | Garee yeroo ijaaru garee isaanii alatti qooduun gaarii ta'uu danda'a. gaafii, "warri kaan maal yaadu?" kun yeroo hundaa tooftaa gaariidha! Yoo garee walmakaa keessatti ijaaraman bu'aa baay'ee akka argatan itti himuu qabda. |
| Namoonni xiyyeefannoon fudhachuu dhiisuu danda'u, akka salphaati fudhachuu, kolfuu qofa | Irra deebi'ii kun baay'ee murteessaafi yeroo eebbifamaa namoonni dhibee isaanii itti beekaniifi gara Waaqayyootti fidan akka ta'e yaadachisi. Yooma isaan ofii isaanii kana |

| | |
|---|---|
| | gochuu hinbarbaadan ta'e illee, namoota raawwataniif kabajaafi xiyyeefannoo akka godhan taasisi. |
| Fakkii fayyadamuu mormuu. | Macaafni Qulqulluu fakkiidhaan guutuudha. Raajonni fakkeessuun fayyadamaniiru, Waaqayyoo ofiisaa mul'isuuf fakkiidhaan gargaarameera, Gooftaa Yesuus fakkeenya fayyadameera. Seenaa Yesuus namicha ija jamaa biyyoo suphee itti dibuun fayyisefi gara harooti akka dhiqatuuf erga baay'ee nigargaara. Wanti addaa waa'ee biyyee suphee yookiin haroo/laga dhiqanaa Sanaa hinjiru, Gooftaa Yesuus waa gochuu isaatiin amantiin namichaa fayyina fudhachuuf akka guddatu nibeeka |
| Yeroo kenname ala deemuu | Yoo erga yeroon darbee hojjechaa jirta ta'ellee yeroo isaan garee keessatti qaban jalaa xiqqeessuu hinyaaliin. kun yeroo jalqabaaf yeroo isaan miidhama isaanii waliif qoodanidha, kanaaf isaan ariifachiisuun barbaachisa miti. Yoo yericha dirqama dhaabachuu qaba ta'e, qooda sadiin isaan keessu lamaatti isaan qoodi. |

**8. Mata dureewwan biroo wajjin walqabsiisi.**

Isa darbe waliin – kun raawwii qabatamaa Gooftaa Yesuus cubbuufi dhibee keenya baatedha.

Isa dhufu waliin – cubbuufi dhibee keenya fannooti kennuun dhiifama akka arganu godha.



# Dhiyeessi Boqonnaa 10

**Leenjii Hirmaachisaa waa'ee Fannoo raawwachuu**

Karaa qabatamaa ta'een namoonni dhibee isaanii gara fannootti akka fidaniif carraa kennuu

Jireenya keenya keessatti bakka hojii keenya kan nuyi qajeelfama malee raawwannu akka qajeelfama Macaafa Qulqulluutti akka ilaalu nigargaara. Leenjii hirmaachisaan waa'ee fannoo karaa amantii keenyan ala isa Yesuus dhibee keenya fannoo irratti baate raawwachuudha. Kun yeroo hundaa kan inni dhufu tarkaanfii amantii dhugumaatti Yesuus fannoo irratti dhibee keenya akka baate amanuufi, sanarraa ka'uun adeemsi fayyinaa akka eegale. Itti dabalees kun warra kaaniif carraa itti Garaafi miidhama warra kaanii itti dhageefataniidha.

Karaa baay'isee gaarii ta'een leenjii hirmaachisaa kana raawwachuuf Muuxxannoo keenya irratti hundoofne isin waliin qoodachuu barbaanna. Haala qqilleensaa mijaataa uumun baay'ee barbaachisaafi hirmaattotaaf haala mijeessa. Namoonni dhibee isaanii Garaa isaanii keessatti

baachuun waan baay'eef of saaxilaniiru. Namoonni naannoo isaanii dadhabbii isaanii akka kabajan beekuu barbaadu. Itti dabalee, duubdeebiin chaartii sochootuu irratti barra'uu qaba, haalota jiran irratti hundaa'uufi yeroo jiru irratti.

Leenjii Hirmaachisaa kana keessatti maaltu ta'uuf akka jiru namootaaf yaada kenni.

Hunda dursa, jalqaba irratti yaadni waliigalaa yoo isaaniif kenname namoonni baay'ee bilisa akka ta'an itti dhaga'ama, akka galuufitti sirriitti ibsuun sadarkaa hundumaa keessatti maaltu ta'uuf akka jiru. Kanneen armaan gadii isaaniitti himuu sibarbaachisa:

- Waraqaa citaa irratti waan isaan madeesse yookiin waan hattichi jireenya namummaa isaaniirra saame akka barreesaniif carraan akka kennamuuf.
- Namni tokko illee waraqaa isaanii akka hinargine isaan qofa malee akka ta'e irra deebi'ii mirkaneessiif, maqaa isaanii achi irratti barreessuu hinqaban.
- Garee xixxiqqaa keessatti yeroo tokko tokko akka dabarsan, yeroo sana walii walii isaanii akka dhageefatanfi walii isaaniif akka kadhatan. Walii isaaniif maal akka qoodan filachuu danda'u.
- Yeroo garee xixxiqqaa booda waliitti qabamuun yeroo muraasa akka waliin dabarsan hunda isaas Yesuusitti akka kennan.
- Waraqaa isaanii cicciruun gara fannooti bifa fakkiin ibsuuf carraa akka qaban.
- Fannoo kana bakkeeti mul'isnee baachuufi waraicha balleessuu yookiin gubuu.
- Yeroon kadhannaa itti fufee dhufuu qaba, Waaqayyo miidhama keenya akka fayyisu gaafachuu.
- Dhuma irratti, waan gaarii Waaqayyoo jidduu isaaniitti raawwate akka ilaalaniif carraa kennuu.

Baafata ifaa kana erga ibsiteen booda, hirmaattoonni gaaffii akka gaafataniif carraa kenniif, akka barbaachisummaafi danda'amuti deebii ifaa kenniif. Yoo namni tokko madaa fayyuu qabu akka waan hinqabnetti yoo dhoksefi leenjii kana irratti dubbachuu yoo hinbarbaanne, yoo itti waliigala ta'e Hafuura Qulqulluu akka gaafatuuf carraa kenniif, yoo nibarbaada ta'e wantokko irra keessa isaa akka ibsuuf eeyyamiif. Fedhii isaa yookiin ishee ala namni tokko leenjii hermaachisaa kana akka fudhatuuf dhiibbaa irratti hinuumiin. Yoo ofii isaanii filatan bu'aaqabeessa.

**Leenjii Hirmaachisaan kun akkamiitti adeemsifama. Yoo xiqqaate daqiiqaa 90 eeyyamiif**

**Tarree 1. Wantoota baay'ee gadhee raawwataman ilaali.**

**a. Waraqaa cita irratti barreessi.**

Xiyyeefannoo guddaa isaan itti kennanii leenjii Hirmaachisaa kana keessaatti hirmaatanii eebba guddaa isaan fudhataniin hirmaattota jajjabeessi.

- Osoo hinbarreessuu hinjalqabiin dura Waaqayyoo isa isaan baay'ee Garaa isaanitti madaa'aniifi namummaa isaaniin waan dhaban gara sammuu isaanii fide akka yaadachiisuuf akka kadhatan yaada kenniif.
- Akka callisaniif daqiiqaa 10 namootaaf kennuufi balaa isaan ilaalatu keessaa mata duree isaa akka gudunfaatti waraqaa irratti dhuunfaa isaanii akka barreesaniif yaada kenniif.
- Yoo isaan dhibee kan walwaraansa wajjin walqabatu irratti xiyyeefatan illee, dhukkubbii kamuu, sadarkaa jireenya isaanii hunda keessatti isaan mudate barreessuu qabu. Yoo dheerrasanii barreessuuf dandeettii qabataan wantoota ta'an keessaa kan baay'ee hamaa ta'e shan qofa akka barreessan yaada laadhuuf.
- Yoo itti amanan, bakka qofaa isaanii ta'aanii barreesan akka dhaqan itti himi.

**b. Yeroo garee xixxiqqaa**

Garee namoota sadiifi isaa gadii (nama sadii oltaa'uu hinqabu sababni isaas namoonni yoo baay'atan yaada isaanii waliif qooduufis ta'e waliif kadhachufu yeroo dheeraa isaan gaafata namoota hunda hirmaachisuuf)

- Gareen kun kan namoota gartuu sabaa, gosaafi amantaa adda addaa waliitti mkame ta'uu adda bafadhu. Korniyaa waliitti makuu tarii gaarummaa hinqabaatu, akkasumaas dargaggoota namoota gaheessa waliin walmakuun gaarii miti.
- Wanti isaan garee keessatti waliif qoodan garee sana keessa akka hinbaanne qajeelfama kenniif.

- **Ba'aa walii walii isaaniif akka amanamaan** hamma danda'ame isa barreessan waliif waliif qooduu irratti isaan jajjabeessi. Hamma waliif qoodan, hammasuma fayyina irratti argatu.

- Yeroon kun yeroo gorsaa yookiin yaada kennuu osoo hintaane irra caalaa yeroo **jaalalaan dhgeefatan** ta'uu xiyyeefatamuu qaba.

- Dhibeen nama tokko gatii akka qabu ibsuun gaariidha, akkasuma illee dhibee isa tokko isa tokko hinfaallessuu. Kana ta'uu baanaan dhibee "garee biraa" dhageefachuun baay'ee ulfaata.

- Muuxxannoo keenya irraa, yoo xiqqaate sa'aatii 1 barbaada garee xixxiqqaa kanaaf kan eeyyamamu. Haaluma Kanaan daqiiqaa 15 garee keessatti tokko tokkoo hirmaattotaaf akkasumas daqiiqaa 5 garee biroon isaaniif akka kadhatuuf. Yoo namni tokko qofti yeroo hundaa kan fudhatu ta'e garee miti. Yeroo to'achuufi namoota fayyina akka fudhataniif tuqanii gargaaruun hriiroo gaariidha, kanaaf hafuura Qulqulluuf miira ofii qopheessuun gaariidha. Yoo nidanda'ama ta'e, yeroo bal'aa akka waliif qoodaniif eeyyamiif, kun yoo namoonni Garaa isaanii keessaa dhangalafataa jiru ta'edha.

**Jaalalaafi kabajaan duddubachaa** namoonni hundinuu garee keessatti walii walii isaaniif akka qoodaniif qajeelchi. Galmi isaa namni kamiyyuu yeroo dubbatu nama kamiyyuu isa isa dhageefatu jaalachaa ta'uu qaba. Gorsoota armaan gadii kenniif akkamiitti **seenaa nama tokko** akka dhageefatan:

- Guutummaa seenaa isaanii gaddi fageenyaan akka dubbatan jajjabeessi, isa dhugaa qofa osoo hintaane, garuu akkamiitti akka itti dhaga'amaa turefi maal akka isaan miidhe.
- Yeroo ramadame guutumasaa akka itti fayyadaman eeyyamuu fi guutumaatti xiyyeefannoo isaaniif kenni.
- Ijaan isaan to'adhu akkasumas ijaa keetiin mallattoolee argisiisaa ilaali.
- Baay'ee nama qalbii qabu ta'i.
- Akka seenaa isaanii ibsaniif gaaffii gaafadhu, kanaa achi callisii turi.
- Shakkii yookiin aarii isaanii akka ibsataniif eeyyamii isaan osoo sirreessuuf hinyaaliin
- Osoo isaan hin qaanessiin imimmaan isaanii akka dhangalasaan taasisi.
- Sa'aatii hinilaaliin, hinhamuummatiin yookiin karaa foddaa ala hinilaaliin yoo akkas goote seenaan isaanii barbaachisaa miti jette itti fakkachuu danda'a.

- Yoo isaan sii gaafatan malee gorsa hinkenniniif.
- Yeroo isaan seenaa isaanii dubbachuu xumuran, isaan jajuun abdii kenniif.
- Dhibee isaanii gara Yesuus akka fidaniif isaan jajjabeessi akkasumas akka fayyaniif kadhadhuuf.

Gareen dursaanii xumuraan haasa'aa akka hineegaleef jajjabeefamuu qabu yookiin garee warra kaan osoo isaan hinjeeqin warra ammallee seenaa isaanii himaa jira jidduu deemi.

**c. duubdeebii garee xixxiqqaarraa – yeroo tokko tokko kun ni irranfatama**

yeroo garee xixxiqqaan gara dhumaatti dhufu, hirmaattoota gara iddoo tokkotti deebisii waliitti qabi akkasumallee hammam isaaniitu yeroo garee keessatti jaalala keessa galan.

- Irra keessa chaartii socho'u/naanna'u irratti barreessi. "**Waan baay'eee hamaa ta'e**"

- Qabxii ijoo muraasa akka waliif qoodaniif hirmaattota gaafadhu isa garee xixxiqqaa keessatti marii'atan. Kana chaartii naanna'u irratti barreessi. Kana irratti maqaa isaanii osoo hinbarreessin bakka bu'ee fayyadami, garuu kun gilgaala baay'ee barbaachisaadha sababni saa garee hunduu irra fayyadamuu danda'a.

- Duubdeebii isaanii keessatti namoonni karaa **gabaabaafi murtaa'aa** a ta'e dhiyeessuu akka yaalan gargaari. Fakkeenyaaf, namoonni akkamiitti akka du'an yookiin akkamiitti akka miidhaman akka dubbatan, qooda callisanii 'namoonni du'a' yookiin 'namoonni miidhama' jechuurra garuu seenaa guutummaasaa himuurra ammas kanaaf hunduma isaaf yeroon jira waan ta'eef gartokkee isaa fudhadhu.

- Ammas irratti xiyyeefadhu namoonni ofii isaanii ibsuuf mirga akka qaban, dhibee isaan baatan kamillee. **Kun yeroo marii yookiin falmii miti**, garuu yeroo namoonni dhibee Garaa isaanii waliif qoodaniidha.

Tarree 2. Dhibee ofii gara Yesuus fiduu daqiiqaa 30

**a. Waa'ee dhibeeofii Yesuusiitti dubbachuuf carraa argachu**

waan isaan waraqaa isaanii irratti barreessan ilaalchisee Waaqayyoo maal akka jedhu hirmaattoonni akka yaadaniif jajjabeessi kun isa Waaqayyo kanaaf jedhe nama uume miti, wantoonni namni akka akkas ta'uu Waaqayyo tasumaa kan hinbarbaanne jira (Ermiyaas 7:31)

- Dhibee kana hundumaa bakki itti namarraa fudhamu bakka tokko qofaan akka jiru isaaniitti himi. Inni Fannoo Yesuus

- Chaartii naanna'u irratti jiggugaleessa isaatti fannoo dheeraa kaase.[1]
- Fannoo dheeraa, gadduumiifi qeensa muraasa bakka argamuu danda'u lafarra kaa'i.
- Yesuus waa'ee dhibee Garaa isaanii keessa jiru akka dubbatuuf[2] hirmaattoota jajjabeessi. Afaaniin ibsuun baay'ee bu'aa qaba, garuu namoonni kana sagalee olkaasaniis ta'e yookiin callisaanii akka fedhaniitti haa raawwatan. Wantoota rakkisoo muuxxatanii beeku yoota'e, yoo isaan waa'ee gara fuula duraa sodaatan, yoo qofaa ta'an yoo isaan aaran, yoo isaan nama isaan jaalatu dhaban isaan Yesuusitti himuu qabu.
- Dhibeefi aarii isaanii hunda Garaa Yesuus irratti akka dhangalasaaniif Isa Fannoo irratti gara hoolaa Waaqayyootti geeddarame amantiidhaan ilaaluu akka danda'an isaan jajjabeessi.
- Dhibee isaa ibsachuu isa gartokkee fayyina isaanii ta'erra miira isaanii akka hinittifneef isaan jajjabeessi. Waaqayyoos dhibee isaaniif ni boo'a.

**b. carraa waraqaa isaanii Fannoo irratti qabsiisuu[3]**

Namoota fedhan kamiyyuu jajjabeessi, taatee fakkiin waraqaa isaanii fannoo iratti maxxansuun akka hirmaata. Yeroon kun yeroo qulqullaa'aa akka ta'e hubachiissi, kanaaf namni kamiyyuu kabajuu waan qabuufi kun kan hindubbatamneedha. Namni muraasni hirmaattoota keessa kan hinamanne yoota'an, isaan tasuma cubbuu isaanii gara fannoo fidanii akka hinbeekni isaaniitti himi, yeroo kun immoo kana gochuuf carraadha.

- Leenjii Hirmaachisaa waa'ee Hattichaa raawwatan irratti hundaa'uun, bakka buutonni garee tokko tokkoo chaartii naannooftuu madaafi badiifi amantii dogoggoraa isaanii irratti tarreefamee jiru kan garee Sanaa gara Fannoo fiduun baay'ee bu'aa qaba.
- Erga isaan waraqaa isaanii fannoo irratti maxxansanii, dhibee isaanii jijjiruun maal isaanii akka kennu Waaqayyoon akka gaafatan hirmaattota jajjabeessi.
- Yoo Hafuurri Qulqulluun si kakkase akka haala mijeessaatti kan fannoorraa dhufe isaan hammachuufi kadhachuufif of qopheessi.
- Erga namni xumuraa waraqaa isaa fannoorratti qabsiisee, nama oolmaa Yesuus Mootummaa Waaqayyoo bakka qulqullaa'aa gadhi dhiisee dhufuun biyya lafaa irratti cubbuu keenya hundumaafi gadda namuummaa keenyaa isa baatef galata ibsuu barbaadu yoo jiraate gaafadhu.

- Fedhaan nama bakka Sanaa baatee gaddi baasee waraqaa fannoo irratti walqabsiifame sana gubu gaafadhu. Baaldii sibilaa keessatti waraqaa kana mana keessatti gubiuun nidanda'ama, keessumaa yoo alli jidhaa yookiin qilleensa'aa jiraate, yookiin immoo naannoo shakkii qabu jirta ta'e.
- Namoonni hudinuu dhufuun gubachuu isaa akka arganiif isaan jajjabeessi.

Waraqaa gubuu

Haala mijeessitoonni leenjii hirmaachisichaa waraqaa sana fannoorraa funaanuun nigubu

- Akkuma aarri isaa asii olka'ee, Waaqayyoo dhibee isaanii akka isaan irraa fuudhe akka amananiif isaan jajjabeessi.
- Waraqaa cituun kamiyyuu akka gubaate adda baafadhu.
- Waaqayyoo miidhama waraqaa kana irratti galmaa'erraa akka isaan fayyisu isaan hubachiisi akkasumas daaraa kana keessaa waanti bareedaan bahu danda'uu isaa akka amanan. Akka fakkiitti abaaboo muraasa daaraa kana keessa kaa'i.
- Geengoo uumanii hirmaattoonni harka isaaniitti akka walqabaniifi, tokkummaan akka nama cinaa isaanii jiruuf akka kadhatan gaafadhu, kun Yesuus isaan fayyisuun waan miidhagaa achi keessa baasu danda'a.
- Dhuma irratti Namoonni nagaa Waaqayyoo walii walii isaaniif kennuun karaa gaariin akka ta'e isaaniitti himi.
- Kutaa dhumaaf keessa gara boodetti deebii.

Tarree3: Waan Gaarii

a. Waan gaarii ta'e adda baasi.

- Namoonni akka xiyyeefataniif gaafadhu, rakkinaafi qoorumsa keessatti waan Waaqayyoo isaaniif hojjete raga akkamii akka ta'e.
- Waaqayyoo Garaa namoota keessatti waan gaarii hojjeteeraa?
- Wanti gaariin tokko miidhama isaanii keessaa yookiin kan biyya isaanii keessa bahe jiraa?

- Dursii wantoota gaarii ta’an chaartii naannoftuu lama irratti tarreessi “**Wanta gaarii.”** Yoo nidanda’ama ta’ee, jireenya fakkeessuf kobbee magariisa fayyadami.
- Ibsa gabaabaa irratti akka xiyyeefatan yaada qabsiisi, dhugaa baatii dheeraarra (fakkeenyaaf, “namoonni baay’een yeroo rakkinaa gara Waaqayyootti deebi’u”)
- Jireenya isaaniifi kan biyyaa isaanii keessatti dukkanaa guddaa keessaa furmaataf waan gaarii kanta’e qabxii tarraa’e keessa adda baasi, ifichi ammayyuu ifaa jira.isaan dhugaa Yoh.1:5 amaleefataniiru: “Ifichi dukkana keessatti ni’ibsa, dukkanichi immoo isa bira ga’uu hindanda’u.” dukkanichi tasuma, yoomillee Ifa Jaalalaa Waaqayyoo balleessuu hindanda’u!

b. Waaqeffachuuf yeroo qabaachuu

- Farfannaa galataa kan mo’icha Waaqayyo dukkana irratti qabu jajjatu farfachuu
- Hamma yeroon eeyyameetti waaqeffachuu, jajjachuufi dhugaa baatii waliif qooduu ittifufuu.

## Demdemmoofi Gardaafoo itti dabaluu

Barnoota guyyichaa osoo hineegaliin, leenjii hirmaachisaa waa’ee fannoorraa duubdeebii murt’a'aa fudhachuu. Fakkeenyaa, “Boqonnaa dhumaa leenjichaa irraatti Garaa kee keessatti maaltu ta’e? jedhii gaafadhu. Duubdeebichi gabaabaa akka ta’u yaali, yoo akkas ta’e namoonni baay’een irratti hirmaachuu danda’u. (guutummaa seenaa jireenya isaanii dhageefachuuf jedha “dhugaa bahumsaa” hinfayyadamiin!)

Boqonnaa 11fi 12 dhiifamaafi qalbii diddirannaa waan ta’eef, tokko tokko barnooticha irratti barnoota qalbii diddirannaa barnoota dhiifamaa dursa kennuutu gaariidha jedhu. Akkaataa haalota keeti dura duuba barnoota kanaa isa bu’aa qabuun kenni.

Demdemmoo manichaa itti daballi qabxii kana irratti, garuu gardafoo manichaa hamma “eebba labsituutti yookiin marii geggeessituutti” itti hindabaliin.

### Boqonnaa 11 “Yaakamaatti Araaramuu”


Seenduubee Qopheessuu

1.Halqara

Yeroo barnoonni dhiifamaa bal'inaan Waldaa Kiristiyaanaa keessaatti barsiifamu wanti dogoggooraan hubatame tokko isaa kamtuu dhiifama argataafi isa kamtuu dhiifama hinargatuu kan jedhuudha. Yoo karaa alaan barumsicha irratti waliigalamees, yeroo hunda Garaan keenya wal'aansoo, miira ifaa hintaane, Waaqayyoo numiidhuu brbaade akka dhiifama goonu nutti fakkaata. Dhiifama gochuu yaala garuu yeroo gara yerootti deebi'ee dhibee walfakkaataan nuquunama. Nuyi yeroo hunda dhiifama yeroo namni waan tokko nurraa fudhatuufi faallaa keenya waa nurratti hojjetu argina. Ta'uus dhiifmni Macaafa Qulqulluu bu'aa keenyaaf hojjeta.

2. Galma

Yakkamaaf dhiifama gochuu jechuun maal jechuu akka ta'eef hubannoo dogoggoraa saaxiluuf

Barnoota waa'ee dhiifamaa Macaafa Qulqulluun madaaluufi kan miidhamnichi kan dhiisuun ulfaatu yoota'e miidhamaan aayyaana Waaqayyoo fudhatee dhiifama gochuu akka danda'u taasisuuf.

Waliitti dhufeenya dhiifama gochuufi haqummaa ibsa kennuu

3.Maaliif barbaachise

Dhiifamni maal akka ta'e baay'een dogoggora hubachuufi dhiifama akka goonuuf isa Waaqayyo nugaafatu beekuu irratti wal'aansoo qabuu. Baay'ee dirqama osoo hintaane akka filannootti ilaaluufi iddoo boqonnaa miraa guddaafi dhiifama gochuu dhiisuun qaaman illee miidhama qaamaa akka fidu.

Hubachiisa: Mata duree kana irrratti akkaataa kitaaba barnoota Kanaan sirnaan akka deemtu gorsa siif kennina.

Dhiifama gochuun mata duree baay'ee bal'aafi namoonni akka salphaatti gaaffii gosa kamiyyuu sii faana bu'uun waa'ee akkamiitti haalota adda addaa keessatti dhiifama gochuu dandeenya jedhanii sigaafachuu danda'u. naamusa qabaachuufi ittifuftee walwaraansa biyyaa yookin naannoo isaanii keessa jiruu qalbiin ilaaluu qabda, kana tasuma kitaaba kana irraa hinargatu. Gaaffii isaanii gaarii akka ta'e jajuu dandeessa, garuu yeroo kana gara isaanii ilaaluun gaarii miti. Yeroo boqonnaa shayee isaan waliin duddubachuu dandeessa.

Yeroo kee beekumsaan qoqqoduu yaali. Boqonnaa kana irratti do'iiwwan baay'ee humna qaba akkasuma illee namoonni isa baratan caalaa isa yaadatu, kanaaf isaniif yeroo bal'aa akka dhiifte mirkaneefadhu.

4. Luqisiiwwan Barbaachisoo Maatiwoos 5:38-48; 6:15; 18:21-35

5.Qabxiilee Ijoo

a. dhiifama gochuu Macaafa Qulqullaa'aa hubachuuf, dirqama jalqaba irratti isa dhiifama gochuun hinqabne ilaaluu qabna.

- Dhiifama gochuu jechuun rakkoo hinqabu jechuu yookiin cubbuu wajjiin walii galuu jechuu miti.
- Dhiifama gochuu jechuun miira aarii, gaddaafi kan kana fakkaatan mormuu jechuu miti.
- Dhiifama gochuu jechuun irranfachuu yookiin irra deebi'anii waamuu dadhabuu jechuu miti.

Meeshaalee Do'ii 9 "Dhiifama gochuun irraanfachuu miti" (maxxantuu 4)

- Dhiifama hochuu jechuun sirna haqaa Biyyaa irratti waliin hojjechuu diduu jechuu miti.

- Dhiifama gochuun wantoota daangaa ala hojjechuu dhiisuu jechuu miti.

b. Akkas taanaan Dhiifama gochuu macaafa Qulqullaa'aa isa kami?

- Isa yakkeef kennaa isaa hinmalle kennuufi.
- Mirga haaloo qabachuu keenya gadhi dhiisuu
- Murtoorraa dhiisuu filachuu
- Wantoonni tokko tokko kafaltii humna olii gaafachuu danda'a, garuu kaffaltii kana guutummatti dhiisuun hinta'u.

c. Miidhama dhiifama gochu dhiisuu

- Dandeetii dhiifama argachuu keenyaa nujalaa ittisa.

Meeshaalee Do'ii 10a "dhiifama gochuu dhiisuun walqabsiisuu" (1) (maxxantuu 4)

- Dandeettii fayyina fudhachuufi birmaddummaan jiraachuu keenya ittisa

Meeshaalee Do'ii 10b "dhiifama gochuu dhiisuun walqabsiisuu" (2) (maxxantuu 4)

- Eenyummaa keenya isa dhugaa hubachuu akka hindandeenye godha

- Jireenya keenya bakka ejjennaa seexannaaf kenna

d. dhiifama gochuuf akkamiitti ayyana arganna?

- Dhibee keenya mul'isuufi kan keenya ta'uu argisiisuu, Garaa Waaqayyoo irratti dhangalasuufi Yesuus ittigaafatama hundaa akka fudhatu godhi.

Meeshaalee Diyaagiraamii – "namoonni osoo hinmadaa'in dura…" as irratti jechoota dabali "dandeettii dhiifama gochuu"

- Ofii keenya amanuufi yakkamaa harka abbaa seeraatti kennuu
- Dhiifama Waaqayyoo argachuuf hammam keenya akka barbaannu dhugeefachuu

6. Meeshaalee

Diyaagiraamii "namoonni osoo hinmadaa'in dura…" as irratti jechoota dabali "dhiifama gochuu"
Do'ii 9 dhiifama gochuun irraanfachuu miti
Do'ii 10a - dhiifama gochuu dhiisuun walqabsiisuu (1)
Do'ii 10b - dhiifama gochuu dhiisuun walqabsiisuu (2)
Do'ii 11 – maal deebisnee argannaa? (kun boqonnaa 11 yookiin 12 keessatti fayyada)
Fannoo; awusaa/uffaata; funyoo; waraqaa dheeraa walii "dhiifama gochuu" irratti barreessi, yookiin hinargamu yoota'e Macaafa Qulqulluu fayyadami.


7. rakkinoota mudachuu danda'an

- Namni tokko dhiifama akka gootuuf yoo sigaafatae akkamiitti dhiifama gootaf?
- Nama si miidhe ammallee hinbeektu yoota'e maalgoota?
- Dhiifama osoo hin godhiin dura isa bade deebisuu hinbarbaachisuu?

8. Mta dureewwan biro wajjin walqabsiisi

Isa darbe waliin – dhibee keenya Yesuusitti kennuun dhiifama akka goonuuf bilisa nutaasisa

Isa gara fuulduraa waliin – isa yakkeef dhiifama gochuun kutaa araara buusuu keessa isa tokkodha, garuu inni yakka godhe sun qalbii diddirachuu qaba.



# Dhiyeessi Boqonnaa 11

**Boqonnicha raawwachuuf yaadota kennaman**

**1. seensa**

Barnoota kana bu’uurafi girgiddaa manichaa wajjin walqabsiisuu kee yaadadhu, duraa duuba mata dureewwan eeguu hubachiisi.

Mata dureen dhiifama gochuu jedhu namoonni waa’ee isaa dhaga’uuf salphadha jedhani yaadu yoo ta’e gaaffii gaafachuudhaan eegali. Isaan irra caalaa deebii salphaa akka huntaane nikennu. Namoonni warra kaaniif dhiifama gochuuf rakkoo maal akka qaban gaafadhu. Deebii kanaaf maal irratti xiyyeefachuu akka qabdu nibarta.

2**. Dhiifama gochuu Macaafa Qulqulluu irraatti hundaa’e hubachuu, jalqaba maaltu ta’uu akka hinqabne ilaala.**

Barnoota kana irratti jalqaba hirmaattootonni maal baratanii akka turan adda baasuun gaariidha. Dhiifama gochuun mal akka ta’e isaan gaafadhu. (isaan kana chaartii naanna’u irratti tarreessuu qabda.) itti aansuun sirnaan kitaaba barnoota kana hordoffi.

- Dhiifama gochuu jechuun rakkoo hinqabu jechuu yookiin cubbuu wajjiin walii galuu jechuu miti.
- Dhiifama gochuu jechuun miira aarii, gaddaafi kan kana fakkaatan mormuu jechuu miti.
- Dhiifama gochuu jechuun irranfachuu yookiin irra deebi’anii waamuu dadhabuu jechuu miti.

Meeshaalee Do'ii 9 "Dhiifama gochuun irraanfachuu miti" (maxxantuu 4)

- Dhiifama hochuu jechuun sirna haqaa Biyyaa irratti waliin hojjechuu diduu jechuu miti.
- Dhiifama gochuun wantoota daangaa ala hojjechuu dhiisuu jechuu miti.

3. **Dhiifamni Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'e kamiidha?**

- Isa yakkeef kennaa isaa hinmalle kennuufi.
- Mirga haaloo qabachuu keenya gadhi dhiisuu
- Murtoorraa dhiisuu filachuu
- Dhiifama gochuun gatii guddaa qaba, garuu dhiifamni dhuma irraatti kaffaltii nu hingaafatu.

4. **Miidhama dhiifama gochuu dhiisuun dhufu**

a. Dandeetii dhiifama argachuu keenyaa nujalaa ittisa.

Meeshaalee Do'ii 10a "dhiifama gochuu dhiisuun walqabsiisuu" (1) (maxxantuu 4)

b. Dandeettii fayyina fudhachuufi birmaddummaan jiraachuu keenya ittisa

Meeshaalee Do'ii 10b "dhiifama gochuu dhiisuun walqabsiisuu" (2) (maxxantuu 4)

c. Eenyummaa keenya isa dhugaa hubachuu akka hindandeenye godha

d. Jireenya keenya bakka ejjennaa seexannaaf kenna

5. dhiifama gochuuf akkamiitti ayyana arganna?

Qabxii kana irratti yeroo barsiiftu, leenjii hirmaachisaa waa'ee Fannoo irratti duuba deebi'ii duubdeebii gaafadhu, keessummaa hirmaattota keessaa namni tokko dhibee isaa gara Yesuus fiduun dhiifama gochuuf akka isa gargaare sitti danda'a. kun barnoota kee keessatti ulfaatina guddaa itti kennuun dhiifama gochuuf barbaachisummaa fannoo gatii kenna. Yoo namni tokko illee kan akkas jedhu dhibe, akka leenjii Hirmaachisaa waa'ee fannooti harka isaanii olkaasanii dhiifama gochuuf akka isaan gargaaru akka kadhatan isaan gaafadhu, yeroo baay'ee deebii qajeelatu deebi'a.

- Dhibee keenya mul'isuufi kan keenya ta'uu argisiisuu, Garaa Waaqayyoo irratti dhangalasuufi Yesuus ittigaafatama hundaa akka fudhatu godhi.

Meeshaalee Diyaagiraamii – "namoonni osoo hinmadaa'in dura…" as irratti jechoota dabali "dandeettii dhiifama gochuu"

- Ofii keenya amanuufi yakkamaa harka abbaa seeraatti kennuu
- Dhiifama Waaqayyoo argachuuf hammam keenya akka barbaannu dhugeefachuu

Meeshaalee Do'ii 11 "maaltu deebifamee argamaa?" (maxxantuu 4ilaali) – boqonnaa kana yookiin isa itti aanutti fayyadamuu nidanda'ama, boqonnaa lamaan keessatti qabxii kana mul'isu irratti.

**6. Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Dhiifama Waaqayyoo fannoo irratti nuuf godhe fakkeenya sirrii dhiifama gochuuti.
- Dhiifamni dhibee keenya mul'isuufi ibsuufi dhibee keenya Yesuusitti dabarsuu barbaachisa.
- Dhimmi keenya akka nutti farachiisu amanuun fakkeenyummaa Yesuus irraa barana
- Dhiifama gochuun gatii guddaa qaba, garuu dhiifamni dhuma irraatti kaffaltii nu hingaafatu.

7. Gara namummaa keenyatti firoomsuu

- Wanti ati dhiifama hingoone tokko jiraa?
- Gufuu maaltu akka ati dhiifama hingoone si'ittise?
- Aariifi hadha'ummaa akkamiirra qalbii diddirachuu barbaada?

# Boqonnaa 12 “Humna jijjirama Qalbii diddirrannaa fi Hojii dhiifama gaafachuu”

**Seenduubee Qopheessuu**

1.Halqara

Jiraachuu Qalbii diddirannaa dhugaa nama muraasatu hubata. Qalbii diddirannaa sobaa (dogoggora hojjetame amananii beeksisuu qofa) hamma dheekkamsi irratti ta’uutti nama hundaa biratti kun walfakkaata. Namoonni tokko tokko Waaqayyoon dhuunfaatti dhiifama kadhachuun gahaadha jedhanii amanu. Garuu qalbii diddiranna dhugaan Macaafa Qulqulluu sirriittiifi jijjirama jireenyaati fiduufi hawaasa akkasumas dhuunfaa irratti bu’aa qaba. Araarsuun yeroo hunda qalbii diddirrannaa ofkeessatti hammata. Kun dhiifama gafachuufi dhiifama gochuu lameensaa barbaachisa.

Qalbii diddirachuun barnoota bal’aa irratti xiyyeefachuun sibarbaachisufi halqara waldhabdeefi haqni dhibuu keessatti xiyyeefannoo kee qalbii diddirannaa akka biyyaafi naannoorra godhi. Namoota tokko tokkoof, jechi qalbii diddirannaa salphaati kiristiyaanaa ta’uu qofa, kanaaf warra miidhama dhiifama gaafachuun sirriitti irratti xiyyeefatamuu barbaachisaa. Boqonnaa kana keessa meeshaalee baay’eetu jira tarii yoo yeroo qabaate kan itti fayyadamuu dandeessu leenjii hirmaachisaa guyyaa sadii keessatti. Haala keessa jirtu keessatti baay’ee filatamaa isa ta’ee sitti mul’ate filachuu qabda yookiin qabxii tokko tokko isaa irratti mar’ii’adhu. Haalonni barnoonni kun sirritti barbaachisan jiraachuu danda’a, fakkeenyaaf, namoota yakka jeequmsaa raawwatan waliin yeroo marii’atu. Dhimmoota akkasii keessatti, barnoota kanaaf yeroo gahaa kennuun yeroo barnoota dhiifa gochuu gabaabsuu dandeessa.

2.Galma

Qalbii diddirannaa dhugaan maal akka ta’e namoonni akka hubatan gargaaruufi, qalbii diddirachuufi dhiifama gaafachuuf maliif wal’aansoon tokko tokko jiraata.

Warra yakka hojjetan jajjabeessuu ceephoo isaanii waliin akka marii'achuufi hariiroo madaa'e akka deebifatan jajjabeessuu.

Namoonni araaraa buusuu keessatti qalbii diddirannaan gahee guddaa akka taphatu akka argan gargaaruu.

3. Maaliif Barbaachisee?

Namoonnii baay'ee haaluma durtureen waan keessatti hirmaatan qofa beeksisuutti amanuu, dhuunfaatti Waaqayyoo dhiifama gaafachuu yookiin ariifatanii "baay'een gaddaa" jechuun nigaha jedhu.

4.Luqisiiwwan barbaachisoo Maatiwoos 5:23-24, Luqaas 3:8, Luqaas 15:18-19

5. Qabxiilee ijoo

a. Eenyutu qalbii diddirachuu barbaada?

b. Qalbii diddirannaa dhugaan maali?

i. Qalbii diddirannaa dhugaa jijjirama sammuufi Garaati.
ii. Qalbii diddirannaa dhugaan hariiroo deebisanii ijaaruu barbaachisa.
iii. Qalbii diddirannaa dhugaan ittigaafatamummaa guutuu fudhachuudha.
iv. Qalbii diddirannaa dhugaan miidhaa isaa simaachuudha.
v. Qalbii diddirannaa dhugaan waan fudhaan tokko nidanda'ama yoota'e deebisi.

Meeshaalee Do'ii 11 "maaltu deebifamee argamaa?" (Maxxantuu 4)

Kun kutaa kana keessatti nifayyada yookiin kutaa isa darbe keessatti qabxii kana mul'isuu irratti.

c. Qalbii diddirannaaf deebii Waaqayyoo

- Bu'aa qalbii diddirannaa

  d. Yoo qalbii diddirannaa hinjiru ta'e maaltu ta'a?

- Gufuuwwan qalbii diddirannaa

  e. Qalbii diddirannaafi dhiifama gaafachuu

- Eenyuun dhiifama gaafachuu qabna?
- Hubannoo qabatamaa akkamiitti namoota biroorraa dhiifama arganu

6. Meeshaalee Do'ii 11 "maaltu deebifamee argamaa" (Maxxantuu 4)

Do’ii 12 “Akkaataa itti dhiifama gaafachuu hinqabne” (Maxxantuu 4)

7. Rakkinoota muudachuu danda’an

- Namoonni yakka hamaa raawwatan dhugaa bahuun salphaa ta’ee isaaniiti hinargamu
- Waliitti dhufeenyi balleessaa ofii amanuu, qalbi diddirannaa fi haqummaa maali?
- Waldooleen kiristiyaanaa tokko tokko (kanneen akka Waldaa Kaatolikii Roomaa, Waldaa Ortodoksii) namni tokko balleessa isaa Lubatti qofa himuu qaba, akkasumas Luba qofatu dhiifama argachuu labsaa jedhu.

8. Mata duree biraa wajjin walqabsiisuu

Isa darbe waliin – namni yakka godhe hamma dhiifama argatuutti qalbii diddirachuu

Isa gara fuula duraa waliin – yoo qalbii diddirannaan namummaa hinjiru ta’e namni sun bakkuma jiru dhaabatee akka turuu isa taasisa.

# Dhiyeessi Boqonnaa 12

Boqonnaa kana raawwachuuf yaadota kennaman

1.Seensa

Mata dureen kun waliitti fufiinsaan Waldaa Kiristiyaanaa keessatti ni barsiifama, garuu hirmaattoonni jecha qalbii diddiranna maal akka hubatan dubbachuun barbaachisaadha. Kunneen gaaffii muraasa ati isaan gaafachuu dandeessudha:

- Qalbii diddirannaadhaan maal hubate?
- Luqisiiwwan Macaafa Qulqulluufi fakkeenyota kennuu dandeessaa?
- Qalbii diddirannaan akkamiitti eegala akkasumas adeemsi guutuun isaa maali?
- Namni tokko dhugumaan qalbii diddirachuu isaa akkamiitti beekna?

Sana booda qalbii diddirannaa haala waliigalaan ibsi (jechoota ulfaata Og-Waaqummaa osoo hintaane Afaan ifaafi namaaf galuuf salphaatuun) fi mata dureen guyyaa har'aa walii waliif qalbii diddirachuu irratti akka xiyyeefatu ibsiif.

Garee kan biro nama biraa dhiifama gaafachuu irratti xiyyeefachuu danda'a akkasumas Macaafa Qulqulluu keessa eessatti kun akka jabeefame tarreessuu nidanda'a. yeroo kana raawwatan akka aadaa isaaniitti ta'uu ilaaluu fi kutaa kana haala walfakkaataa namni yeroo isa tokko irratti dogoggora godhu ilaalamuun ta'uu qaba. Yookiin do'ii gabaabaa hojjechuu sirra jira, karaa sirriifi dogoggoraan namoonni dhiifama itti gaafatan argisiisuunfi gareen yaada akka irratti kennuuf gaafadhu.

Gilgaala: Hirmaattoonni fakkeenya namoonni yeroo nama tokko irratti dabaa godhu yaaduu qabu. Sana booda maaltu akka ta'u lama lamaan waliif haaqoodan.

Dabalataan gareen haalota baay'ee waldhabdee uuman xiyyeefachuu (waliin walwaraansa, duguuga sanyii, ajjeechaa jamaa) fi dhiifamni yoo maal ta'eefi akkamiitti akka gaafatamu irratti marii geggeessuu.

2. Amaloota Qalbii diddirannaa dhugaa

Namni tokko nama biraan dabaan isarratti hojjetame yoo jiraate gaafachuufi namicha gara isaaniitti dhiyaassuun dhiifama haa gaafatu, garuu wanti tokko “gaarii miti.” Hirmaattoonni waan yaadaa turan qooduufin gaarii miti, akkasumas karaa sirriin dhiifama gaafachuu isa kana jedhanii isa yaadan. Sana booda waan hir’ate yoo jiraate kitaaba barnooticha irraa ittiguuti. dabalataan kanneen kana fayydamuu dandeessa:

Meeshaalee Do'ii 11 “maaltu deebifamee argamaa” (Maxxantuu 4)

3. Namni tokko yeroo qalbii diddiratu Waaqayyoo akkamiin deebii kenna?

Gareen dabalataan yeroo namni waayii qalbii diddiratu deebii namoomaa muraasa ilaaluu danda’u.

Gilgaala: namoota lama lamaan ka’uufi luqisii waa’ee qalbii diddirannaa kennuufin yaada isaanii akka kennaniif gaafadhu. (Fakkeenyaaf: Far.32, Far.51, Isaayaas 1:16-20, 1Yohaannis 1:8-9).

Dabalataan gareen bu’aa waliigala dhiifama gaafachuu yaaduu danda’u, akkasumallee qalbii diddirannaa yoo hinjiru ta’eefi dhiifama gaafachuun hinjiru yoota’e maaltu ta’uu akka danda’u.

Fakkii Garaa guddaa kaasuun namoonni maaliif akka qalbii hindiddirannee fi dhiifama hingaafanne hirmaattoota gaafadhu. Deebiin isaanii akkas ta’uu danda’a: soda, amantii dhabuu, qaaniifi kan kana fakkaatu.

(yoo yeroo qabaate, seenaa wa’ee Qaayin,fi Aakaan Macaafa Qulqulluurraa eeruun namoonni yaada irratti akka kennaniif eeyyami.)

4. Tilmaama Qabatamaa

Gaafachuu dandeessaa: “Eenyuun dhiifama gaafannafi maaliif?” yeroo akkamii dhuunfaadhaanifi waliigalaa dhiifama gaafachuuf mijaatafi akkamiitti kan jedhu irratti garee marii’achuu danda’a.

Karaallee qabatamaatti dhiifamagaafachuun danda’amu chaartii naannooftuu irratti barreessuu dandeessa (kan kitaaba barnooticharra jiru) fi qabxii isa kamtu akka dagatamee yookiin ittifufiinsaan hin raawwatamufi maaliif jedhanii akka adda baasaniif hirmaattota gaafadhu.

Yaadni inni biraan namoota 2 qabaachuun kan gara fuula duraatti bahaaanii karaa sirrii hintaaneen dhiifama gaafatan – akka salphatti kan simatan, dhiifama kan jedhan, nama biraa ittiin komachuuf kan fayydaman, yeroo walfakkaataa kan lallaban – do'ii 12 ilaali "Dhiifamni akkaataa itti gaafatamuu hinqabne" (maxxantuu 4). Sanaan booda dhimmoota akka biyyaafi Addunyaattillee dhugaa ta'ee qajeelfama walfakkaatu qabxii raawwatamu adda baasuun baay'ee gaariidha. Namoonni osoo yeroo qabatamaatti Addummaa keessa hindhaabatiin dura kana hubachuun isaan barbaachisa.

5. Yeroo to'achuu "Gara namummaatti deebisuu"

"Furtuuwwanii" erga waliitti qabdee namoonni gaaffiilee firoomsuu irratti yaada isaanii akka callaqiisisaaniif yeroo kenniif, akkaataa haala gareefi amanamuummaa uumameetti hirmaattootni nama waliin dubbachuu yookiin waliin kadhachuu barbaadan filachuu danda'u.

Mata dureen kun baay'ee murteessaa waan ta'eef, iccitoomni baay'ee barbaachisa sababni isaas namoonni "cubbuu ulfaata" of himuu danda'u.

6.  **Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Qalbii diddirannaan karaa tokkicha ittiin miidhama ceephoo yaada keenyaa jalaa ittiin bilisa baanuudha.
- Qalbii diddirannaan Waaqayyoofi nama duratti barbaachisa, karaa sanaan waan dhufu fudhachuuf fedha qabaachuu waliin.
- Qalbii diddirannaan egeree warra yakka hojjetanii turaniif abdii kenna akkasumallee warri miidhama akka fayyaan gargaara, araara buusuun akka danda'amu godha.

7. Gara namummaa keenyatti firoomsuu

- Maaliitti qalbii diddirachuu barbaada?
- Waan itti namni simiidhe tarreessi, waanuma hintaa'a jettee hinyaadnellee dabalatee.
- Waa'eesaa maal gochuu barbaadu?
- Akka fedhd isaati waan hundumaa ilaaluu akka dandeessuuf Hafuurri Qulqulluun akka sigargaaru gaafadhu.

## **Boqonnaa 13a “Hir’ina jiru guutuu”**

Seenduubee Qopheessuu

1.Halqara

Namoonni yeroo namaan miidhaman, yeroo baay’ee nama dhuunfaan isa miidhe qofaa irratti hinaaran. Yeroo hunda firoota nama Sanaa, sabootafi gosa, koorniyaadhaan, biyya isaalleeefi kan kana fakkaatu jibbu. Walwaraansa sabumaa keessatti, namoot dhuunfaatu sab asana bakka bu’ee cubbuu hoojjeta. Yeroo barnootni “Hir’ina jiru guutuu” barsiifamu gaaffiilee Og-Waaqummaa hedduu kaasa, cubbuu garee lamaanii (xindoo) irraatti yoo marii’atan baay’ee bu’aa qabeessa ta’a, namoonni miidhaman hedduun akka fayyaan isaan dandeessisa.

2.Galma

Akka amantootattii gahee lubummaa keenyaa hubachuufi akkamiitti madaa walwaraansa uumame fayyisuu dandeenya.

Namoonni ba’aa araara buusuu qaban cubbuu gama lamaanifi bu’aa isaa irraatti hojjechuu akka danda’aniif isaan gahoomsuuf.

3. Maaliif barbaachisee

Amantoonni qooda miseensota luboota fo’amoo ta’anii saba isaanii bakka bu’anii hojjechuu akka danda’an Namoonni baay’een hinhubanne.

Cubbuu gareen isaanii hojjetaniif maal ta’uu akka qabu baay’een hinbeekan.

4. Luqisiiwwan barbaachisoo Hisqeel 22:30, 1Pheexiroos 2:9, Lewwoota 26:40

5.Qabxiilee Ijoo

a. Gaheefi Aangoo keenya

- “Isin qomoo fo’amaadha, Luboota mana mootummaatti, saba Qulqullaa’aadha.”

b. Saba duratti bahuun cubbuu godhan beeksisuu yookiin “Hir’ina jiru guutuu” jechuun maal jechuudha?

- “Hir’ina jiru guutuu”n maali?
- “Hir’ina jiru guutuun” maal immoo miti?

c. Saba duraatti cubbuu ofii himaachuun maaliif barbaachise?

d. Eebba “Hir’ina jiru guutuun” dhufu

e. Tilmaama qabatamaa

- Eenyutu “Hir’ina jiru guutuu” qaba?
- “Hir’ina jiru guutuu”dhaan ittigaafatamummaa dhufu
- Namni tokko hammamiif addummaa keessa dhaabata?
- Gatii “Hir’ina jiru guutuu”

6. Meeshaalee Diyaagiraamii fuula 55 irra

Cubbuu garee isaanii akka adda baasaniif hojii garee

7. Rakkinoota mudachuu danda’an

- Saba duratti Qalbii diddirachuu/ dhugaa ba’uun dhugumaa akka Macaafa Qulqulluuti?
- Dhumaan namni cubbuu ofii isaa/isheef qofa qalbii diddirataa?
- Qalbii diddirannaan keenya yoom dhaabata?

**Hubachiisa:** Warra miidhaman fayyisuuf meeshaa humna cimaa qabu Waaqayyoo nuuf kenneefi adabbii isaanii irraa kaasuuf gargaaruu ta’ullee, namooni tokko tokko akka waan waliin dhahamaatti ilaaluufi mormii gosa Og-Waaqaummaa hunda irraatti kaasu. Meeshaa muraasa jecha “Qalbii diddirannaa” jedhu fayyadamuu, of ceepha’uu qofti cubbuu isaaniirra qalbii diddirachuudha jedhu. Kan si mormu jiraachuu isaa dursitee kan yaadu taanaan, qooda saba duraatti qalbii diddirachuu jechuurraa saba duratti dhugaa bahu kan jedhu fayyadami yookiin callisii “Hir’ina jiru guutuu” isa jedhurra turi. Galma kahaame akka hingeenyeef si danquu hinbarbaannu. Walfalmii dhimma Og-Waaqummaa keessatti gartuu hinqabatiin. Kana takkaa namoonni jireenya isaanii keessatti waan shaakalaniif, tarii mormiin isaanii baay’ee bal’achuu danda’a.

Yoo mormiin siquunname, isa baay’ee aadaa warra Lixaa hintaane keessaa adda baasuun yaadrimee garee lachuu balleesseera jedhuu irratti xiyyeefadhu. Isaan qooda maatii yookiin gosa isaanii bakka bu’anii dogoggora sirreessuu barbaacha akka dhufaan hubachuu qabu. Kadhannaa Gooftaa keenya Yesuus, “Cubbuu keenya nuuf dhiisi” jedha malee “cubbuu koof naaf dhiisi” hinjedhu.

8. Mata dureewwan kan biro waliin walqabsiisuu

Isa darbee waliin ‘Hir’ina jiru guutuun’ yeroo namni namummaa qalbii diddirachuun dhibu barbaachisa.
Isa dhufu waliin gara hojiitti jijjiruu



## Dhiyeessii Boqonnaa 13a

1. Seensa

Yoo ibsa kee “Powerpoint” fayyadamta ta’e, fakkii hir’ina jiru guutuu mul’isu argisiisuufi maaltu fakkiicha irraatti akka raawwate hirmaattoota gaafachuun boqonicha eegaluun gaariidha. (yoo ‘powerpoint’ hinfayyadamtu ta’ee, tarii namni surraa kaasuu danda’u jira ta’a kanaaf kitaaba barnoota Garaa madaa’e fayyisuuf hawaasa jijjirruu kanarraa fuula ___ilaali.)

Yeroo isaan qoolifatamuun miidhamaa turan yookiin garee saba tokkoo (sabummaa yookiin garee gosaa, dhaabbii amantaa, naannoo, biyyaafi kan kana fakkaatuun) ta’uu qofaan haqni isaanii kan jalaa dabe yoo jiraate maal akka yaadan garee gaafachuun barnoota kee eegali.

Kitaaba barnoota kee sirriitti hordofi.

2. Gahee fi Aangoo keenya

- “Isin qomoo fo’amoo, sanyii mootummaa, saba qulqullaa’aadha.”

3. Saba Ofii bakka bu’anii badii jiru amanuu yookiin “Hir’ina jiru guutuu” maal jechuu keenya?

- Hir’ina jiru guutuu maal jechuudha.
- Hir’ina jiru guutuun maal jechuu miti

  San booda hir’ina jiru guutuu jechuun maal akka ta’e hiikuu dandeessa, maaliif akka barbaachisefi, bu’uura Macaafa Qulqulluu yaadrimee kana dug-duuba jiru.

  Macaafa Qulqulluu keessaa namoota hir’ina jiru guutaan fakkeenya fudhadhu, keessummaa Gooftaa Yesuus “isa akka nama irradaddarbaa hojjeteetti lakkaa’ame” (Isaayaas 53:12). Eebba hir’ina jiru guutuun dhufuun namoota jajjabeessi. Seenaa dhuunfaa yeroo hir’ina jiru guutuun gara fayyina bu’aa qabeessatti sigeesse qabaannan kutaa kana irratti fayyadamuun humna guddaa qaba.

4. Saba Ofii bakka bu’aanii badii amanuun maaliif barbaachise?

2Qorontoos 10:3-5 fayyadamuu dandeessa, mi'a waraanaa Waaqayyoo isa da'oo jajjabaa jigsu jedhee isa dubbatu. Gaheen keenya akka duukaa buutuu Kiristoos tokkootti Garaa keenya qabaneessuufi mi'a waraanaa gaddi ofdeebisuu, Garaa cabaa qabaachuu, balleessaa ofii amanuufi qalbii diddirannaa warra jedhaman argachuun baay'ee bu'aa qaba. Madaalliin isaas akkasi: Yesuus akkas jedhe Muka ija isaan beekna. Yoo ijji isaa fayyina, gammachuu, nagaa, dhiifma gochuufi araara buusuu ta'e Waaqayyo hojiirra jiraachuusaa mirkaneefachuu dandeenya.

5. Eebba hir'ina jiru guutuun dhufu.

6. Tilmaamawwan qabatamaa ta'an

- Eenyutu hir'ina jiru guuta
- Ittigaafatamummaa hir'ina jiru guutuun dhufu
- Hamma yoomitti namni tokko hir'ina jiru guuta?
- Gatii hir'ina jiru guutuu keessa jiru

Namootaaf barnoota kana gara hojii qabatamaatti garee isaanii keessatti akka jijjiraniif carraa kennuufin sirraa barbaadama dhuma boqonnicha irratti, kanaaf yeroo ilaalladhu yeroo baay'ee barsiisuu qofa irraati hinfixiin.

7. **Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Qalbii diddirannaan Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'e taatee lamaan dhuunfaafi garee waliiti.
- Dogoggora garee isaanii amanuuf amantoonni hir'ina jiru guutuu qabu.
- Isa namni tokko balleessa isaa amanu dhaga'uufi dhiifama gaafachuun namoota madaa'an gara fayyinatti fiduufi meeshhaa araara buusuu isa humna cimaa qabudha.
- Akka balleessa keenya amanneetti dirqama deddeebi'uu qabna fudhtama argachuuf.

8. Gara dhuunfaa keenyatti firoomsuu

- Ati garee namoota akkamiin adda ofbaafta (Sabummaan, Gosummaan, Biyyaan, Korniyaan, Dhaaba amantii, Ogummaa hojiinfi kan kana fakkaatan)?
- Ilaalcha cubbamaa yookiin taatee gareen kee ittiin ofceepha'u maali?
- Qooda garee kee bakka buutee hir'ina jiru guutuun carraa akkamii argata?



# Boqonnaa 13b "Leenjii Hirmaachisaa Qalbii diddirannaa" geggeessuu

Meeshaalee caabii bishaaniifi fooxaa – tilmaama dhihoon namoota 30, 30f 2,2. (akka filannootti)

Leenjii Hirmaachisaa waa'ee Qalbii diddirachuu raawwachuuf yaadota furmaata kennnaman.

Ofeeggannoo: haalota siyaasaa tokko tokko keessatti balleessaa garee kee amanuun baay'ee ulfaataa dha, kanaaf ogummaatti fayyadamuu qabda.

**Filannoo 1**

**Hojii Garee**

Barnoota kana hordofee, gara garee isaaniitti akka deebi'aniif akka isaan gaafatu si gorsina (Garee isa leenjii hirmaachisaa waa'ee Hattichaa turetti). Gareen kun waliin ta'anii grgaarsa Hafuura Qulqulluun cubbuu garee isaanii adda baasuufi trreessuun isaan barbaachisa, keessummaa waldhabdee waliin walqabatee. Balleessaa amanuun gaddi fageenyaa, ifaatti, dhugaawwan seenaa kan hammatee, yeroo waan kun ta'efi badii warra kaan irratti geessise dirqama hammachuu qaba. Cubbuuwwan beekamaa ta'an qofa kan argisiissu ta'uu hinqabu, garuu ilaalcha dabalatee, yaadota faallaa, jibbinsa kan argisiissu ta'uu qaba. Namoonni gara Manguddummaatti jiran (Abbootiin) karaa Kanaan namoota gara ijoollummatti jiran gargaaruu qabu. Garee keessaa nama baay'ee Hafuuraa Qulquluutti amanuun garee isaa bakka bu'ee balleessaa ture amanuufi dhiifama gaafatu adda baafadhu.

**Filannoo 2**

Hojii gareef yeroon yoo hinjiru ta'ee, yookiin dhageefattoota jiraaniif yoo kan hinmijaanne ta'ee, kallattiidhaan gara boqonnaa kana eegaluutti deemuu qabda.

Namoota hundumaaf dhuunfaa isaaniitti fi saba isaanii bakka bu'uun qalbii akka diddirataniif, yeroo carraa kennituuf akka jirufi Hafuurri Qulqulluun karaa ofiisa akka qabu amanuun itti himuun eegali. Yoo Miila walii dhiquu keessatti kan hammachiifte ta'ee caabiin bishaanii achi jiraachuu isaa nama barbaaduuf ibsi, garuu namni tokko illee yoo akkas gochuu died kun gaariidha. Yoo namni tokko dhiifama gaafate namni kanaaf deebii kennu danda'u jiraachuun isaa gaarii akka ta'e yaadachiisi. Yeroon kun yeroo itti nama tokko illee himanu/komannu akka

hintaane sirriitti hubadhu, garuu qooda kanaa cubbuu ofii keenya irratti akka xiyyeefannu beeki.

Hafuurri Qulqulluun barnoota kana keessatti waan namni hundinuu gochuu qaban akka itti argisiisuuf kadhachuun eegali, lamaan keessaa tokko ta'uu danda'a dhuunfaatti qalbii diddirachuu yookiin garee ofii bakka bu'anii hir'ina jiru guutuu yookiin nama balleessaa isa amaneef deebii kennuu.

Sana booda hamma Hafuurri Qulqulluun waan tokko akka hojjetuuf sikakkaasuutti callisii turi. Bakka butoonni garee adda addaa abdii guutuu gara balleessa isaanii amanuuf gara fuula duratti ni bahu. Yoo carraa kana fudhachuu barbaadan yeroo ofii isaanii barbaadannitti haaraawwatan ati ofii kee gara fuula duratti hinwaamin.

Namoonni akka hindubbanneef farfannaan ittisuu irra deddebiin kan farfaatamu yoo jiraate, qalbiidhaan farfannicha gara dhumaatti akka dhufu tasisi, Hafuurri Qulqulluun farfannaa haala irratti hundaa'e waan ta'aa jiru waliin kan deemu akka farfannuuf yeroo nuuf kennuu akka danda'u isaan hubachiisi.

Yoo barbaachisaa ta'ee argame miseensi tokko tokkoo tuuta garee haala mijeessitoota keessa jiru hir'ina jiru guutuuf of qopheessuu qaba (yoo namni tokko illee garee isaa keessaa balleessa saba isaa kan amanu yoo hin jiraanne kana raawwadhu). Namni osoo itti hinyaadiin akka dingataa deebii kennu nama dhiifama gaafateef yoo hinjiru ta'ee, miseensi tuuta haala mijeessitoota namni deeebii kennu barbaadu yoo jiraateef gaafachuu qaba. Akkuma nami balleessaa garee isaa amanneen kun raawwatamuu qaba. Haata'u malee, yoo tuuta haala mijeessitoota keessaa nama qalbii diddirateef deebiin hinkennamu ta'e gaariidha, agarsiisa lama lamaan mijaate baduu qaba.

Yeroo bal'aa Hafuurri Qulqulluun akka hojjetuuf eeyyamuu. Akkamiitti yericha akka xumurtu Waaqayyoon gaafadhu, kana caalaa deemuu akka hindandeenye yeroo ifaa siif ta'u. gara dhumaatti fiduuf hinariifatiin, ta'uus! Waan baay'ee barbaachisaa ta'e hambisuu waan dandeessuuf.

Jalqabumatti cubbuun faallaa Waaqayyoo akka ta'e, gareen walmiidhan lamaan sababa faallaa fedhii isaa raawwataniifi waan isa aarsaniif waliin ta'uu Waaqayyoon araara gaafachuuf yeroo qabaachuun baay'ee gaariidha. Amma illee gara dhumaatti yeroon jira taanaan biyyaaf jidduugaluuf yeroo qabda.

Hubannoo Barbaachisaa

Ilaalchi ati ittiin hir'ina jiru guutuu murteessadha. Namni madaa'e tokko gadda Garaa cabaa namicha balleessa isaa amanee itti dhaga'amuu qaba. Akka salphaatti yookiin akkuma baratameen ilaaluun waan sana gochuu dhiisuu caalaa badii guddaa fida.

Taatee hundaa keessatti Waaqayyoo kennaa haaraa qalbii diddirannaa akka siif kennuuf kadhadhu, yoos ati kana raawwachuuf yeroo jalqabaa keetti yoo ta'e cabsee gar akee dhufa, yoomma kana Kanaan dura yeroo baay'ee raawwateeta ta'ees. Kun tasumaa humnaan ta'uu hinqabu. Kana jechuun osoo hineegaliin dura hinboo'iin jechuu miti! Waaqayyoof abboomamuun amantiitti gudachuu qabda.

Kadhannaa/ Farfannaa golabaa (akka Hafuurri Qulqulluun sigeggeesseetti)

# Manicha Xumuruuf Gardaaffoo isaa itti dabali

## Boqonnaa 14a "Eebba Labsuu"

Kana sirriitti barsiisuuf yeroo hinqabdu yoo ta'ee, garee adda addaatti qooduun maree minjaalaan yeroo eebbaa osoo hineegaliin gudunfaa ifaafi gabaabaa ta'e kenni.

1.**Halqara**

Yeroo hundaa jibbinsa garee adda addaa jidduu jiru irratti xiyyeefannaa laana. Oolchuun Waaqayyoo walii walii keenyaaf eebba labsuudha. Kun hafuura faallaa irraa dhufa, kunnis isa baay'ee bu'aa qabeessa ta'eedha. Walii walii ofii eebbisuun karaa itti araara buusuun gara hojiitti geeddaramu keessaa isa tokkoodha.

**2.Galma**

Eebba labsuun gahee lubummaa amanaa hundumaafi, baay'ee bu'aa qabeessa akka ta'e hubachuuf.

Garee adda addaa jidduutti walkabajuufi wal eebbisuun jireenya araara buusuu akka eegalaniif carraa kennuuf.

Abaarsa sababii qoolifannaafi firdii dhufe cabsuuf.

3. **Maaliif Barbaachise**

Yeroo hundaa namoonni waa'ee walii walii isaanii ilaalcha faallaafi waan faallaa ta'e qofa dhaga'aa turuufi garee adda addaa jidduutti wal eebbisuu taasumaa dhaga'anii hin beekan.

Waldaa Kiristiyaanaa irra caalaa keessatti barnoonni akkasii xiqqoo yookiin immoo tasuma iyyuu kan hinjirre ta'uu.

4. Luqisiiwwan Barbaachisoo Keessa Deebii 10:8, Macaafa Fakkeenyaa 18:21

5. Qabxii Ijoo

A. Humna Eebbaa
B. Amala eebbi Macaafa Qulqulluu keessaa yeroo hundaa qabu
C. Garee warra biroo irratti eebba labsuu
D. Kana akkamiitti qabatamaatti hojjenna?
E. Mootii Minjaalaa (Maree minjalaa)

6. **Furtuuwwan** – qabxiileen murteesson kun sirriitti ifatti hubatamuu isaanii beeku qabda.

- Dubbiin arrabaa humna guddaa qaba, jireenya yookiin du’a fida.
- Akka miseensa sanyii lubootaatti, Maqaa Waaqayyootii eebba labsuu qabna.
- Yeroo gareen adda addaa walii walii isaa kabajuufi walmirkaanefatu, araara buusuun niraawwatama.

7. Gara namummaa keenyatti firoomsuu

- Waan gaarii tokkoo yaaduun waa’ee garee biroo waa jechuu dandeessa.
- Eebba isa kam labsuu/ irraatti kadhachuu barbaada?

# Boqonnaa 14b “Maaddii Mootii Mootii”

Saba Qulqullaa’aa kabajuufi Eebba labsuu

### Dhiyeessii Maaddii Mootii Yaadota dhiyaatan

Haalota keef mijaatoofi argamuu kan danda’a itti fayyadamuu fi uumachuu dandeessa. Hamma danda’ameetti akka miidhagu taasisi.

- Caabii harka dhiqannaf gaarii ta’e, Saamunaafi fooxaa (filannoof)
- CD Galateeffannaa (filannoon)
- Warqee yookiin gonfoo miidhagaa (waraqaa bifa warqee qabu yookiin waraqaa bifa adda addaa irraa hojjetame dugda duubaan yoo danda’ame kan pilaastikiin haguugame, hirmaattota hundaa kan gahuufi jidduugaleessaan mataa nama hundaaf kanta’u!)
- Minjaala – akka lakkoofsa hirmaattootaatti dheerina isaa filadhu. Minjaala dheerinni isaa jiddugaleessa ta’e guutuu kan danda’u qabaachuun gaariidha, qooda maqaadhaaf minjaala guddaa qabaachuurra. Wanti hundumtuu “sanyii filatamaa” kan itti ilaalamu qabaachuufi gahaadha jedhamee kan ilaalamu!
- Uffata minjaalaa bareedaa. Hamma lafa tuqutti guddaadha yoo ta’e, kun baay’ee gaarii akka ta’eetti ilaalama. Ansoolaan siree miidhagaa ta’e fayyadamuun nidanda’ama.
- Birciqoo Waayinii (yookiin birciqoo biroo), sooftii miidhagaa, dungoo, abaaboo.
- Kibiriitii dungoo ibsuufi, baatoo abaaboo ciccitaa
- Daabboofi cuunfaa
- Fuduraa, Loozzii, wantoota mi’ooftuu (karameelaa) yookiin yoo ni argama ta’e nyaatawwan baay'ee filatamoo ta'efi saayinii babbareedduu irratti qopheessuu. wantoonni mi'ooftuun kun callifamee minjaala irra facaafama.
- Fuduraa sana kukkutuuf albeen jiraachuu
- Keekii
- Yoo saayiniin nyaata akkaataa garee jiraatti ni jira ta’e isa itti fayyadamuun baay’ee gaariidha.
- Cuunfaaf Ninniga (birciqoo) gaarii
- Birciqoo bishanii cinaa minjaala irra kaa’uu osoo minjaala maree irra hinta’in namoonni dheebochuu waan danda’aniif.
- Caabii ittin minjaalarraa haxa’an. Yeroo hirmaattootni nyaataan qofa kana chi as bahu.
- “Faajjii filatamaa” warra saba qulqullaa’oof

- Jechootan faajjii hojjechuu dandeessa taanaan “saba qulqullaa’aa kabajaa” jedhee irratti barreessi, (mi’a walfakkaataa irraa hojjedhu akka faajjii filatamaatti), kun eebba dabalata ta’uu danda’a.
- Iddoo sirriitti argamuu danda’uutti faajjii kana girgiddaa irratti fannisuu.

Waa’ee minjaala mootii kanaa haala mijeessitoota keessa namni tokko illee yoo ibsuu baate baa’isee bu’aa qabeessa, yoo akkas ta’e dinqisifannaa ajaa’ibaa ta’a. Haala mijeessitoota keessa gareen kuushinaa irratti hojjetan kana yoo qopheessan baay’ee gaariidha, garuu tuuta haala mijeessitoota keessa namni tokko akka barbaadamutti namoota ajaa’ibsiisu qaba.

Kutaa Qopheessuu

Kutaa qopheessuuf daqiiqaa 30 eeyyamama – kanaaf waan kan garee isaanii ta’e hunda qabatanii gara alaatti akka bahan taasisi.

Teessuma diyaagiraamii Manichaa maxxantuu 1 qabxii 4 ilaali

Minjaalicha gara jidduugaleessa kutichaatti butuun akka suuqaatti isaan hinrakkifnetti ta’uu qaba. Barcuma bal’isii qarqara kutichaatti naannessii qindeessi (minjaalatti osoo hintaane isa jidduu qofaa kaa’i.) minjaala xinqoo kan biraa gara cinaan/moggaa kutichaa ka’uun gonfoowwan qopheessite irra kaa’i.

Maaddii Mootii Mootii Hojiirra oolchuuf yaadota kennaman

Sagantaan Maaddii Mootii Mootii dhiyaana galgalaarra qofaatti adda bahee yookiin osoo addaan hinbahiin yookiin immoo dhiyaana galgalaa irratti hundaa’ee dhiyaachuu danda’a. filannoowwan lama armaan gadiitti kennamaniiru, ta’us yaa’insi waliigala minjaala Mootii akka armaan gadiitti.

Baga Nagaan Dhuftaniifi akka olseenaniif afeeruu

- Mefii-Bosheet (2Saamu’el 4:4, 2Saamu’el 9)
- Luqaas 13:29

Hamma dandaa’ametti hirmaattootaan Afaan garaa garaan kadhannaa galateeffannaa gabaabaa taasisuu.

- Akkuma olgalaniin gareewwan adda addaa gonfoo qophaa’e sana mata mataarra walkaa’uu (gonfachiisuu)

- Garee biroo keessaa nama waamuun minjaala kana irratti waliin ayyaanefachuufi walin nyaachuuf afeeruu.

Sirriitti mirkaneessuun garee adda addaa eebbisuu

Kadhannaafi galateefanna Boqonnaa kana xumuruuf.

Mul'ina jalqabaa: Minjaalli Mootii yoo kan dhiyaanna galgalaa irraa adda bahee ta'e.

Kun sababa yoota'efi, mana jireenya keessatti qindaa'e yoota'e, dhiyanni galgalaa guyyoota isa kaan irraa adda kanta'e jiraachuufi dhiyaanna galgalaan booda wanti dhiyaatu minjaala irratti qophaa'uu qaba.

1. Hirmaattota balbalaa alatti waliitti qabuu.

Namoonni hundinuu erga achitti walgahanii booda eegaluun baay'ee gaariidha. Gaggeessaan galgala Sanaa faajjii filatamaa saba qulqullaa'aa sana dirachuu, "Kabaja Saba qulqullaa'aaf" seeraan namoota simachuu qaba. Inni/isheen seenaa Mefii-Bosheet (2Saamu'el 4:4 fi 2Saamu'el 9), fayyadamuu danda'a, namicha naafni kun akka diina Daawitiitti ilaalama garuu Mootichi Daawit gara cidha Maaddii Mootii isatti isa waame. Itti dabalees, Luqaas 13:29 fayyadamuun gaariidha, "Namoonni ba'a Biiftuutiifi Lixa Biiftuutii, gara bitaatiifi gara mirgaatii Mootummaa Waaqayyoo keessatti, Maaddii Mootiitti dhi'aachuudhaaf nidhufu."

Yoo nibarbaachisa ta'e, Macaafa Farfannaa 24:3-4 caqasuun nama tokko dhufee namoota caabii bareedaa irratti harka akka dhiqachiisuuf afeerri, kun akka mallattoo Garaa keenya keessa qoolifannaa ofummaa irratti bu'uurefate miicuuti fayyada.

2. Namoonni olgalanii cidha Maaddii Mootii Mootiirra akka hirmaataniif afeerri.

Yeroo baay'ee namoonni yeroo jalqabaaf Maaddii Mootii kana yoommu argan naa'uu danda'u! namoonni hundinuu erga olgalee taa'een booda, hamma danda'ame Afaan garaagaraan namaanni kadhannaa Galataa akka godhaniif gaafadhu, gatii guddaa nuyi baasuu hindandeenye nuf baasuun gara Maaddii Mootii kanatti isa nuwaame Yesuusiin galateefachuu. Tokko tokko keenyaaf gatii walfakkaataan akka baafame xiyyeefachuufi kanaaf hundumti keenya bu'uura tokkon simatamne. Dhuma kadhannaa irratti yoo nimijaata ta'e farfachuun baa'esa, "Yesuus Galatoomi, Ameen" Afaan garaagaraan.

Hirmaattoota keessa nama tokko gaafachuun dhufee garee biroorra “gonfoo mataatti kaa’e baga gara Maaddii Mootii kanatti nagana dhuftee fira lammii Saba qulqullaa’aa taate!” jedhu gaafadhu.

3. Sirriitti garee adda addaa eebisuu

Namoonni hundinuu taa’uun yeroon eebbaa akka eegalu gaafadhu. Carraa jalqabaa warra baay’ee dhiibamaniif kennuun gaariidha. Gara jidduutti akka dhufanii dhaabataniif gaafachuun akka mallattoo guutummaatti kabajamuufi miseensa saba qulqullaa’aa ta’uu isaanii argisiisu akka uffatuuf nama tookf gonfoo sana mataarra akka kaa’wwatuuf kennif.

Sana booda Hirmaattootni warri kaan gammachuu waa’ee garee kanaaf qaban akka dubbataniif carraa kenniif. Gahumsa isaan garee kana keessatti argan? Eebbisamuu garee kanaa akkamiitti arguu akka barbaada akka dubbataniif namoota afeerri. Yoo fedhan, Luqisii Macaafaa kan waa’ee isaaniif qaban haa dubbisaniif. (waan mirkaneefatanfi luqisii kennameef akkasumas waan gareen dhiyeessef namni galmeessuu yoo jiraate gaariidha, ta’uus kun murteessaa miti.)

Dhuma irratti, eebba isaanii irratti nama kadhachuu barbaadu gaafadhu, akkasumas namoonni hundinuu dhufanii harka isaanii akka irra kaa’anii kadhataniifif gaafadhu. Namni hundinuu walii wajjin “Nuyi isin jaalanna, nuyi isin kabajnafi nuyi isin eebbifna!” haa jedhu. Akka Aadaa shubbisa isaaniitti farfachuufi shubbisuun Waaqayyoon akka jajatan isaan gaafadhu.

Toora tooraan qajeelfama kana garee aadaa hundaaf irra deddebi’ii raawwadhu. Gammachuufi ayyanefachuuf of qopheessi!

4. Maaddii Mootii cidha guddicha irratti hirmaachuu

Walii walii isaanii gara Maaddichaatti akka afeeraniifi waltajaajilaaniif isaan yaadachiisi. Yoo kan daabboofi cuufaa itti makteeta ta’e jalqaba daabboofi cuunfaa akka qoodatanii du’uufi du’aa ka’uu Gooftaa Yesuus ayyaneefataniif yaada kenniif. Jecha “Irbaata Qulqulluu” jedhu fayyadamuu dhiisuun gaariidha sababni isaas namoota tokko tokkotti gufuu ta’uufi itti ulfaachuu waan danda’uuf. Birciqoo qulqulleessuuf sooftii akka fayyadaman gaafadhu. Sana booda waan gaarii minjaala sanarra jiruun waltajaajiluu danda’u, yoo jira ta’e waraqaa lallafaa yookiin sooftii achirra ka’i.

Naanna’anii harka waliirra ka’uun farfannaa galataa farfachaafi kadhannaa gudunfaan xumuri.

Mul’ina lammaffaa – Maaddii Mootiin Mootii dhiyaanna galgalaa waliin walfakkaata yoota’e.

Dhiyeessi nyaataa xiqqoo akka foyyeesaniif tuuta kuushinaa (hojjetoota golaa) gaafadhu. Waan addaafi mi'aayinni isaa akka dabalufi, nimijaata yoota'e nyaata akkaataa aadaa gareen qopheessuu. Yoo minjaalli miidhageera ta'e, baay'ee bareeda. Yoo niargama ta'e, bakka baay'ee murteessa ta'eetti faajjii Saba qulqullaa'aa jedhu fannisi. Mirkaneeffannaa sirrii daqiiqaa 30 kan hincaale keessatti garee eebbisuun nyaata eegaluun gaariidha kanaa oltaanaan baay'ee tura. sadarkaawwan adda addaaf qajeelfamoota mu'ina tokkoffaa jalatti kaa'aman hordofi.

## Boqonnaa 15 "Asiirraa eessa dhaqnaa?"

Gareewwan osoo addaan hinbahiin gaaffiilee akka gaafatamaniif yaadame.

Yoo leenjii hirmaachisaan kun mana jireenya keessatti ta'e, hirmaattootni ganama guyyaa gaafa dhumaa osoo gadhisanii hin deemiin yeroo gabaabaafi ifaa t'e fudhachuun yaada isaanii waraqaa citaa irratti gaaffilee kana akka deebisaniifi harka warra haala mijeessatti akka kennaniif gaafachuun gaariidha. Yoo Maaddii Mootiin mootii qopheessuuf yeroo dheeraa fudhate gara guyyaa isa dhumaa galgalatti fiduun nidanda'ama.

Gara namummaatti firoomsuu

- Leenjii hirmaachisaa kana keessatti boqonnaa kam irratti fayyini sitti dhaga'amee?
- Akkamiitti ilaalte Ofii kee, Warra kaanii fi jijjirama Waaqayyoo yeroo leenjii hirmaachisa kanaa?
- Ilaalcha ati eenyuuf qabdu jijjiramuu barbaachisaa?

Bira qaqqabuu

Yoo yeroo qabaate, hirmaattootni garee gareen akka naannoo isaaniitti gara fuula duratti akkamiitti akka deemuu qaban karoora murtaa'aa waliin akka baafatan gochuun fudhatama qaba.

A. Garee murtaa'aa tokko maqaa dhahuu dandeessaa hawaasa/Waldaa kiristiyaanaa kee keessaa kan dhaqxee waan fudhate kana waliin qoodatu?
B. Akka bu'aa leenjii hirmaachisaa kana keessaatti, hawaasa kee keessatti akkamiin garaagarummaa uumuu dandeessa?

    a. akka dhuunfaatti.

    b. akka qaama gareetti

C. Waldaa Kiristiyaanaa/hawaasa kee akkamiin gargaaruu dandeessa walii walii jidduutti fi garee kan biroo jidduutti araara buusuu? Maaltu si danquu danda'a?

# Qophii Waliigala Leenjii Hirmaachisaa

## Taatee Dura

Kadhannaa guddaa booda erga bakkafi garee xiyyeefannoo keenya filannee, tuuta haala mijeessitoota keessa nama dhaqee bakkicha daawwatu filachuufi, “Nama Nagaa” (Maatiwoos 10:11) nama akka furmaatatti quunnamnu barbaaduu. Isaan dhuunfaadhaan waa’ee dhimma irratti walqunnamuun dubbachuu bu’aasaafi dhugaa bahiinsa tokko tokko kennuufin. Kun namichi ergaa kana haansaa akka godhatuuf gargaara akkasuma illee sosochii uumuuf gargaara. Namni murteessaan barbaadamu kun waliitti qabama soortotaa, abbaa amantaa yookiin geggeessitoota biro waa’ee dhimmicha akka ibsaniif kan afeeruufi bu’aa isaafi qabxiilee eegaman ibsaaf.

Waldaan Kiristiyaanaa muraasni hirmaattoota tokkoon tokkoo isaaniif waraqaa waamichaa seera qabeessafi fudhatama qabu osoo dhimmicha akka hirmaataniif hinlakkisiin dura kennuufii qabdi. Karaa baay’ee filatamaa xalayaa isaaniif barreessuu yookiin geggeessitoota Waldaa Kiristiyaanaa bira deemuufi Waldaan Kiristiyaanaa ulaagaa duraan tarraa’e irrattai hundooftee haala mijeessa gahumsa qabu jalqaba irratti haa filatu. Yoo nidanda’ama ta’ee, jalqabuma irratti eenyutu yoo hirmaate akka fayyadamaa ta’u adda baasuufi gara fuula duraatti haala mijeessaa ta’uuf kan leenji’e ta’uuf nama mijaatu. Caasaa geggeessitoota Waldaa Kiristiyaanaa fayyadamuun baay’ee barbaachisa sababni isaas isaan eenyu irra caalaatti yoo leenji’e bu’aa akka buusuu irratti deeggarsa nitaasisu. Waldaan Kiristiyaanaa nama 3 hamma 4tti garee adda addaa keessa erga leenjii hirmaachisaa waa’ee Garaa madaa’e fayyisuuf saba jijjiruu leenji’ee booda tuuta gahuumsa cimaa qabu ta’u danda’u erguu qabdi.

Filannoon dursaa dhaloota dargaggoof kennamuu qaba, keessumaa warren dandeettii barsiisuu, lallabuu yookiin hariiroo uumuu qaban. Namoota kennaa farfannaa, Ijoollee irrratti hojjechuu yookiin warra gaa’ela qaban tajaajiluuf qaban yoota’e baay’ee mijaatadha. Yoo geggeessitootni Waldaa Kiristiyaanaa ofii isaanii hirmaachuu barbaadan, tarii yoo leenjii hirmaachisaa Garaa madaa’e fayyisuuf saba jijjiruu ofii isaanii irratti hojjechuuf yaada qabaatan, haala mijeessaatti ta’uuf osoo hinyaadiin kana raawwachuu danda’u. Geggeessitoonni fayyaan garee isaaniif deeggartoota cimoo ta’uu danda’u.

Namichi sossochii uumuuf ramadame haalota leenjii hirmaachisaa kana keessatti hammatamuun qindaa’e hunda irratti xiyyeefachuu qaba. Guyyaan leenjii hirmaachisaa kanaaf filatame guyyaa leenjiiwwan biroorra hinbuune akka ta’e adda baafachuu yookiin Waldaan Kiristiyaanaa naannoo isheetti leenjisuu. Dhimma baajataa dhimmaa biroo xiyyeefannaa cimaa barbaadudha. Tajaajilli fayyisuufi araara buusuu wagga dheeraa booda bu’aan isaa waan

argamuuf kanfaltiin kanfaltiin yeroo leenjii kanaa taasifame gaddi bu'aa ta'uutu filatama. Yaada kanfaltii olka'aa (qaaliin) eegaluun ittifufiinsa hinqaabatu.

Leenjii hirmaachisaan mana jireenyatti geggeefamu ijaa caalaa kan naqatu ta'ullee, kanfaltiin isaa guddaadha. Bakka mana jireenya keessa hintaanetti adeemsisuun barbaachisaadha. Waliitti qabamichi namoota hundumaaf giddu galeessa (imbaabsaa)fi obbolummaan irratti kan xiyyeefate yoo ta'e yeroo warra dhaabilee amantaa adda addaa keessa babbahan waliin geggeessinu bu'aa qabeessa ta'a.

Qindeessaan leenjii hirmaachisaa kanaa osoo waliitti qabamichi hinadeemsifamiin torbaa tokko yookiin lama dursee dhaqee nama furmaata filatameefi bakka itti geggeefamuuf qophaa'etti haalli hundumtuu sirriiitti mijaachuu isaanii ilaaluun mirkaanefachuun yaada gaariidha.

## Karoorsuu

Leenjii Hirmaachisaan osoo hineegaliin waan hundaa sirriitti karoorfachuun gaariidha. Maxxansa hundaa, isa maxxanee baay'isuu, meeshaalee deeggarsaa ijaan argaman qopheessuun yeroon osoo hingahiin fuula dura hojjetamuu qabu. Miseensota tuuta haala mijeessitootaaf gahee qooduu, eenyu mata duree kam barsiisaa, eenyu namoota afeera, dhimmoota qabatamaatti raawwachuu isaanii eenyutu ilala, eenyu meeshaalee deeggarsaa ijaan mul'atan qopheessaafi kan kana fakkaataan filachuun gaariidha.

## Golga Kadhannaa

Kadhannaan ala waan tokkollee galmaan gahuu hindandeenyu. Qoqqooddaafi haqa maleessummaan gufuuwwan Hafuuraafi kun immoo Hafuura Qulqulluu qofaan kan balleefamudha. Osoo waan tokko hintaa'iin dura akkuma kadhaanneen, osooma leenjii hirmaachisaan geggeefamuu jidduutti kadhannaa galchuun boqonnaa hunda keessatti akka isaan kadhataniifi dhimmoota kadhannaa barbaadan kanneen akkaa leenjii hirmaaachisaan akka ittifufne dhaqu irratti kadhachuun yaada gaariidha. (Leenjii Hirmaachisaan kun biyyicha keessatti isa jalqabaatti taanaan, namni jidduu seenee haala kana mijeessu ofii isaa keessatti hirmaachuun qabiyyee, adeemsaafi muuxxannoo leenjii hirmaachisaa namoonni kaan ahha baran gochuun baay'ee murteessadha.)

Muuxxaannoon yeroo darbee osoo leenjiin hineegaliin kadhannaa gabaabaa guyyaa hundumaa haguugu kadhachuun akka barbaachisu nubarsiise:

## Kadhannaa waliigalaa

- Dhiibbaa seenaa naannoo yookiin garee murtaa'aa keessa jirurraa haaxa'uuf
- Taateewwan hunduu gaddi fageenyaa akka raawwatamaniifi meeshaalee barbaachisaan karaa salphaa ta'een akka mijaataniif

## Haala Mijeessitoota Leenjii Hirmaachisaaf

- Waraansa hundumaarraa akka isaan eeguuf, akka hinhirmaanneef danqaa kan isaaniitti ta'u hundumaa irratti yookiin akka isaan ofiitti amanamummaan leenjii hirmaachisaa kana hinqindeessineef isaan saamu irratti.
- Tuuta jidduutti tokkuummaafi jaalalli akka dhangala'uuf
- Tuutni guutummaatti Hafuura Qulqulluu irraatti hirkachuu isaaniifi, osoo walirraa hincitiin guutamuufi dhibamuu akka hubataniif.

## Hirmaattotaaf

- Leenjii Hirmaachisaa kana irratti hirmaachuuf fedhii akka qabaataniif
- Tarsiimoo seexanaa isa namoota achi fageessu (sodaachisuun, uftumaan, dhukkubaan, balaa tasaan, waan baramaa ta'een yookiin rakkoo Waldoolee Kiristiyaanaa) akka diigamuuf.
- Erga isaan achi gahanii wanti isaan addaan kutanii akka bahan godhu akka hinjiraaneef
- Argamuun Waaqayyoo qabatamaatti akka mu''atuufi, hafuuronni faallaa hundinuu humna akka dhabaniif
- Waanta'u hundumaa keessatti sagalee Waaqayyoo dhaga'uu akka danda'aniifi, dhugaan bilisa akka isaan baasuuf

**Hubachiisa:** karaa bu'aa qabeessi ittiin gufuuwwan biyyaa mo'annu (kanneen akka malaammaltummaa, tokkummaa dhabuu, gosummaa, soda, oftulummaa fi kan kana fakkaatan) Yesuus akka Gooftaa keenyatti olqabuufi itti yaadnee hafuura akkasiirraa fagaachuudha.

## Hirmaattoota

Sodomaa hanga Afurtamaatti lakkoofsa filatamaa leenjii hirmaachisaa kanaatti, ta'uus muraasni isaa lakkoofsa hedduun leenjii hirmaachisaan niraawwatama. Namoota garee hundumaa bakka bu'an qabaachuun murteessadha. Namoota garee hundumaaf carraan walqixaa kennamuu qaba. Yoo namoota garee tokkoo keessaa lakkoofsi bal'aan galmaa'e, muraasa isaanii tarree eeggataa jalatti galmeessuun hamma xumura guyyaa leenjii hirmaachisaatti namoota garee biroo keessaa akka hirmaataniif carraa galmaa'uu kennuu. Yoo

garee namoota tokko keessaa namoonni galmaa’an xiqqoo ta’e, addumaatti namoota garee Sanaa quunnamuufi dhuunfaan isaan afeeruu yaali.

### Kutaa Walga’ii

Kutan walgahii namoota hedduu hamma 50tti teessisuu kangahu ta’uu qaba, yookiin yoo nidanda’ama ta’e, xiqqoo bal’aa ta’ee yeroo taatee tokko tokko geggeefamu kutaa jijjirachuu. Piroojekterii paaworpooyitii fayyadamta ta’e, kellaa dadaan isaa bifa adda addaan faayefame gara fuula dura bakka sagaleen dubbatamu yookiin fuula Kompiteeraa keenya irratti qabachuu barbaachisa.

Maxxantuu 1fi fuula ____ rraa akkaataa teessumni itti qindaa’u ilaali.

Kutaan dabalataa hojii gareef nibarbaachisa.

## Bakka Boqonnaa (turtii)

Yoo barnooticha mana jireenyaa keessatti kennamuuf qophaa’e ta’e, kutaawwan gatiin isaanii gaddi bu’aa ta’e yookiin jidduugalli yaa’ii jiraachuun nigorfama. (yeroo tokko tokko naannoo Waldaa Kiristiyaanaa irraa hamma tokko fagaatee argamuun baay’ee gaarii ta’uufi akka isaan leenjii hirmaachisaa sanarratti shakkii hingodhanneef naannoo mana nama dhuunfaa irraa fagaachuu qaba!)

Gareen adda addaa yoo kan kutaa keessatti kan walkeessa makamaan ta’e bu’aa qabeessummaa leenjii hirmaachisichaa nidabala. Kutaawwan adda addaa kan lakkoofsa hirmaattootaan walsimufi kutaa tokko tokkoo keessatti siree qabachuu isaa osoo galmeen hineegaliin dura qindaa’uu qaba.

## Nyaata

Akkaataa tuuta Waldoolee Kiristiyaanaa naannoo Sanaa keessatti amaleefatameen nyaata dhiyeessuun baay’ee filatamaadha. Kun baasiin akka xiqqaatu godha akkasumaas sagantaa jijjirama akka qabaatu eeyyama. (Tuutni garee adda addaa irraa ijaarame baay’ee gaariidha!) nyaatni gosa adda addaa akkaataa hirmaattota hundaaf mijaatutti qophaa’uun nigorfama. Hirmaattoonni leenjii hirmaachisaa nyaata qopheessuuf hindirqaman, kun waan isaan baay’ee burjaajjessuuf.

Yoo nyaatni jidduugala irraa dhiyaata ta’e, gosa nyaata dhiyaachuu qabuufi sa’aatii boqonnaa isaanii waliin walii galuu. Tuutni haala mijeessitootaafi hirmaattootni waliin nyaata hundaa qoodachuun gaariidha. Namoonni yeroo nyaataa hiriyaa haaraa cina akka taa’aniif

jajjabeessuun illee gaariidha, qooda yeroo hunda hiriyaata isaanii qofa bira taa'aan. Kunis qaama barnootichaati!

Qajeelfama addaa Maaddii Mootii Mootii boqonnaa 14b ilaali.

## Gargaarsa Maallaqa

Gatii barnoota mana jireenyaa keessatti kennamu akkaataa gosa iddoo aaragalfii filatamee irratti hundaa'a. yoo kan gargaarsa barnootaa argamsiisuu nidandeessa ta'ee, namni hundinuu hirmaachuuf kanfaltii akka baasuu hinqabne yaada gaariidha. Waan warri kaan gumaacha gochuu warra hindandeenye jajjabeessuu (fakkeenyaaf walakkaa yookiin nuusa isaa akka kanfalaniif gaafadhu). Hirmaattootni yoo ofii isaanii gumaacha godhan/ aarsaa kanfalan miirri abbummaa keessatti uumama.

Namoota hirmaachuuf ofkennuu barbaadan qabaachuun akka namoonni galmaa'uf fedha hindhabneef maallaqa kuufachuun barbaachisaadha, yoos kun callistee warra olii qofa akka hineeganne sigodha. Leenjichi yoo guutuu ta'eefi namoonni irraa yoo galagaalan kun dhimma guddaadha.

## Galmeen booda

Hirmaattootni leenjii hirmaachisaa kana irraatti galmaa'uu isaaniif waraqaa baga nagana dhuftanii mirkeessuufi simannaa ho'aan taasifamuufi qaba. Yoo leenjii hirmaachisaan hineegaliin kanneen armaan gadii beekuu qabu:

- Faasilitiiwwaan eessatti akka argaman (kaartaa yookiin akkamiin gidduugala argachuun danda'amu yaada qajeelfamaa)
- Yeroo Leenjii Hirmaachisaa

**Barnoonni boqonnaa tokko tokkoo keessatti kennamu boqonnaa darbe irratti waan ijaaramuuf, hirmaattoonni guutummaatti hirmaachuun murteessaa akka ta'e sirriitti hubachiisuu. Waraqaan Seertifikeetii hirmaannaa dhuma irratti warra leenjii hirmaachisicha hundaa hirmaatan qofaaf kennama.**

- Hirmaattootni maal fidatanii dhufuu qabu:
    - Waraqaa yaadannoofi kobbee/qalama
    - Macaafa Qulqulluu

- Meeshaalee qulqullinaa yoo mana jireenya keessatti geggeefama ta'e
- Waantota boqonnaaf barbaachisan (fooxaa, afaata siree, kan ittiin dhuganfi fal'aanaafi kkf yoo barbaachisan)

## Waaqeffannaa

Waan si burjaajessuu danda'uufi yeroo baa'ee fudhatuuf Garee Waaqeffachiiftoota of wajjin fidee dhufuun barbaachisaa miti. Akka tasaa nama kanaaf osoo hinqopheessiin farfachuun gaariidha. Tuuta haala mijeessitoota keessaa tokko kana yoo raawwateefi aaqeffannaa yoo geggeesse kun akka dabalataatti!

Waaqeffanicha araara buusuu kan adeessu ta'uu qaba, garee dhaabbilee amantaafi garee namoota jidduutti lamaan isaa filannoo farfannaa irratti kan hinbarbaachifne akka hintaaneef ofeegannoo gochuu. Waaqeffanichi aadaa adda addaan ta'uu qaba, kanaaf farfannaa afaan gargaaraa hunda bakka bu'u filachuu. Farfannaa gaggabaabaa afaan adda addaa wal keessa makuun tokko isa tokkotti aansuun farfachuun baay'ee baay'isee gaariidha. Yoo Piroojeterii poower pooyitii fayyadamta ta'ee, jechoota farfannaa fayyadamuu barbaadee qabaachuu kee mirkaneeffadhu (hammattuu keessatti hiika isaa waliin). Karaa kanaa namni kamuu itti hirmaachuu danda'a, farfannaa afaan kami farfatamuun si hindhibiin. Ijoon waliigala leenjii hirmaachisaa kanaa fayyina, dhiifama gochuufi araara buusuu, garuu farfannaa waaqeffanaafi jajjannaa waliigalaas gaariidha.

# Cheekliistii Qindeessaa Leenjii Hirmaachisaa

Kanneen armaan gadii qabaachuu kee adda baafadhu[5]

- ✓ Tarree galmee (odeeffannoo baajataa waliin hammamtu dursee kanfalameefi ramaddii kutaa akkasumas odeeffannoo waliigala nama dhimmicha qabate argatan)
- ✓ Nagahee
- ✓ Maqaa baajii hojjettootaa ibsu
- ✓ Dhiyeessii Waraqaa yaadannoofi kobbee[6] nama hundumaaf kanfaltii malee
- ✓ Taphachiisaa CDfi CD waaqeffannaafi barsiisuuf barbaachisan (akka filannooti)
- ✓ Koompiyuutera Laaptooppiifi piroojekteerii yoo pooworpooyitii fayyadamta ta'e
- ✓ Dadaan/girgiddaan manichaa yoo piroojekshiniif himijaawu taa'e meeshaa fuula piroojekshinii qopheessuu
- ✓ Chaartii naannooftuufi kobbee (qalama adda addaa waliin)
- ✓ Karaa muraasa ulee waraqaa girgiddaa irratti argisiisan
- ✓ Muka jal'oonni ittifannifaman (maxxantuu 2)
- ✓ Gaddumiifi mismaara xixxiqqoo (mismaara hirmaattota hundaa ittifayyadamuuf gahu)
- ✓ Kibiriitii
- ✓ Meeshaalee akkaataa boqonnaa adda addaa keessatti: meeshaalee jalqaba boqonnaa tokkoon tokkoo isaanii irratti tarraa'e ilaaluufi meeshaalee do'ii hundaafi waan hundumaa ofharkaa qabaachuu kee adda baafadhu.
- ✓ Meeshaalee Maaddii mootiif barbaachisan
- ✓ Saanduqa/oota kutaa qaama adda addaa
- ✓ "Kaardii yeroo argisiisu" fuula ___ ilaali (akka filaannooti)
- ✓ Bilbila yookiin karaa biroo ittin hirmaatttoota yeroo boqonnaan eegaluu waamu.

## Yeroo Leenjii Hirmaachisaan adeemsifamaa jiruutti qabxiilee qabatamaatti raawwataman

**Kadhannaa Tuutaa**

Tuutni dursee bakka sana gahuufi bakka sanatti osoo hirmaattootni achi hingahiin kadhachuu qabu, keessumaa galma guddaa iddoo walgahiin itti adeemsifamu keessatti kadhachu. Kanneen

leenjii hirmaachisaan kun akka hinadeemsifamneef danqan hundaa akka qulqullaa'u irratti kadhachuufi, gumiin hundumtuu argamuu Waaqayyoon akka guutamuuf kadhachuu. Yeroo Leenjii Hirmaachisaa waliitti fufiinsaan kadhanni akka taasifamuuf tuutni haala mijeessitoota qindeessuu qabu (Fakkeenyaaf: ganama barii yookiin walgahii galgalaa booda). Dabalataaniis yeroo leenjii hirmaachisaa kadhachaa adeemuun gaariidha, dugduuba galma walgahiitti yookiin kutaa kan biraa keessatti miseensota tuuta haala mijeessitoota warra boqonnaa barsiifamaa jiru hinqabanneen.

**Galmee**

Nama simaannaa ho'aafi baga nagana dhuftan jedhee galmeessu, odeeffannoo waa'ee hirmaattotaa guutumaatti gaddifageenyaa argachuufi kanfaltii fudhu filachuu. Baajii irratti maqaa maal barreefamuuf akka jaalatan namoota gaafadhu, sababni isaas iddoo kana aadaawwan adda addaa waan jiraniif. (gaafachuu dhabuu keenyaan yakkaa yeroo darbeen osoo itti hinyaadiin miidhamuufi, isaan maaljechuu akka barbaadan akka beeknuutti fudhachaa ture.) Abdii guutudhaan ramaddiin kutaa ciisichaa namoota garee adda addaa keessa dhufanii kan walmakee ta'ee dursee qindaa'uu qaba. Yoo akkas hintaane, yeroo gara kutaatti ramadu namoota garee adda addaa walmakuu kee adda baafachuu yaali. Guyyaa isaan achi gahan kan kennituuf karameelaa yookiin waan mi'aawu yoo qabate baay'ee gaariidha akkasumas yoo jiraate dabtara yaadannoofi kobbee. Wanti barbaachisu hundi sirriitti guutamuu isaa mirkaneefadhu!

Waayitii Qopheessuu

Nama meeshaalee boqonnaa hundumaa keessatti barbaachisan bakka isaanii jiraachuu isaa adda baasuuf ittigaafatamummaa qabu ramaduu. Isaan kun kanneen akka chaartii naannoftuu, waan mataarra taa'u, CD, meeshaalee deeggarsaa ijaan argamanfi, kan kana fakkaataan.

## Waliitti Fufiinsa, Bu'aa Qabeessummaafi Babal'ina

Odeeffannoo warra gajalaa jiran qaqqabsiisuu

## Sadarkaa hundumaa irratti abbummaan akka jiraatu guddisuu

Fayyisuufi araara buusuun ijoo ergaa Wangeelaatti kanaafuu jidduugaleessa tajaajila Waldaa Kiristiyaanaa ta'uu qaba. Waldooleen Kiristiyaanaa miseensota isanii waa'ee bu'aa leenjii hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuuf saba jijjiruu amansiisuun barbaachisaadha. Leenjii Hirmaachisaan Garaa madaa'e fayyisuuf saba jijjiruu meeshaa guddina jireenya Hafuuraa Waldaa Kiristiyaanaafi hariiroo fayyaa buleessaaf kan haala mijeessuudha.

Leenjii Hirmaachisaa Waldaa KIristiyaanaa yookiin galmaa uummataa keessatti geggeessuun qooda hoteela gaarii keessatti geggeefamufi miseensota Waldaa Kiristiyaanaa nyaataa gareewwan adda addaaf akka hojjetaniif gaafachuun Waldaan Kiristiyaanaa tajaajila kana kanshee akka godhatu taasisa. Yoo nidanda'ama ta'ee, hirmaattootni kan dhuunfaa isaanii maallaqa akka gumaachafi gatii geejjibaa ofii isaanii akka kanfalataniif jajjabeessi. Akkasumas, Waldaa Kiristiyaanaa kanfaltii miseensota isheef akka gumaachitu jajjabeessuun of kennuufi kanshee akka godhatu taasisa.

## Dhiyeessii dirqama haala salphaan ta'uu qaba

Meeshaalee baay'ee walxaxaa ta'an fayyadamuun barbaachisaa miti akkas gochuun hojiicha danqullee nidanda'a. Filannoowwan sasalphaa qofatti gargaaramuun bu'aa qaba. Tarreessuu, Diyaagiraamiifi gabatee gurraacha, gabatee adiifi chaartii naannoftuu irratti fakkii kaasuu. Akka filannootti, waraqaa jabaataa yookiin uffata irratti dursee kaafamuufi qalama dibamuufi bakka baduu hindandeenye Leenjii Hirmaachisaa sana jidduu kaa'uu.

## Leenjichi iffifufee akka adeemsifamu hordofuu

Ji'oota 2-3 booda, hordofuudhaaf hirmaattoota gara iddoo tokkotti deebisanii waliitti qabuu gaarii ta'uu danda'a. Dhugaa baatii adda addaa waliif qooduu, fayyina caalaa simaachuu, jajjabinafi walii walii isaanii jajjabeessuu, barnoota kan biroo argachuu yookiin barnoota yeroo darbee sirriitti gaddi fageessanii deemuu danda'u. Gaaffiillee kanneen akka "namoota sababa miidhamaniif Waaqayyoon amanachuun isaanii hir'ate akkamiin isaan gargaaruu dandeessa?" yookiin "nama dhiifama gochuu hindandeenye akkamiin deeggarta?" jettee gaafachuun hubannoo isaan barnootichaaf qaban madaaluuf sigargaara. Karaa ergaan kun ittiin babbal'achuu danda'u waliin barbaaduufi akka haala mijeessatti leenjii'an adda baafachuu.

Gaaffiilee hordoffiif kan fayyadamuu dandeessu maxxantuu 9 irraa ilaali.

## Koree hordoffii naannootti hundeessuu

Leenjii Hirmaachisaa hundaa booda, hirmaattootni koree tajaajilli kun ittifufuu isaa ilaalaniifi hirmaattoota waliitti qaban filachuu qabu. Naannoo isaaniitti hojii araara buusuu raawwachuu danada'u.

## Namoonni sirreessuufi qabiyyee isaa boocuu irratti eeyama qabachuu

Warren fayyina mi'eefataniifi araara buusan akka barnoota kana keessatti ibsameetti mata dureewwan leenjii hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuuf saba jijjiruu irratti guyyaa sadiif barsiisuuf yookiin raawwachuuf bocame irratti waamamuu hinqaban. Namoonni akkaataa waamicha isaaniitti ergaa kana akka qoodatan jajjabeessina. Namoonni tokko tokko farfachuu, kaan immoo do'ii hojjechuu, muraasni immoo ogummaa irratti, warrii kaan immoo ispoortiifi kan kana fakkaatan danda'u. Namoonni tokko tokko yeroo daa'imman irratti hojjetan itti tola kaan immoo dubartoota, dargaggoota, ga'eessota, namoota baratan, daldaltoota yookiin geggeessitoota mootummaa biyya waliin hojjechuutti amana. Tooftaafi akkaataan filannoo kennaa, yeroo ramadame, qabeenya maal akka qabdufi garee xiyyeefannoon kennameef irratti hundaa'a. Karaa farfannaa, do'ii, qalamoota dibamanii, walgahiifi waliitti qabama jamaa irratti ergaan akka faffaca'u (babbal'atu) argineera. Namoota waa uumuu danda'an ergaa kana hubachuun karaa dandeetii isaaniin ibsan jajjabeessuu. Dabalataniis hojiirra oolmaasaaf namoota gaddi fageenyaan tuqamaniifi tajaajila kana baachuuf gahuumsa qaban guutummaan leenjii hirmaachisaa kanaa akka adeemsisan gochuu barbaachisaadha.

### Ogummaan caasaatti fayyadamuu (Dhaabilee amantaa, Waldoolee Gamtaa, Miti Mootummaai kan kana fakkaatan.)

Ergaa kanaa waliin adeemuu dhaabilee amantaa dhugeefachuufi taateewwan dhaabilee keessatti adeemsifaman deeggarsa geggeessitootaa qabaachuu qaba. Dabalataanis leenjii hirmaachisaa kana irratti dhaabileen adda addaafi waldooleen gamtaa hirmaachuun bu'aa qabeessa.

## Baajata murtaa'aa

Qarshii guddaan tajaajiala kana eegaluufi bakka walgahiin itti geggeefamu kan gatii guddaa ta'uun guddina tajaaijla kanaaf gufuudha. Baasii qarshii xiqqoo irratti hundaa'uun tajaajillichi gara fuula duratti akka adeemu taasisa. Deeggartoota biraa maallaqni niargama taanaan, karaa

baay'ee dinagdawwaa taa'een ogummaan leenjii hirmaachisaa kana adeemsisuuf fayyadamuuf deemuun, yoos namoonni maallaqa irratti hundaa'aanii akka hindhufneefi akkaataa barbaadamuun raawwachuu nidandeessa.

## Biyya amantiilee kan biroon jiru keessatti hojjechuu

Waldaa Kiristiyaanaa wajjin hojjechuu akka eegaltu sigorsina, sababni isaas Waldaan Kiristiyaanaa karaa araarri bu'u hinbarbaadu taanaan, uummata irraa abdii maaliitu jira? Takkaa Waldaa Kiristiyaanaarraa erga deebii gaarii argateefi muuxxannoo biraa erga fudhatee, amantaa kan biraarra dhufaanii akka hirmaataniif afeeruu jalqabuu dandeessa osoo ergaa kee irraa hinsharafiin. Leenjii hirmaachisaa Macaafa Qulqulluu bu'uurefate akka ta'e ibsiif, garuu akka hirmaataniif irratti afeeruu dandeessa. Leenjii hirmaachisicha ayyaanaan guutamii geggeessi malee barsiisa durii (seera Waldaa Kiristiyaanaa kee) irratti hinhundaa'iin, Kiristiyaanni maal akka amanu ibsiif.

Amantaalee adda addaa jidduutti leenjii hirmaachisaa akka adeemsiftuuf Waaqayyo siwaamu isaa niamanta taanaan, inni akkamiitti akka hojjettu ogummaa akka siif kennuuf is barbaadadhu.

## Gabaasa barreessuu

Namni sirriitti barreessuu danda'u dhugaa baatii, duubdeebiifi yaadota kennaman barreessuufi gabaasa haala lameen waa'ee maallaqaafi seenessa ofkeessatti hammate dhiyeessuu qaba. Gabaasni qophaa'u akkuma taateen raawwatamee booda wantoota ajaabsisoo battalatti ta'an waliitti qabuufi dhugaa qofa osoo hintaane miira turellee kan argisiisu ta'uu qaba. Garuu, kan baay'ee dhaadefame taa'uu hinqabu!

Namoonni waraabbiif gargaaramnu eeyyama isaanii gaafatamuu qaba. Ogummaa malee kaameraatti fayyadamuun akka gareen ofgadhiisanii hinhaasofne danqa. Haala mijeessitoonni osoo dhugaa baatii isaaniitti hinfayyadamiin dursanii hirmaattoota eeyyamsiisuu qabu.

## Mataduree Gabaasaa irratti yaada kenname.

- Taatee
- Gumii
- Guyyaa
- Haala mijeessitoota

- ❖ Lakkoofsaafi yaada waliigala eenyufaa akka hirmaatan
- ❖ Deebii waliigalaafi haala qilleensaa
- ❖ Bu’aa argame
- ❖ Dhuga-baatii
- ❖ Yaadota kennamanii, qalbifannaa
- ❖ Barumsa haala mijeessitootaan kennaman

# Tajaajila Kee keessatti Ofmadaalli.

Fayyina raawwachuufi leenjii hirmaachisaa araara buusuu keessatti qaamaan, miiraafi hafuuraan keessatti hirmaachuun barbaachisaadha. Dhukkubbiifi aarri namoota baay’ee dhaga’uun dhiibbaa sirraati gochuu danda’a akkasumas miira keessa akka galtu sitaasisa. Achiitti balaan raata’ummaatti dhufuu yookiin ofii kee ittisuuf sitti ulfaachuutti dhufuu dandeessa. Kadhannaafi Macaafa Qulqulluu qo’achuuf fedhii dhaabuu dandeessaa ta’a yookiin Waaqayyoon shakkuu eegalta. Ofii keef kunuunsa gaarii kennuu fudhachuun baay’ee barbaachisaadha, haareffamaafi uumama haaraa ta’uutti haala jireenyaa hundumaa keessatti kaayyefachuu. Dabalataanis akka tuutatti yeroo waliitti fufiinsaan bakka bashannanaa iddoo tokkotti waliitti dhuftanii muuxxannoo keessan waliif qooduufi kadhachuufi walii walii keessan jajjabeessuu dursanii qindeessuu gaariidha. Namoonni waa’ee tajaajilichaa hubatanii ala dhaabatanii odeessan dhufanii siwajjin tajaajiluu qabu.

# Hafuuraan

- ✓ Guyyaa guyyaatti kadhachuufi Macaafa Qulqulluu dubbisuun hariiroo dhaabataa Waaqayyoo waliin qabachuu
- ✓ Wanti danqaa ta’u hundinuu akka balleefamuuf Waaqayyoo Garaa kee akka sakkata’u Hafuura Qulqulluu gaafadhu.
- ✓ Karaa Seexanni miidhaa uumu cufuu. Inni keessummaa gara booddeetti deebitee akka qoolifatuufi tokkummaa dhabuun qoramtu barbaada.
- ✓ Ariitiin cubbuu goote kamillee amanii qalbii diddiradhu.
- ✓ Guyyaa guyyaa irratti hundaa’uun jaalala Waaqayyoo simadhu.
- ✓ Waliitti fufiinsaa Waldaa Kiristiyaanaafi tokkummaa obbolootaa hirmaadhu. Waaqeffachuu ittifufi.
- ✓ Deeggarsa kadhannaa gaarii barbaadi.
- ✓ Caasaa ittigaafatamummaa gaarii qabaadhu – akkamiitti akka hojjetu nama kabaju tokko gaafadhu.

- ✓ Yoo nidanda'ama ta'ee, leenji hirmaachisaa hundaa tokko tokko boqonnichaa akkuma raawwateen nama Kanaan dura kennee beekuu irraa muuxxannoo akka siif qooduuf barbaadi. Yoo nama tokkollee dhabdee, akka tuutatti yeroo qabaachuun tokko tokkoon yaada akka siif qoodaniif gaafadhu. Tokko tokkoo isaanii gaaffilee kanneen akka :
  - Siin irruma caalaa isa kamtu sikakaasee? Wantoota kanaaf yeroo Waaqayyoon galateefattu qabaadhu.
  - Maaltu irra caalaa wal'aansoo siqabe?
  - Wanti madaa darbe sitti kaaseefi dhibee kan sitti fide jiraa?
  - Sana booda Tokko tokkoo isaaf yeroo kadhannaa qabaadhu, dhibee kamiifi waan sitti ulfate gara fannoo fidi.
- ✓ Haaromsa Waaqayyoo kadhadhu, haara'uu fi cubbuu hafuura kee xureessu kamirraa illee qulqullaa'uuf kadhadhu.

## Hawaasummaa

- ➢ Hariiroo maatii kee sirriitti ittiyaadii eegi. Kun yeroo baay'ee karaa seexanni ittin gara keenyatti deebi'ee nuqorudha. Leenjii Hirmaachisaarra yeroo deebitu dadhabbii kee maatii kee irratti akka hincallaqisiifneef sirriitti ofeegadhu! Dabalataan, waan ajaa'ibaa Waaqayyo hojjete qabadhuu gara manaa kootu yeroo isaan wal'aansoo qabamaniifi manatti miidhaman. Waan isaan barbaadaniif miira qabaadhu.
- ➢ Waan hojjetu hundaa maatii keef yaada qoodi yoos isaan sihubachuun sideeggaru. Haadha warraa/ Abbaa warraa kee jajjabeessi Leenjii hirmaachisaa irraatti akka hirmaattuuf yookiin hirmaatuuf. Kun gaa'ela keef bu'aa guddaa qaba akkasuma tajaajilaa keef.
- ➢ Ijoollee kee waliin taphadhu yookiin isaan dubbisi.
- ➢ Obbolummaa gaarii guddifadhu – nama waliin bashannanuu dan deessuufi nama akka garaa keefi waan garaa kee keessaa ibsituuf.
- ➢ Maal akka hojjetaa jirtu ijoollee kee barsiisi yoo akkas goote isaan sihubachuufi karaa adda addaa sideeggaruu keessumaa kadhannaadhan.

Qaamaan

- ⇨ Carraa itti boqonnaa fudhatu fudhachuufi guyyoota tajaajila keerraa boqotu sagantefadhu.
- ⇨ Hirriba gahaa rafi.
- ⇨ Waliitti fufiinsaan shaakala sochii qaamaa qabaadhu, kanneen akka Ispoortii yookiin manduuba/ booroo keetti hojii hojjechuu, hojiiwwan dadhabbii sammuu hinbarbaanne.

Miiraafi Sammuudhaan

- ⇒ Ofii kee qofa waliin ta'uuf yeroo boqonnaa fudhadhu, keessumaa yeroo nama biraa waliin yeroo dheeraa dabarsitu kan sitti hintolle yoo taate.
- ⇒ Miira kee ibsadhu, ofkeessatti cuftee hinkaa'iin! Dhibee kee yookiin aarrii kee Waaqayyotti keennachuu hindhiisiin.
- ⇒ Hojiiwwan akka taphaatti sifayyadau qabaadhu (fakkeenyaaf hojii mukaa)
- ⇒ Fiilmii gaggarii fi sagantaa TV ilaali (wanta hinbarbaachifne ta'uu hiinqabu!)
- ⇒ Kitaabilee gaggarii dubbisi.
- ⇒ Yeroo Uumama Waaqayyootti gammadu qabaadhu.


Diyaagiraamii bishaan baay'ee baatu maxxantuu 11 ilaali. Yeroo kee keessatti fedhii uumameefi annisaa kee argisiisuuf kana fayyadamuu dandeessa (ujummoo karaa bahiinsaa)fi ofii keetti akkamiitti akka fayyadamtu (ujummoo karaa sensaa) yoo akkas ta'e ati "qullaa kee hinfiigdu"!.

Dabalataan qajeelfamma torbaffaan barsiisuu dandeessa, akkamiitti Waaqayyoo barbachisummaa boqonnaafi haareffama dhaabataa waliin akka nu uume. Qabiyyee gosa ayyaana torbaffaa Yihuudotaa qorachuun baay'ee bu'aa qabeessa!

## Maxxantuuwwan

**Maxxantuu 1 Akkaataa qindoomina teessuma yeroo leenjii Hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuudhaaf saba jijjiruu.**


1. **Gophoo yookiin boca qubee V**




Kun namoota lakkofsi isaanii 15-30 jidduu ta'eef baay'isee baay'eesa. Hirmaattoonni tarree lamaan ta'uu danda'u, kun miira walqixxummaafi waliif qooduu uuma. Waliitti dhufeenya uumna. Namoonni gara fuula duraafi haala mijeessitoota cina akka ta'an barbaanna.


Namoonni dugda duuba kutaa sana keessa akka to'ataatti hinteenye adda baasuun sababni isaas guutumaatti waliitti dhufeenya uumuu waan hindandeenyeef. Haata'u malee, lakkoofsi namoota baay'ee yoota'e tarree hedduu barbaada.

2. **Walakkaa Geengoo**





Yoo baay'inni hirmaattootaa 15 gaddi ta'e kana fayyadami

3. **Garee**



Kun hojii gareef baay'ee bu'aa buusa walfalmii jajjabeessfi iddoo barsiisaan/qindeessaan hinjirreetti waliin marii'achuuf. Yoo argame minjaalli baay'ee barbaachisa.

4. **Maaddii Mootiif qindeessuu**



Kutaa Maaddii Mootii mootii ilaali.

Teessoowwaan moggaa kuutichaa naanna'uun minjaalli jidduugaleessa ta'uu qaba.

**Maxxantuu 2 Gareewwan adda addaa waliin hojjechuuf yaadolee kennaman.**

Uummanni hundinuu garee adda addaa baay'ee qaba. Garee dargaggoo, ogummaa, dubartootaa fi kan kana fakkaataan. Dubartoota keessa illee garee adda addaatu jira akkaa taa garaagarummaa fedhii isaaniitti isaaniis dubartoota gara ijoollee (warra reefu heerumaan), haadha iyyeessaa, ogeessota yookiin dubartoota daldalanfi, manguddoonni isaan muraasa. Akkaataa gareefi akkaataa dhibbaa uumuu danda'aniitti haala mijeessitoonni akka tuutatti akka hojjetan nijajjabeessina. Fedhii garee adda baafachuudhaaf yeroo fudhadhu akka tuuta keessaniitti bira gahuuf waliin irratti qophaa'aa.

## Ijoollee

Jeequmsa keessatti ijoolleen mallatoo Kanaan dura arganii hinbeekne isaan mudachuun warra baay'ee miidhama keessaa isaan tokko yookiis immoo isaan naasuu adda addaan miidhamu osoo hindhalatiin dura yookiin maatii keessatti. Namoonni arara buusuu irratti hojjetan yeroo hundaa ijoollee nidhiisuu, garuu yeroo isaan baay'ee ijoollee ta'an irratti illee ijoollee irratti hojjechuun gatii qaba, kun jireenya isaanii hundaatti isaan waliin waan jiraatuuf (Macaafa Fakkeenyaa 22:6). Ijoollee wajjin hojjechuu keessatti, boqonnaa gabaabaa barnoota tokko qofaa irratti xiyyeefatu yeroo isaatti karoorsuu. Afaan karaa salphaa ta'een hubatamuu danda'u fayyadami, farfannaa, fakkiiwwan, do'iileefi karaalee biroo isaan waliin walqunnamnu uumuun ijoollonni si'aayinaan hirmaachuu akka turan gargaara. Kutaan leenjii hirmaachisaa laphe madaa'e fayyisuuf saba jijjiruu tokko tokko ofeegannoo qabuu barbaachisa, kanneen akka waa'ee qoolifannaa dubbachuu. Qooda isaan dhaabuu ittigaafatamummaa "irraa darbuun" dhufu fudhachuu. Ijoollonni maal beeku jedhanii madaallii gaarii geggeessuun barbaachisaadha. Warri maatii baay'ee madaa'e keessaa dhufan guyyaa gara guyaatti "summiin" guutamu. Bakka mijaa'aa ta'etti maatiin, barsiisonnifi barsiisonni barnoota dilbataa akka daa'immaan tajaajilan taasifamuu qabu, dhiibbaa guddaa akka uumaniif keessumaa warra ijoollee ta'an irratti.

## Dargaggoota

Biyyoota baay'ee keessatti, geggeessitoota sirrii hintaanen dargaggoonni miidhamatti kufaniiru, isaan humnafi waan isaan jaalatan irratti hundaa'uun jeequmsa babbal'isuu keessatti dargaggootatti fayyadamaniiru. Isaan jibbaafi aarri maatii isaaniirrafi geggeessitootarraa

fudhataniis sammuun isaanii ammallee banaadha. Ergaa fayyinaafi abdii jiru simaachuuf isaan baay'ee qophaa'odha. Isaan gara fuula duratti yookiis egeree isaaniif jireenya mijaataa yookiin bu'a qabeessa jiraachuuf fedhii guddaa qabu. Haala mijeessitoonii dirqama haasa'aa isaanii qajeelchuuf, Addunyaa isaanii akka hubatan gochuufi akkaataa isaanii wajjin walii galuu garuu osoo kaayyoo kaayeffame baay'ee gaddi hindhiisiin ta'uu qaba. Ispoortii, muuzziqaa do'iifi viidiyoo gaggabaabaan karaa filatamaa isaaniin waliin qunnamnudha. Haala mijeessitootni tokko tokko sagantaa Inteerneetii kanneen akka 'Fcebook' fayyadamuun dargaggoota bira gahuuf tajaajila isaanii eegalu. Geggeessitoonnifi dhaabileen tola ooltootaa barattoota jidduutti hojjetan, yookiin garee dargaggoota irratti hojjetan namoota filataman kanneen dandeettii dargaggoota jajjabeessuun ergichi hiriyoota isaanii jidduutti akka babbal'atu taasisan taa'uu qabu. Dargaggoota lakkoofsaan hedduu ta'an warra baay'ee tuqamaniifi ergicha kan isaanii godhatan baay'ee argineera. Tuutni haala mijeessitootaa irruma caalaa bu'aa qabeessota ta'uuf ga'eessota dhiiraafi dubara lamaan isaanii of keessatti hammachuu qaba. Yeroo dargaggoota baratan waliin hojjennu sa'aatii baay'ee bal'aa fudhachuun akka isaan tokko tokkoo yaadichaa irratti sababeessan, ilaalcha haaraafi barnoota isaanii maddisiisaniifi yeroo falmiif barbaachisu qabaachuun baay'ee gaariidha.

## Dubartoota

Dubartoonnifi haadholii filatamoon hariiroo uumuuf murteessoodha. Isaan gatiirra, amaleeffannaafi barteefi, seenaa qabatamaafi dhuga-baatiirra nigahu. Dubartoota waliin hojjechuun barsiisaa leenjii hirmaachisaa Garaa madaa'e fayyisuuf saba jijjiruu Waldaa Kiristiyaanaafi hawaasa keessatti sagantaa dubbartoota keessatti hammachiisuu barbaachisa. Tuutni haala mijeessitootaa dhiirotaafi dubartoota ofkeessaatti hammate waan baay'ee buufata. Hojiin diigaa irra caalaa dhiirotaan raawwatama. Dhiironni hanqina jiru cufuu qabu garuu dabalataan ta'aanii warra miidhaman dhaga'uufi ceephoo fudhachuu qabu osoo ofirraa achi hindhiibin yookiin gara ofittisuutti hindhufiin. Boqonnaa tokko tokko keessatti dhiironni bahuu nidanda'u yeroo birmaddummaan baay'ee isaan barbaachisuutti. Garee xixxiqqaa keessatti waliif qooduun matadureewwan irratti baay'ee gaariidha callisamee barsiisuu irratti xiyyeefachuurra.

## Soortuuwwaniifi geggeessitoota biroo

Yeroo waluumagala dargaggoota barsiifnu, yaadafi muuxxannoo isaanii beeksisuun taatee baay’ee gaariidha. Matadureen tokko tokko akkaataa baay’ee hunda hammateen raawwatama. Karaa barsiisuu bu’aa qabeessi dhageefachuu, ilaaluu, garee xixxiqqaa keessatti hirmaachuu, wantoota waliin hojjechuufaa ofkeessatti hammata. Geggeessitoonni garee nama lama lamaa keessatti baay’ee adeemsisu. Namoota isaanii gaddi waliin walmakuun fyyina isaanii daangeessa. Baay’een isaanii madaa qabu kan akka salphaatti hinfayyine sababni isaas badii isaanii manuunis ta’e qalbii diddirannaan isaanii dhiibbaa adda addaa warra kaan irratti fida akkasumas kabaja, hojiifi maatii isaanii gaddi buusa. Waliigalteen iccitii walii eeguu baay’ee murteessadha. Namoonni muraasni leenjii hirmaachisaa kana gammachuudhaan bahaanii deemuu dhiisuu danda’u yookiin mallattoo jijjiramaa durbaratameen garuu kun hamilee haala mijeessitootaa gaddi buusuu hinqabu. Ga’eessonni madaa adda addaa to’achuu shaakalaniiru, isaan akka nama harka qaleessa waan ofharkaa qabutti jiraachuu baraniitti. Cimnee kadhachuufi yeroo hirmaattoonni aarrin dubbataniifi gaaffii gartokko illee nugeessuu hindandeenye nugaafatan obsuun nurraa eegama. Jaalachuu, kabajuufi hubachuun meeshaa waraanaa cimaa ga’eessota hikkachiisudha, garuu dabalataan nuyi galma matadureefi waliigala leenjii hirmaachisaa Garaa madaa’e fayyisuufi saba jijjiruu xiyyeefachuufi itti jabaachuu qabna.

## Maxxantuu 3 Meeshaalee Deeggarsaa Ijaan Argaman 👁

Meeshaalee ijaan argaman mallattoowwan ijaan argaman kanneen hirmaattootni sirriitti kitaaba barnootichaa akka hubataniif gargaarudha. Bilisummaan waan uumuun yaaduufi meeshaalee deeggarsaa qopheessuu fide dhufuu dandeessa. Meeshaalee deeggarsaa kana hammattoo tokko keessatti iddoo tokkotti waliitti qabuun akka hindagatamneef qabachuun gaarii ta'a. diyaagiraamii kanneen akka "mukaa" chaartii naannoftuu irratti qophaa'uu qaba osoo hojiin hineegaliin dura.

Meeshaalee deeggarsaa nuyi fayyadamnu:

1. **Mana** = kaartoonii/kompoorsaatoo/Waraqaarra

2. **Sadan Tokkummaa** = abaaboo gosa garaagaraa waliitti qabamen fakkii Diyaamondiin

3. **Jibbinsa/Qoolifannaa** "Mukeen" waraqaa yookiin kaartoonii yookiin paaworpooyitiin kaafaman. "Fuduraa" waraqaarraa kutuun hojjetame kan gareen hunduu ija qoolifannaa irratti barreessuuf isaan gahu.

4. **Eenyummaa Haareffame**

Jaakeetii xiqqaa (kootii gabaabaa) qubbee dhedheeraan maqaa namoota garee kan qabu, garee tokkoon tokkoo keessa kan nama tokko nama do'ii keessatti hammatame. Ansoolaa, waraqaa golgaa kan maqaa garee warra ijoo kan qabate.

5. **Waldaa Kiristiyaanaa akka abbaanaa (iddoomaa) jijjiramaatti**.

Bishaan Birciqqoo keessaa + Ashaboo + Fal'aana Dungoo + Baaldii + kibiritii

6. **Miidhamaafi Waaqayyoo jaalalaa**

Haguuggee fakkeetii nama fakkaatu ulee (akka meeshaa waraanaatti)

7. **Waaqayyoon akka abbaa jaalalaatti beekuu**

Garaa guddaa dheeraa

8. **Hatticha**

Chaartii naannooftuufi qalama

9. **Garaa madaa'e** haguuggee

10. **Miidhama namaaf deebii Waaqayyoo**

Fannoo xuubii qarqabi duugdaa

Waraqaa adii (Yesuusiif) abaaboo iftuu

11. **Leenjii Hirmaachisaa waa'ee Fannoo**

| | | |
|---|---|---|
| Fannoo | Kibiriitii | Abaaboo namtolchee/ uumamaa |
| Gadduumii | Baaldii Sibilaa ittiin waraqaa gubuuf gargaaru | |
| Mismaara | Ulee | |
| Waraqaa | | |

12. **Yakkamtootaaf Dhiifama Gochuu**

"Dhiifama gochuu" waraqaa irratti barreefame funyoo xiqqoo fannoo uffata dheeraa yookiin Awusaa

13. **Jijjirama Humna Qalbii diddirannaa**

Do'ii Du'aa ka'uuf Bilbila Moobiyilaa

14. **Hir'ina jiru guutuu**

Fakkii Saamunaa Caabii bishaanii Qoorsituu (fooxaa)

15. **Maaddii Mootii** kutaa 14b ilaali

**Meeshaalee argaa hojjechuuf yaadolee kennaman:**

**Haguuggii** (kutaa 5 fayyadami miidhamaafi Waaqayyoo jaalalaafi, yookiin kutaa 8 Garaa madaa'e) waraqaa xiqqoorraa haguuggii fuulii xiqqoo qabu hojjechuun gara jala isaatti bakka qabannaa xiqqoo qabu waliin. Kutii boolla ijaafi afaanii ittibaasi.

**Seederiyaafi Awusaa** (Saba Qulqullaa'aa kutaa 3 keessaatti gargaaramufi, dabalataan awusaan kutaa 14b Maaddii Mootii mootii keessatti gargaaramneera)

**Seederiyaa**

Jaakeetii salphaa gabaabaa qopheessuun meeshaalee dhippoo hintaanerraafi sana booda wayii uffata dheeraa irratti hodhuun maqaa garee tokkoo qubee dheeraan irratti barreessuu yookiin kirrii teeppii fayyadamuun qubee dheeraan maqaa garee tokko irraatti fayyadamuu.

**Funyoo**

Funyoo bareedaa “baay’ee adda ta’e” majikii fakkaatu hojjechuu. Wayiin maqaa garee hundaa kanqabate qofa qofaatti irratti barreessuun ittihodhuu yookiin funyoo sanarratti kirrii teeppii itti maruu, tokko tokkoon isaa kan maqaa garee qabate. (Hubachiisa: yoo funyoon hinjiru ta’e, ansoolaa fayyadamuu dandeessa.)

**Fannoo**

Yoo xiqqaate meetira tokko kan oldheeratti fannoo callisii qopheessi, hanga garee irratti hundaa’i. Kutaa isaan gahu jiraachuu qaba hundumti isaanii waraqaa isaanii irratti qabsiisuu akka danda’aniif, akkasumas gareen Chaartii naannooftuu sana naannessuu (gartokkee) leenjii hirmaachisaa waa’ee Hattichaarraa. Kun mijaataa ta’uu dhiisuu danda’a, akka waan inni mismaaraan wawwaraanameetti fannichaarraa gaddi quncisi.

**Faajjii**

Meeshaa beekamaarraa akka duugduubeetti fayyadami, kan qalama biraa qabu yookiin meeshaalee kanaaf qophaa’an kukkutii gonfoo irraa tolchi akkasumas qubee dheeraan “Ayyaana saba qulqullaa’aa” jedhii irratti barreessi. Isaan kana itti hapheessuu yookiin ittihodhuu nidanda’ama duugduuba isaati fi bakka fayyeefame sana hundasaa irratti akka feeteen. Dabalataanis muka dheeraa yookiin waraqaafi dibduu qalamaa fayyadamuu dandeessa.

# Maxxantuu 4 Do’iilee

Do’ii 1 “Sadan Tokkummaa” Daqiiqaa 5

**Galmi do’iichaa** qulqullummaa hariiroo Sadan Tokkummaa keessa jirufi hariiroo qulqullaa’aa akka kanaa akka shaakaluuf fedhii Waaqayyoo Abbaan nuuf qabu walii walii isaaniifi waliif qaban argisiisuudha.

**Hirmaattoota**

Namoota sadii garee adda addaa sadiirraaa (yoo niargama ta’e) bakka namni hunduu isaan argu dhaabachuufi harka walqabatanii geengoo uumuun.

Haala mijeessitootni garee warra kaaniitti akka jechuun gaafatu:

“Namoonni sadan kun ittigaafatamummaa dinqisiisaa Waaqayyoon bakka nuuf bu’uu qabu! Macaafa Qulqulluurraa waan beektaniirraa, namoonni sadan kun hariiroo akkamii walii walii isaaniif qabu?”

Deebiisaa fudhachuu ittifufi:

“Hariiroo kana adeessi.”

“(Jaalala, Tokkummaafi, kan kana fakkaataan) jechuun maal jechuudha?”

“Akkamiitti ______________ (Jaalala, Tokkummaafi kan kana fakkaataan) raawwachuu dandeenya?”

“Inaaffaa kamillee iddoo kana jiraa?”

“Waldorgommiin kamillee?”

“Kan hojii isa kambiraan miidhame tokkollee jiraa?”

Hamma namoonni fakkiin kun tokkummaa garaagarummaa keessatti qabxii agarsiisuu danda’uu bira gahaniitti adeemuu qabda. Kun dhuguma, hariiroo isa kaniif fakkeenya dhugaadha. Namoonni jaalala dinqisiisaa akkasii argachuu isaanii yeroo hundaa dhugeefachuu isaanii mirkaneefachuu yaalii. Bara barumaa keessatti, adda adda ta’uun rakkoo miti!

Yeroo barsiisaan kana qabachuu isaanii itti dhagaa'amu, inni/ishee barsiisa isaanii ittifufuu qabu: "yoo isaanii hariiroo ajaa'ibaa akkasii waliin qoodatu ta'ee, maaliif isaanii nu uumuuf murteessan qooda ofii isaanii bara barummaa keessatti waliin hariiroo akkasiin qabachuurra?"

Abdii guutuudhaan namni Waaqayyoo waan qabu hundaa wajjin qoodachuu akka barbaadu deebisu jira. Jaalala jechuunis: "kana ofii keenyaaf keewwachuun gaariidha."

Achii booda, akkuma harka isaanii walqabanii jiraaniitti geengichaa gargar harkisi, garuu ammallee boca U uumanii karaa afaan isaa gara garee guddaatti garagalee taasisi. Hirmaattoota keessaa nam dhufee afaan banaa kana harkaa isaan qabee duuchu gaafadhu.:

Waaqayyo "Nama akka bifa keenyatti haauumnu" yeroo jedhe, Waaqayyoo geengicha banee namoota hedduu hariiroo qulqulluu kana qoodachuu danda'an isa Waaqayyoo abbaan dursee hojjeteedha. Ajaa'iba!!"

Kanarraa bal'isaanii yaaduun gammachuun ajaa'ibaa akka isaanitti dhaga'ame adda baafadhu!

Hariiroo dhugaa kana keessatti nama geengichatti galuu barbaadu gaafadhu. Namoonni hedduun hamma ittiseenaniitti eegi. (yoo namoonni hunduu ittiseenuu barbaadan, kuta asana hundaa keessatti geengoo guddaa uumi!) Garuu banaama isaa dhiisi, sababni isaas kan galuu barbaaduuf yeroo hundaa bakki jira!

Kun isa nuyi Uumamneefidha! Araara argachuu keenya akkamiitti beekuu dandeenya? Galmi isaa maali? Kun galma isaati jenneehubachuun baay'ee barbaachisaadha, araara buusuu keessatti hariiroo akkasiif kayyeefamneera."

Geengicha diigiiti gaaffii isaan gaafadhu: "Waaqayyo nuyi uumuu isaatiif maaltu itti dhagaa'ama?"

Akka kanaa gadiitti deebii jiru ilaali:

- Gammachuu dursamee yaadame
- Qannoo
- Ajaa'ibsiifachuu
- Jaalala

## Akkas jechuun goolabi:

Waaqayyoo dhala namaa uumuu isaaf nigammada! Akkuma biyya lafaa uumeen, Waaqayyoo gaarii ta'uu isaa arge, erga dhala nama uumee booda, haata'u malee guyyaa uumamaa jahaffaatti, Waaqayyoo warra uume hundaa ilaale baay'ee gaarii ta'uu isaa arge (Uuma.1:31). Kun Macaafa Fakkeenya 8:30-31 ifatti argama. Kana irratti Gooftaa Yesuusiin niargina, Ogummaa Waaqayyoon, osoo akka bifa namaatti hinmul'atiin dura. Hiikota Macaafaa Qulqulluu hedduu keessatti akkamiitti akka ibsame ilaali. 'Muka sooftu' ogeessa ijaarsaa' Angafa muka sooftu'. Fi nama uumuu isaatti baay'ee gammade, baay'ee itti gammaduu isaa ibse!"

**Do'ii 2 "Aadaa adda addaa waliin walqunnamuu"** Daqiiqaa 5

Galma Do’ii warra nurraa adda ta’aniitti hariiroo akka uumnuuf isa Waaqayyoo akkam akka yaadu ibsuufi jibbinsi hammam akka jibbisiisaa ta’e hubachuuf.

Hirmaattoota

Nama seenessu (Nama A wajjin walfakkaata)

Nama A nama dubbicha dubbatu

Nama B nama A rraa baay’ee adda kan fakkaatu (yoo danda’ame, namoota garee adda addaa keessa yoota’e gaariidha). Namni inni kun hirmaattoota keessaa akka isaan dandeettii dubbii hinqabneti.

Waltajjii

**Namini A** fi **Namni B** meetira 3-4 ta’u waliirra siiqanii dhaabachuu qabu, garuu iddoo namni hunduu isaan argufi wal bira darbuuf mijaatu ta’uu qaba.

**Seennesaa** “Waan Waaqayyoo dursee nuuf yaade haa ilaalu.”

**Nama A** (Osoo **nama B** bira darbaa jiruu, akka tasaa ajaa’ibsiifamaa ibsuufi gammachuu addaa argisiisa.) “Oh, kun narraa waan baay’ee addaatti! Akkam namatti tolaa! Ani siwajjin walarguu koof baay’ee gammadeera! Ani dhuguma si argachuu beekuu nanbarbaada. Ati akkamiitti akka Addunyaa biyya lafaa kanaa ilaaltu baruu nanbarbaada. Ani ogummaa namoota kee dhaga’uu nanbarbaada. Ani farfannaa kee dhaga’uu nanbarbaada. Ani shubbisa kee ilaaluun barbaada. Osoo si’argiin dura, Ani Addunyaa kana akka ilaalcha uummata koo qofaattan beeka. Amma ani hubannoo bal’aa dhuunfaa koo bira gaheera. Kun kan baay’ee nama ajaa’ibsiisudha! Nuyi lamaan keenya waliirraa barachuu dandeenya akkasumas lamaan keenya madda eebbafi sooromaa walii walii keenyaaf ta’uu dandeenya! Siwaliin walarguu koof baay’een gammadaa.” (Namni A Nama B bira dhaqee ofiitti hammata.)

**Seenessaa** “Amma garuu waan yeroo baay’ee ta’u ilala.”

**Nama A** (Gara qabxii ka’uumsaa isa jalqabaatti deebi’uufi Nama Btti naanna’uu eegala. Yeroon kun akkaataa dhiyaana Nama A, akkuma inni/isheen nama addaa tokko argeen/argiten yaada isaa/ishee dhaabuun hamminaan ilaaluu egaluti.) “Asiirra maal argannee? Namni kun narraa baay’ee adda. Maal inni/isheen yaadaa akka jiru/jirtuufi karoorsitu na ajaa’iba? Kun baay’ee nama sodaachisa. Amma miidhamuu guddaan natti dhaga’ameera. Gara fuula duratti danqamuu hedduu natti mul’ata. Inni/ishee waan ani argadhe tarii barbaadu ta’a. eenyutu lafa

kana fudhachuu danda’a? Kanaan dura ani gaafanoo koo sirriitti galfadheera. Eenyutu irratti ol’antummaa fudhachuu danda’aa? Ani fayyaa qabeessa, kanaaf inni/isheen maraatuu ta’uu danda’a/dandeessi! Ani sirriitti olaantummaa koofi mirga koo eegachuu nandanda’a. fedhii koo eegachuu ani girgiddaa jabaa ijaaradheera. Akkasumas yeroo inni/isheen naloluu barbaadutti ani meeshaa waraanaa cimaa qaba ittiin ofittisuuf. Yaa Michuu! Jireenyi jalqaba gaarii ture. Amma waan hundumtuu nama aarsa … maaliif namni hundi akka koo hinta’uu?”

**Seenessaa**

> “Do’ii lammaaffaa keessatti isa ilaale jechi ibsu jira jettee niyaadaa?” (Gara Addunyaa lafarraa ilaaluun “jibbiinsa” hamma jecha kana argatuutti isaan gaafachuu ittifufi. Yoo isaan akkas jechuu barbaadan “jibba” kun keessatti akka hammatamu itt himuu dandeessa, garuu garuu jechi kun isa ati ilaaluu deemtu miti.) jalqaba isaan qoolifatamaniiru, akkas jechuu dandeessa “jibbiinsi yookiin qoolifanaan nama rifachiisuu?” yeroo do’ii ilaalan maaltu akka isaaniitti dhaga’ame gaafadhu? Waaqayyootti akkam akka dhaga’amu gaafadhu?

**Dhuma do’ii irratti waan barbaachisu**, kun qaama do’ichaa keessa isa tokko akka hintaane adda baasiif, Namni A Nama B yoo ofiitti hammate baay’ee gaariidha. (keessumaa yoo isaan dhageefatoota keessa ta’a) fi akka obboleessafi akka obboleetti waantokko ittiin jedhi, dhugumaan ani siwajjin walarguu koof gammadeera!’ osoo isaan waliitti hinfidiin gara teessoo isaaniitti hindeebisiin.

**Do’ii 3 “Hatticha Saba Qulqullaa’aa”** Daqiiqaa 5

Galma Do’ii Fayyinaafi Eenyummaa olanaa saba qulqullaa’aa keessaa argamu mul’isuuf.

**Hirmaattoota**

Tokko tokkoo garee keessaa namoota bakka bu’an yeroo dhiyeessii leenjii hirmaachisaa kan madderraa gareen ijaarame amansiisaadha. (tuuta haala mijeessitoota of keessatti hammachuu qaba). Garuu, Dabalataan nama 1 yookiin 2 garee adda addaarra ijaaramuu nidanda’a.

Nama A nama mul’ata waa’ee saba qulqullaa’aa qabu (nama garee kam keessaa ta’uu danda’a).

**Meeshaalee**

Jaakeetii xiqqaa (seederiyaa) maqaan garee adda addaa kan irratti hodhame. Sanyii Hattuu maqaa garee adda addaa hundaa qubee xixxiqqaan irratti barra’ee yookiin mallattoo saamtuu miidhagfame fakkaatu kirrii teeppii irratti kan maxxanfame yookiin itti hodhame.

**Garee**

Hirmaattoonni jaakeetii gabaabaa uffachuun eegaluufi eenyutu caalaafi eenyutu xiqqaadha mormii jalqabu. Gareen tokko akka waan isaan baay’ee ofiin boonaanitti dhiyaachuu, akka isaan adda ta’iinitti ilaaluu. Warri kaan baay’ee waan gaddi bu’aanfi madaa’an ittidhaga’amuu danda’a. Namoonni gosa adda addaan walmakaan gaaffii akkas jedhu gaafachuu danda’au “---fi eessatti keessatti guutuu danda’a?” akkasumas namoota garee biroon achi ofiirraa dhiibamuu. Qooqqodaa/ Jibbiinsa/Haqadhabuun sirriitti hamma mul’atuutti yeroo si dandeessisu fudhadhu.

Nama A uffata “sanyii hattichaa” keessa seenuufi ibsa armaan oliif raga bahu. Inni/isheen mul’achuu saba qulqullaa’aa dhugaa batii qabaachufi kun akkamiitti ilaalcha isaanii guutumaatti akka jijjire. (namni muuxxannoo isaa irratti hundaa’ee dhugaa jiru yoo dubbate bu’aa qabeessa ta’a.) Inni/isheen isaaniitti dubbachuu danda’u akka hattichi eenyummaa olaanaa akka keennef dabalataan namoota hundaa haala walqixa ta’eerratti hundaa’uun. Yeroo isaan gara lammii Saba Qulqullaa’aatti dhufan eenyummaa isaanii hinganne. Irruma caalaa, kun bakka qabeenya isaanii jiru hundaatti haala hundumaa keessatti eenyumaa isaanii ibsa, Bakka Waaqayyoo ulfina isaaf jedhee isaan kaa’e (asiitti garee hundumaaf sanyii hattichaa

miidhagfame ilaali). Inni/ishee warra kaan hordofuu yaala hatticharra buusuuf qooda jaakeeti xiqqaa isaaniirra buusu.

Garee

Muraasni jaakeetii xiqqoo isaanii gatuu murteessuufi saamticha simaatu, yeroo warri kaan immoo akka eenyummaa isaaniitti baatachuu filatan, amma kun dhugaa akka hintaane itti argisiisi.

Namni hatticha fudhachuu dide dhageefatoota wajjin waliin dubbii eegala, isaan gaafachuu, “Maal gochuu akka qabu yaadu?” fi tarii isaanii wajjiin irratti walfalmii gochuu.

## Do’ii 4 “Waldaa Kiristiyaanaa dhaadacha irratti” Daqiiqaa 5

Kun Biyya Ruuwaandaa keessatti raawwatamee ture bakkaWaldaan Kiristiyaanaa miidhaa duguuga sanyii qaqqabe ittisuu dadhabunshee sirriitti beekameettifi, bakka geggeessitootni Waldaa Kiristiyaanaa muraasni ajjechaa keessatti qabatamaatti hirmaataniitti.

Galma do’ii Waldaan Kiristiyaanaa kufaatiishee akka fudhatuufi akka hubatuuf.

Meeshaalee

Hattuu gurraacha
Kitaaba dheeraa
Minjaalaafi teessuma

Hirmaattoota

Hirmaattoota leenjii hirmaachisaa hunda
Nama A Abbaa seeraa
Nama B Arii’ataa

Bakka addaa

Kutaa abbaa seeraa

Hirmaattoota hundumaatti do’ii itti aanu keessatt akka hirmaatan dursee itti himama. Saamtichi ittimurtaa’uufi arii’ataan sun kitaaba guddaa qabatee kutaa seenuu.

Nama A

Abbaan seeraa dhimma jiru nibeeksisa: “Guyyaa har’aa himannaa Waldaa Kiristiyaanaa irratti dhiyaate dhageenya”

Nama B

“Nuyi, Sabni Waldaa Kiristiyaanaa ishee gaddi nudhiifte himachuuf dhaabanna. Waldaan Kiristiyaanaa Waggoota 100f iddoo kana turteetti, jaalala barsiisaafi kabaja dhala namaa fi bakkuma duguugaan sanyii raawwatame kanatti. Waldaan Kiristiyaanaa kana ittisuuf homayyuu hingoone yookiin duguuga sanyii dhaabuuf. Wanti baay’ee gaddisiisaan geggeessitootnifi miseensonni ajeechaa keessatti qooda qabaachuu isaaniitti. Cubbuu isaanii akka beeksifataniif isaan eegaa ture garuu wanti nuyi arginee guutumaatti hojii isaanii isbuufi ittigaafatamummaa isaanii mormuu isaaniitti. Kabajni

keessan, akka ilaalcha kanaatti, kanneen armaan gadii gorsa isiniif kennuu barbaannedha:

Waldaan Kiristiyaanaa hundinuu cuufamuu qabdi

Macaafni Qulqulluun hojiirra ooluu qaba.

Namoota garee biraa keessa fudhachuun adeemsaan leenjiisuufi ittigaafatamummaa kennuufin miira saba eeguun gaariidha".

Nama A

"Dhimmi kun baay'isee xiyyeefannoo barbaada: warra himatamaaniif ofiirra ittisuuf akka qophaa'aniif yeroo kennuufiqabna"

Taateewwan ariitii ittiaanee ta'uu qabu:

Hirmaattota garee xixxiqqaan ka'uu, "dhaadacha irratti osoo dhiyaate, deebiin kee maalture?" Jedhii gaafadhu.

## Do'ii 5 "Fedhii Bilisaa" Daqiiqaa 5

Galma Do'iichaa hiika fedhii bilisaa hubachuuf

Hirmaattoota Seenessaa

Waaqayyo (Seenessaa)

Nama A

Waaqayyo

"Carraa kee filachuu akka dandeessutti dandeettii wajjin si'uume. Karaa kun jireenyatti geessa." (karaa mirgaatiin caqasi) karaan kun gara du'aatti geessa." (karaa bitaa caqasi) "Ani sijaaladha! Kanaaf maaloo jireenya filadhu!"

Nama A

Karaan lamaan ilala, shakkuun gara bitaatti deebi'uufi tarkaanfii xiqqoo gara bitaatti socho'a.

Seenessaa "Qabxii kana irraatti Waaqayyo maalgochuu qaba?" jedhii hirmaattota gaafadhu.

Ergaa guddaan kallattii qaxamuraan argamu Waaqayyo karaa adda addaa akeekkachisa, garuu namni gara karaa isa mirgaatti akka deebi'uuf hinto'atu yookiin hindirqisiisu. Akkas taanaan, Waaqayyo fedhii bilisa namarraa molquu isaati. Namni gara du'aatti yoommu adeemu Waaqayyootti maal akka dhaga'amu hirmaattota gaafadhu. Seera Uumamaa 6:5-6 fayyadamuu dandeessa akkuma barsiisa turte sana namummaan guyyaa gara guyyaatti yommuu miidhamaa deemu Garaan Waaqayyoo akka gaddu. Dabalataanis luqisiilee Macaafa Qulqulluu Waaqayyo haqni dhiibuu isaatti akka gadduufi aaru kan ibsan baay'ee jira.

## Do’ii 6 “Maaliif Waaqayyoo jidduu hingaluu” Daqiiqaa 5

Galma Do’ii  Waaqayyoo maaliif namni akka hamaa hingoone hinittisneef hubachuu

**Hirmaattoota**

Ajjeessaa

Miidhama

Seenessaa

**Meeshaalee**

Meeshaa waraanaa yookiin waan isa bakka bu’u tokko

**Waltajjii**

Ajjeessaan sagalee naasisu dubbachaa dhageefatoota jidduu adeema, waa’ee miidhaa dubbachuu. Ajjeessaan miidhamaa adda baasuu, meeshaa waraanaa olkaasee gara miidhamaatti dhiyaachuufi itti darbachuuf qophaa’uu. Akkuma miidhamaa inni/isheen osoo miidhaa hingeggeessin dura, seenessaan dubachuufi ajjeessaan jidduutti dhaaba.

**Seenessaa**

“Achumarratti qabadhu. Nama nagaa miidhamaa kana Waaqayyoo yoo nijaalata ta’e amma Waaqayyoo maalgodhaa?”

Gareerraa deebiin isaa waan barbaade kmiyyuu ta’e, bu’aa yaada dhiyeessanii arguu akka danda’aniif gargaari osoo Waaqayyo akkas godhee haala fakkaataa akkasii keessatti. Fakkeenyaaf, yoo namni tokko Waaqayyo harka isa/ishee laamshesuu qaba jedhee yaada kenne, Waaqayyoo maaliif namoota waan dogoggooraa hojjetaan hundaa harka isaanii akka hinlaamshine gaafadhu. Haala akkasiin namni hundinuu laamsha’ee dhuma!

“Waaqayyoo nama kana oolchuuf nama kan biraa fayyadamuu danda’a” jechuun namni tokko ittiin yoo xumure gaarii ta’a. yoo namni tokkollee yaada akkasii hinkenninee, akkas jettee yaada dhiyeessuu sirraa eegama. Kun ittigaafatamummaa Walda Kiristiyaanaa fida. “Waaqayyoo eessa turtee?” jennee iyyuu dandeenya ta’a. garuu Waaqayyoo “eessa turtan” jedhee waldaasaa gaafata.

## Do’ii 7 “Jaalala Waaqayyo Abbaa fudhachuu” Daqiiqaa 5

**Galma do’ii** muuxxannoo keenya keessatti Abbootiin Biyya lafarraa hammam Jaalala Waaqayyoo simachuurraa akka nu’ittisan hubachuu.

**Hirmaattoota**

Nama A Waaqayyoon bakka bu’uu

Nama B jaalala Waaqayyoo akka hinsimaanneef wal’aansoo kan qabu bakka bu’u. tuuta keessa nama abbaafi haadha isaarraa jaalala hinqoodanne yoo jiraate isa/ishee ta’e irruma caalaatti bu’aa qaba, yoos inni/isheen seenaa jireenyaa dhuunfa isaa/ishee himuu danda’a/dandeessi.

Nama C Abbaa Biyya lafarraa kan bakka bu’u

Seenessaa (tarii haala mijeessitoota keessa nama boqonnaa sana barsiisu)

Meeshaalee Teessuma

Waltajjii

Nama A kutichaa keessaa gara isa tokkootti harka isaa dalga bal’isee dhaabachuu

Nama B teessuma irra taa’ee isa ilaala garuu hamma tokko irraa fagaatee

Seenessaa

(Jalqaba Namni A Waaqayyoo isa jiraataa akka bakka bu’e ibsuu) “Iddoo kanatti --------- (maqaa namoota) fi Jaalala Waaqayyoo fudhachuuf inni/isheen wal’aansoo qaba jiraachuu.”

Nama A

(gara Nama B jaalala guddaan ilaaluu) “gara koo kootu, _____________ (maqaa waami). Sijaaladha!”

Nama B mataa isaa/ishee harkarraa ciibsuufi socho’uu akka hindandeenye argisiisuu.

Nama A waamicha isaaf/isheef qabu ittuma fufuu.

Seenessaa

“Sababoonni maaliif akka hindhufne ________ nijiru. Kun maaliif akkas akka ulfaate barbaadi baasi.” Gara Nama B bira dhaquufi qalbiidhaan isa/ishee waa’ee abba biyya lafarraa akka ibsuu/ibsituuf gaafachuu.

Nama B

“Abbaan koo akkas ture …” (waa’eesaa ibsuu, fakkeenyaaf, namatti kan hinhiiqne, nama dhugaatii dhugu, hamaa, obboleessa koo caalchifata, kan kana fakkaataan).

Seenessaa

“Kun miira namaa hawwachuu eegala. Mee nama abbaa isaa/ishee kan biyya lafaa bakka bu’u haa qabannu.” Inni nama C waamuufi Nama Affula dura kallattiin akka dhaabatu haatasisu garuu fuula dura Nama B. sana booda gareen akkas haa jedhu, “maaltu taa’aa akka jiru argitaaniittu? Yeroo hundaa inni/isheen abbaa isa Waaqarraa wajjin waliitti dhiyaata/dhiyaati, abbaan isaa/ishee inni lafarraa gar asana akka hinilaaleef irraa ittisa!”

Sana booda Nama B akkas jedhi, “Abbaa kanarraa maal akka jaalatte jechootaan ibsuu yaali.”

Nama B

“__________ Ani jaaladheera” (Fakkeenyaaf, nama gatii naaf kennu kamuu, nama maqaa koon nawaamu, najaalachuusaa natti hime, akka na gargaaruuf naman irratti ofgatufi, kan kana fakkaataan).

Seenessaa

“Abbaan inni biyya lafarraa jaalala ati barbaadu siif kennuu hindandeenye. Isaaf dhiifama gochuu sirraa eegama akkasumas isa fedhii Garaa kee gaddi fageenyaan siif guutuu qofaa bira kootu. Isaaf dhiifama gochuu kee niyaadaa?”

Nama B “Eyyee, Ani isaaf dhiisera.” Nama C gara teessuma isaatti deebi’ee taa’a.

Seenessaa

“Amma karaan kee waan kamirraayyuu bilisa siif ta’eera fiigdee bobaa Abba akee isa Waaqarraa jala galuu dandeessa. Inni baay’ee sijaalata akkasumas inni waan ati feetu hundaa keeti. Inni abbaa dhugaadha!”

Nama A

“Gara koo kootu, __________ (maqaan isa/ishee waamuun). Ani sijaaladha!” (waan biraa kamillee siif dabaluu nandanda’a kan Inni fedhu). Yeroo kana Nama B bakka teessuma isaarra olka’ee gara bobaa isaatti fiiga. Inni immoo hammannaa guddaa taasisuun ofiitti qaba.

Seenessaa

(hammanaa sanaan booda). Gareen akkas jedhi, “Isaan si dhiisanii deemuu akka danda’an, garuu abbaa isa waaqarraa wajjin adda bahuu akka hindandeenye. Hammanaa isaa keessa bara baraan akka jiraachuu dandeessa! Kun ajaa’ibsisaa mitii?”

## Do’ii 8 “Jijjirama Fannoorraa” Daqiiqaa 5

(yeroo do’ii kanaa jechoota baay’ee muraasa ta’antu dubbatama. Irraa caalaan isaa taateen mul’ata.)

**Galma do’ii**: Ba’aa ulfaataa Yesuus nuuf baachuuf nu eegaa osoo jiruu ofii keenya baachuun barbaachisaa akka hintaane mul’isuuf.

**Meeshaalee**

Borsaa dugdaa

Xubii waraqaan marame, jechoota kanneen akka “dhibee”, “gadda”, “aarii”, “haadha’ummaa”, “ani dhiifama hingodhu”, “tuffii” fi kan kana fakkaatu kan ofiirratti qabate.

Waraqaa muraasa jechoota kanneen akka “gammachuu,” “nagaa”, “birmadummaa”, “fudhatamuummaa”, “boqonnaa”fi kan kana fakkaatan ofiirratti qabate. Isaan kun jechoota waliif faallaa isa xuubii irratti barraa’e waliin ta’ee booddee waliin kan jijjiramu.

Fannoo

Waraqaa adii (Yesuusiif)

Hirmaattoota

**Seenessaa**

**Nama A** borsaa dugdaa baachuu

**Nama B** (Yesuus) fuuldura isaatti fannoo baachuu

**Nama A** suuta itti naanna’ee deemuu, waan barbaadamu funaanuun (xuubii) isa jechoonni irratti barraa’e kanneen akka dhibee, aarii, haadha’ummaa, gaddaa, ijaa baafannaafi kan kana fakkaataan qabate. Yeroo hundaa wantoota kana boorsaa dugdaa keessatti qabachuun, ulfaatinni isaa baay’ee guddachaa deemuufi namni rakkinni isaa dabalaa deemuu. Yeroo kana, **nama B** sagalee baay’ee gaddi bu’aa ta’ee “Anatti kenni” jedha garuu itti kennuu dida.

Suuta suuta, sababii ba’ichi baachuuf ulfaachaa dhufuu isaarraa kan ka’e, **Namni A** gara fannootti siiquufi shakaama shakaa tokko tokkoon xuubii sana fudhee harka **Nama B** tti kennuu. Deebii kanaa inni/ishee kennaa gaarii Nama B irraa kanneen akka jaalalaa, gammachuu, nagaa, fayyinaa, birmadummaa, boqonna, dhiifama gochuufi kan kana fakkaatu fudhachuufi sana booda gammachuu guddaafi birmaddummaa ibsata.

Yoo nibarbaachisa ta’ee, **seenessaan** wantoota ta’aa jiran irratti yaada kennuu danda’a, xuubii irratti kan barreesfame maqaa waamuun yoo daree guutuun arguu hindanda’an ta’e.

## Do’ii 9 “Dhiifama Gochuun dagatamuu hinqabu” Daqiiqaa 5

Galma Do’ii dhiifama gochuun dagatamuu hinqabne mul’isuuf, garuu qooda kanaa fannoorra kaa’uun kun karaa adda addaa akka yaadatamu taasisuu. Dabalataan warra yakka hojjetaniif deebisannii eenyummaasaanii kennuufi.

**Hirmaattoota**

**Seenessaa**
**Nama A** nama cubbuun irratti hojjetame
**Nama B** nama cubbuu hojjete

**Meeshaalee**

Awusaa ifu yookiin uffata dheeraa, fannoo. Hirmaattootni lama fageenya xiqqoo walii walii isaaniirra dhaabaachuu, walii walii isaanii ilaalu.

**Nama B** Ausaa/uffataan mataasaafi gatiittisaa haguugee ofiirra qaba.

**Seenessaa**

Namni A miidhamee akka jiru ibsuufi namni B’n cubbuu kana akka hojjetefi awusaa yookiin uffanni kun cubbuu akka bakka bu’u dubbachuu.

**Nama A**

“gara Nama Btti quba qabuun yeroo hundaa yeroon isa/ishee arguu yookiin yerooma waa’ee isaa/ishee yaadu cubbuu isaa/isheetu natti mul’ata. Kun isaa/isheerraa adda bahee hinbeeku! Yeroo namoonni dhiifama godhii irraanfadhu jedhan nan dhaga’a. waan inni/isheen nagodhe/goote akkamiitti irraanfachuu danda’aa? Yoo hinirraanfadhu ta’ee dhiifama gochuu hindanda’u!”

**Seenessaa** “Callisima waan Waaqayyoo cubbamaa taatee osoo jirtuu siif godhe yaadi. Ammayyuu inni sirraatti argaa jiraa?”

**Nama A** “Lakkii – Inni fannoorratti Ilmasaarra kaa’e.”

**Seenessaa** “Cubbuu akkasii raawwadheera jettee niyaadaa?”

**Nama A** dinqisiifannaan ilaaluun, Nama Brraa awusaa/ uffata sana irraa fuudhuun fannoorra kaa’a.

Seenessaa “Amma inni namarraa addaan baheera, addaan hinbaane? Inni Yesuusirra jira. Wan ta’e dagachuu hindandeessu, garuu amma karaa adda ta’een yaadata. Yeroo itti aanu kan ati yaadatu, inni fannoorra ta’uusaa yaadata. Cubbuun sun bara baraan nama kana waliin wal hinqabatu. Amma Yesuustu baachaa jira. Amma nama kana akka nama dhugaatti ilaalta dabalataan kennaafi dandeetii wajjin fi gahumsa jijjiramuu wajjin.”

## Do’ii 10a “Dhiifama Gochuu dhiisuun daangefamuu” Daqiiqaa 5

**Galma Do’ii**: Hiika Maatewoos 6:14-15.

**Hirmaattota**

Seenessa (boqonnaa haala mijeessitoota)

Nama A nama yakki irraatti hojjetame tokko kan bakka bu’u, nama baay’ee aarefi dhiifamni maal akka dhimma kn hinqabne.

Nama B (Waaqayyo) suuta dhiifama kan dhiyeessu.

**Meeshaalee**

Fannoo

Waraqaa dheeraa ‘dhiifama gochuu’ kan jedhu ofiirra qabu (yookiin dhiifama gochuu Macaafa Qulqulluu bakka buusuu) funyoo

**Seensa**

Dhiifama gochuu dhiisuun rakkoo maalii qaba jechuun seenessaa hirmaattoota gaafachuun do’iicha beeksisuu eegala. “Miidhalee hamaa ta’an jiraachuu danda’u. isaan maalfaadha?” (Abdii guutuudhaan namni dhiifama argachuu hindandeenyu jedhee deebisu hindhibu.) “mee gara Maatewoos 6:14-15 haa ilaalu. Luqisiin kun maal jechuudha? Waaqayyo waaqarraa nuyi wajjin ijaa baafannaa godhaa jechuu isaati, yoo isin dhiifama hingootan ta’e Ani dhiifama isiniif hingodhu jedhee inni Yohaannis dubbatu!? Kun Waaqayyoo keenyaa? Mee kutaan kun maal jechuu akka barbaade haa ilaalu. Waaqayyoo yoom Biyya lafaaf dhiifama godhee?” (Abdii guutuun, “Fannoorratti” yookiin “uumamuu biyya lafaan dura gareewwan jechuu malu.”) “Kun ajaa’ibsiisa mitii! Osoo nuyi hinuumamiin durallee, Waaqayyoo dhala namaaf dhiifama murteesseera. Kana mee do’iin argisiisuu haa yaalu.”

**Seenessaa**

Nama Atti quba qabuun: “Namni kun isa yakki irraatti raawwatamee, inni/isheen baay’ee aareera/aarteetti, fi dhiifama gochuuf karoora tokkollee hinqa bu/qabdu. Inni/isheen ammallee ijaa bahuuf karoorfataa jira/jirti.

**Nama A** harka isaa/ishee gara cinaa isaa/isheeti olkaasa/olkaafti.

**Seenessaa** Irree nama A gara cinaatti funyoon hidha.

Haadha'ummaan isaa/ishee hammam akka ulfaatu ilaaluufi inni/isheen aaru! Amma gaafa Dilbata, Inni/isheen gara Waldaa Kiristiyaanaa deemuufi, Kadhannaa Gooftaa kadhachuu."

**Nama A** "Akkuma nuyi warra nu yakkaniif dhiifne, yakka keenyas nuuf dhiisi."

**Seenessaa**

(Dhageefatootatti dubbachuu) "namni kun dhiifama Waaqayyoo argachuu barbaada. Yeroo fannoorraa eegalee, Waaqayyoo kennaa dhiifamaa nama kanaaf kenneera, garuu rakkoon isaa eessa? Haala beekamaan, kung ama Waaqayyoon miti." (mee rakkoonsaa eessa akka ta'e dhageefattootni haa dubbatan.) "Lakkii, namni kun dhiifama gochuu dhabuusaan Waaqayyo biraa dhiifama fudhachuu isa/ishee ittiseera."

**Nama B (Waaqayyo)** "Ilma koo/Intala koo, namni kun waa'ee maalii si'aarse?"

**Nama A**

"Ani isa nan jibba! Ani isaaf dhiifama hingodhu! … akkuma nuyi warra nu yakkaniif dhiifne, yakka keenya nuuf dhiisi …" (waliitti dhufeenya yeroo tokko ol irra deebi'uun ofagarsiisuu irratti xiyyeefachuu.)

**Seenessaa**

(Nama Atti dubbachuu) "waa'ee isaaf maal gochuu barbaada? Maaliif aarii kee, gammachuufi haadha'ummaa kee fannoorratti Yesuusitti hin kennitu yoos bilisa taatee dhiifama argachu nidandeessa ofii keef.

Nama A

Ijaa shakiin ilaaluun, maal gochuu akka qabu murteesse. Ittifufee akkas jedha, "Tole Waaqayyoo, kunoo dhibeefi aarii koo. Narraa fuudhi!" ofiisaa/ofiishee hiikuun, fannootti naanna'uufi funyicha fannootti hidhi. Sana booda bilisa ta'ee waraqaa dhiifamaa fudhachuun gammachuu guddaadhaan olfuudhi baadhu.

## Do’ii 10b “Dhiifama Gochuu dhiisuun daangefamuu” Daqiiqaa 5

**Galma Do’ii** jireenya keenyarraa dhiifama gochuu dhiisuun waan ittiin hidhamne, kan guutummaa jireenya keenyaa miidhu hubachuuf.

**Hirmaattoota**

Nama A Nama yakkame (gahee dubbachuu)

Nama B nama yakka sana raawwate (callisee kanturu)

**Meeshaalee**

Funyoo

Fannoo

Funyoo sana ciqilee nama Atti hidhi. Namni B fixii funyichaa yoo xiqqaate meetira lama dheeraturra dhaabata.

**Nama A**

“Ani yakkameera jechuun Nama Btti quba qabuun kun immoo yaadannoo namni kun narratti raawwatedha. Namni sirriin jireenya isaa/ishee kan argatu bakka biraa jiraachuufi amma ani jireenya koo waliin wal’argachuun yaala.” Achii deemuu yaala.

**Nama B**

Namni A’n erga xiqqoo qofa socho’ee, haala hundaa keessattiyuu fi adeemsi isaa osoo baay’ee hojii ulfaataa hintaa’iin sababii inni/ishee Nama B suuta osoo hinmiidhuu waan danda’uuf.

**Nama A**

Gara Nama B ilaaluufi iyyuu, “Deemi asi! Ani sammuu koo keessaatti si hinbarbaadu. Qofaatti nadhiisi!”

Gara garasiitti galagaluufi akka inni/ishee nyaataa nyaachaa jiru fakkeessuun akkas jechuu, “ Mee Ani nyaata kooti gammaduun yaala.”

**Nama B** funyoo sana qabee harkisuun Namni A akka nyaachuu hindandeenye taasisuu.

**Nama A** nama rafee akkas jedhu fakkeessuu yaali, "Ani halkan rafuu nanyaala"

**Nama B** funyoo qabee sochoosuun akka Namni A hiribaa damaqu taasisi.

**Nama A**

Irraa adda bahu eegala, "Waaqayyoo egeree koof waan gaarii qaba, garuu Ani gara isa fuula duraatti deemuu hindandeenye. Ani danqameera! Maal gochuun qabaa? Ani Callisee wantoonni akka narratti coban hinbarbaadu sababni isaas waan inni/isheen nagoodhe/te baay'ee ulfaataadha. Kun jireenya koo hammeeseera!"

**Nama A**

(Dhageefattoota gffii gaafata) "namni nagargaaru danda'u jiraa?" (yoo dhageefattoonni eyyee jedhan, "Dhiifama godhiif" yookiin "haata'u", garuu "akkamiitti?" jedhii gaafadhu) Abdii guutuudhaan namni kana hundaa gara fannootti geessi jedhee isa/isheetti himu niargama.)

**Nama A** gara fannootti deemuun nama B ofduubaan harkiisaa deema.

**Nama B**

Yeroo kana Namni A socho'aa jiraachuu danda'a garuu Namni B isaa wajjin harkiifamaa jiraachuu qaba.

**Nama A**

"Ani dhufuu nan barbaada, garuu ammuma iyyuu baay'ee ulfaataadha. Garuu inni karaa tokkicha ani bilisa bahu danda'uudha." Yeroo isaan fannoo bira gahan, Namni A funyoo sana harka isaa/isheerraa hiikuun qooda kanaa funyicha fannootti hidha. Namni A fannoorra achi deebi'ee deema, bilisa bahu isaaf/isheef galata dhiyeessa, nyaachuu danda'uu, rafuu danda'uufi gara carraa isaatti socho'uu danda'uu isaaf/isheef.

Hirmaattoota keessa tokko yoo gaafffii akkas jedhu sigaafate, "Garuu waa'een nama isa tokko maalii?", kun yaadannoo akka ta'e isaan yaadachiisi, nama dhugaa akka hintaane. Inni/isheen qalbii diddirachuun cubbuurraa bilisa bahu nidanda'ama. Garuu kana hundumaa waa'ee

fannoo dubbachuufi gaddidhiifamuun isaa/ishee jireenya Addunyaa Hafuuraa keessatti jijjirama guddaa fida namni hunduu karaa salphaan gara qalbii diddirannaatti akka dhufu taasisuu.

Do'iin kun kana caalaa babbal'isuu nidandeessa yoo yeroo qabaate. Takka Namni A erga bilisa bahee, garee gaafachuu dandeessa, "kun araara buusuu ta'uu nidanda'aa?" isaan lakkii jedhanii deebisii malu. "kanaaf maaltu ta'uu qaba?" Isaan inni yakkee (Namni B) qalbii diddirachuu qaba jechuu danda'u. Yoos akkas jettee isaan gaafachuu dandeessa: "Waldaan Kiristiyaanaa ________ gargaaruu dandeessa" Suuta suuta isaan keessa balleessuu dandeessi Waldaan Kiristiyaanaa Wangeelaa warra gaddaniitti dubbachuun. Garee lameenuu warra kaan waliin walarguu sodaachuu danda'u, inni yakkamee inni yakke sun sirriitti qalbii diddirachuu isaa nisodaata, inni yakkee inni yakkame sirriitti dhiifama gochuu isaa nisodaata. Waldaan Kiristiyaanaa isan jidduu galtee waliitti fiduun garee lamaaniin nigargaarti. Qalbii diddirachuufi dhiifama gochuun gama tokko qofaan akka ta'e hubachiisi, garuu araara buusuun yeroo hundaa gama lamaan barbaada.

## Do’ii 11 “Waa’ee deebi’anii Haarefamuu maalii?” Daqiiqaa 5

(Hubachiisa: do’ii kun boqonnaa 11fi 12 keessatti qabxiilee barsiisa boqonnaa lamaan keessa jiru argisiisuuf fayyada)

**Galma Do’ii**: namni tokko osoo dhiifama hingodhiin dura haarefamuu akka hinhawwineefi qalbii diddirannaan jechaa ol’akka ta’e argisiisuuf.

**Hirmaattoota**

**Seenessaa**
**Nama A** isa miidhame
**Nama B** isa hatticha
**Nama C** Yesuusiin kan bakka bu’e

**Meeshaalee**

Bilbila Harkaa

**Nama B**

Dhokatee Nama A duuba dhaabachuun qabeenya nama A jalaa waanta’e hata (fakkeenyaaf,Bilbila Harkaa)

**Seenessaa** “yeroo xiqqoo booda, lamaan isaanii deebi’anii wal’argu.”

**Nama A**

“Ati isa bilbila harkaa koo hateedha!” jedhee itti iyya. Nama B achumaan dhiifama akka godhuufif gaafataa. Namni A Bilbilli harkaa jalaa hatame akka deebi’uuf fedha. Namani B Bilbilli harkaasaa gurguraamee akka jiru itti hima. Namni A kana amanuu dadhabuun garuu kun dhuguma yoo ta’e inni bilbila kan biraa akka bituuf itti hima. Nama B baay’ee hiyyeessa akka ta’e itti himuun maatiin isaallee waan nyaatan waan hinqabneef yeroo darbe sana akka jalaa hate itti himee dhiifama akka godhuufif kadhata. Nama A Aarii guddaan murteessee “Bilbila koo yoo hin arganne dhiifama hingodhu! Jalqaba bilbila harkaa koo naaf deebisi sana booda dhiifama siif gochuu nan yaadaa!”

**Seenessaa**

"kun beekamaadha waldhabdeen akka kanaa furamuu hindanda'amu." Gara dhageeffatootatti gara galee akkas jedhee gaaffii isaan gaafata, "Kana irratti Yaada kennitan qabduu?" Achumaan akkas jedha, "karaa tokkichi nuyi furmaata kanaa kennuu dandeenyu lamaan isaanii gara Yesuus fiduudha, sana booda Yesuus lamaan isaaniitti dubbachuu danda'a." Ittifufee akkas jechuun dhageefatoota gaafata, "Yesuus lamaan isaaniitti maal jechuu danda'aa?" tarii isaan akkas jechuu danda'u Yesuus inni miidhame dhiifama akka godhufi hattichi qalbii diddirachuun akka haarefamu itti himuu danda'a. Sana booda akkas jedhi, "Yeroo lamaan isaanii Yesuusiin dhaga'uu eegalan maaltu ta'uuf akka jiru haa ilaalu."

**Nama B**

"Ani baay'iseen gaddaa! Ani dogoggoora raawwadheera. Gatiin bilbila harkaa kee meeqa? Ani cimee yeroo hunda hojjedhee Kanaan deebisee siif kanfaluu nan argadha. Dhugumaan, gatii bilbilli harkaa kee baasuu oliitti siifan laadha."

**Nama A**

"Ooh gaariidha, Galatoomi! Yaada kee fudhadheera, Garuu Ani dursee bilbila harkaa kan biraa bitadheera. Ani dhiifaman siif godha. Ani nan gadda maatiin kee miidhamaa jiru." Isaan harka isaanii waliitti reeban. "Maatii kee Kanaan gargaaruu danda'u wanti jiruu jiraa laata?"

Tarii akka ibsaatti/ falmii waa'ee qalbii diddirannaafi haarefamaa itti fufuu danda'a. haarefama fiduun qajeelfama Macaafa Qulqulluu ta'uu isaa baastee hubachiisuu dandeessa, garuu kun fedhii isa miidhamee miti. Dhiifama gochuunis fedhii isa miidhamee miti. (Haarefamni bu'aa qalbii diddirannaa Zeekiwoos ta'uu isaa hubachiisuun barbaachisaadha. Yesuus kana gochuu hinbarbaanne ture. Dabalataan, gara qalbii diddirannaatti kan isa fide arjummaa Yesuus ture.)

Dhumni dubbii kanaa Yesuus dhiifama haala irratti hindaagofne gaafachuufi qalbii diddirannaa akka tasaa. Yesuus waliin waliitti dhufuun isaanii Garaa lamaan isaanii jijjire. Dhimmi kun baay'ee barbaachisaafi walxaxaadha. Waldaan Kiristiyaanaa fudhatee geggeessuu qabdi.

## Do'ii 12 "Dhiifamni akkatti gaafatamuu hinqabne" Daqiiqaa 5

**Galma Do'ii:** karaa ittiin dhiifama gaafatan kan gaarii hiintaaneefi gara araara buusuutti hingeessine argisiisuuf.

Hirmaattoota

Seenessaa (yeroo baay'ee barnooticha kan barsiise)

**Nama A** nama dogoggorri irratti raawwatame (kunis nama barnooticha kennaa jiru ta'uu danda'a.)

**Nama B** isa dhiifama gaafatu

Do'iin kun kutaa 4qaba, karaalee dhiifama gaafachuuf sirrii hintaane 4 argisiisa. Yeroo tokkoon tokkoo isaatti Namni B'n Nama A siqee argama, sana booda achii deema. Kutaa tokkoon tokkoo isaa booda, seenessaan hirmaattootaan dhiifama gaafachuuf maaltu dogoggorame jedhee gaafata.

1) **Nama B** (suuta Garaa cabaan dubbachuu)

"Ooh Heeloo! Akkam jirta? Ani amma dhihooti ayyaanaafan ________ deema (haala keef mijaataa kan ta'e carraa kee filadhu.) Ani dhugumaan gara Sanaa ilaalaan jiraa! Ooh, silaa, osoo Ani waan si miidhu sirraatti raawwadheera ta'ee, ati dhiifama naaf gochuu dandeessaa? Anaaf ayyaana yoon itti gammade naaf wayya."

**Nama A** baay'ee joonja'uun --- maal jedhee akka deebisu walaala.

2**) Nama B**

"Ooh Heeloo! Ani si arguu barbaadaan ture, sababiin isaas ani dhiifama si gaafachuun barbaada. Dhuguma beeka ani yeroo dheeraaf sijalaa callisuu koo nanbeeka, nanhubadha Ani waa'ee kee waan faallaa dubbadheera. Maaloo dhiifama naaf godhi. Garuu ammallee na miidhaa akka jirtu beeki, Ani baay'ee gaddaan jira. Ati na hinwal'aanne yeroo guutumaatti narra fagaate sanaafi gara ofii keeti na hinmaxxansine --- "himannaa barbaade kam narratti dhiyeessuu dandeessa).

3**) Nama B**

“Ooh Heeloo! Si arguu kooti baay’een gammada sababni isaas Garaa koorra waatu jira. Yeroo waliin hojjechaa ture baay’ee si miidhuu koo nan beeka. Ani karaa sirrii hintaaneen simiidheera. Yeroo dhihootti garuu Ani amma kiristiyaana ta’eera, Waaqayyoo akkan dogoggoraa raawwadhe nahubachiiseera, kanaaf ani dhuguma dhiifama akka naaf gootuun barbaada. Haata’u malee, Ati Waaqayyoon beektaa? Nuyi hundumti keenya fayyuu nubarbaachisa. Macaafni Qulqulluun hundinuu yakkaniiru ayyaanni Waaqayyoos itti hir’ateera jedha … (Wangeela Lallabuu eegala).

**4) Nama B**

“Ooh Heeloo! Dhuguma baay’een gadda halkan darbe ani bilbilaan waan sirrii sitti hin dubbanne. Waan ati jechaa jirtu osoo hindhaga’iin ariifadheen ture Kanaan dubbadhe akkasumallee osoo ati dubbachaa jirtuun bilbila sirraatti cufe. Baay’een gadda! Si wajjin wanti waliitti fidu homtuu hinjiru. Guyyaan sun dhuguma guyyaa gadhee naaf ture ani isa gargaaru hindandeenye. Waanti hundinuu dogoggoraan raawwatame. Mucaa ol deebisa ture, mucaan koo inni tokko jookii annaniitti bu’ee annan lafarra guute. Ani kana caalaa of to’achuu hindandeenye.” (wanti ittiin dhiifama gaafatu kan biraa itti dabaluu dandeessa!)

## Maxxantuu 5 Qophii Mataduree Hubachuu 

**1. Mataduree**

**2. Galma**: Bu'aa argamu, sammuu namaa keessatti jiijjirama akkamii arguu akka barbaadufi jijjirama Garaa bu'aa barnoota murtooftuu kana irraa argameen?

**3. Maaliif** matadureen kun barbaachisee, rakkoo kamtuu Kanaan bira gahamuu barbaachisee?

**4. Luqiisiiwwan Barbaachisoo** luqisiilee keessumaa mataduree kana wajjin walqabatan, isaaniin osoo hin hammachiisiin barsiisuun kan hindanda'amne, inni kun barreefama barnootichaa keessa jira. Warra ijoo ta'an tarreesi.

**5. Qabxiilee Ijoo** qabxiilee ijoon kennamuu qaban maalfa'i?

6. **Meeshaalee** do'iilee, gargaarsa argaa, agarsiisalee, farfannoota, seenaa dhuunfaa kan itti fayyadamuu barbaade

**7. Rakkinoota muudachuu danda'an** mataduree hubachuudhaan, barnootichi akka hin kennamne mormuu, miirri to'achuun ulfaatoo uumamuu danda'a … (rakkinoota mudachuu danda'an ati dursitee itti yaade waan ta'aniif yeroon osoo hin gahiin akkamiitti qabachuu akka dandeessu dursii itti qophaa'i.)

**8. Mataduree Kan Biraa Wajjin Walqabsiisuu** akkaataa duraa duuba leenjii hirmaachisaan bakka kam yoogale guutuu danda'a? mataduree isa darbe wajjin akkamiin waliin deemafi mataduree isa itti aanu akkamiin beeksisuu danda'a?

## Maxxantuu 6 Toora Dhiyeessii Barnootaa 

**1. Seensa**

Seenaawwan hawwisiisoo, lakkoofsa, farfannaa, dubbiiwwan nama aarsan, gaaffiilee, do'ii

**2. Guddina**

- Mummee barnootichaa keessatti akka barreefameetti qabxiilee ijoo tarreessuu
- Tooftaa waliitti dhufeenya uumuu keessa qabxiilee kun ifa akka ta'an taasisi babbal'isuufi ibsuudhaan, kanneen akka do'ii, luqiisii Macaafa Qulqulluu, hojii garee xiqqaafi karaalee adda addaan agarsiisi.
- Hirmaattootni maal akka dhaga'an hubachuuf gaaffii gaafachuun akka mul'istuutti gargaara, ijoo dhugaa matadurichaa maal akka yaadan, maal yaadaa akka jiran, dhugaa wajjin waliitti dhufeenya akkamii qaba haala jireenyaa keessatti.

**3. Gudunfaa Qabxiilee ijoofi yaadota furmaataa**

Kitaaba Garaa madaa'e fayyisuuf saba jijjiruu jedhu keesatti dhuma boqonnaa hundaa keessatti qabxiilee ijoo waliitti qabuuf kan gargaaru furmaatni hammachiifmeera. Isaan kun boqonnaa itti aanu keessatti akka seensatti nifayyadu maaltu akka baratame irra deebi'uuf yookiin barnoota darbe keessa deebi'uuf.

**4. Gara Namummaatti firoomsuu**


Ijoon dhugaa hojiitti jijjiruu barbaachisa. Kaayyoon barnoota Kiristiyaanummaa beekumsa argachuu miti garuu jijjirama fiduu yookiin guddina nama dhuunfaa irratti dhiibbaa fiduudha. Hirmaattoonni tokko tokko barnooticha hojiirra hin oolchan, muraasni immoo akkaataa hintaaneen hojiirra oolchu.

Kana akkamiitti to'achuu dandeessa matadureedhaa gara matadureetti garaagara ta'uu danda'a.:

- Namni hunduu dhuunfaa isaan of keessatti callisee itti yaaduun akka deebisuuf yeroo callisaa kenniif
- Garee xixxiqaatti isaan qoodi, deebii isaanii akka waliif qoodaniifi waliif akka kadhataniif eeyyamiif,
- Barnoota tokko tokkof yeroo tajaajilaa yookiin leenjii hirmaachisaafi isaan kanaaf qajeelfamni kennameera.
- Booda hirmaattootni hundi deebii isaan dhugaaf qaban akka barreesaniif jajjabeefamuu qabu kun adeemsaan jijjirama inni nama dhuunfaa irratti fideefi warri kaan akka eebbifamaniif dhugaa argatan akkamiitti akka fayyadaman hammachuu qaba. Yoo nidanda'ama ta'e, bu'aa isaa hundaa irrattifi deebii isaa irraatti dursanii itti yaaduu barbaachisa.

## Maxxantuu 7 Muka Qoolifannaa (Jibbiinsaa)


### Muka Qoolifannaa (Jibbiinsaa)





**'Hiddi Haadha'aan Firii Summaa'aa Naqata'**

**Keessa Deebii 29:18, Ibroota 12:15**

## Yesuus Isa Waaqayyoo irratti Bu'uurrefame



# Kiristoos Keessaatti Haarefamuudhaan Jijjiramuu


TRANSFORMED
BY BEING RENEWED IN CHRIST
HOLY NATION
JESUS
John 15:4-5
Fruit:
Love,
Joy,
Peace,
Patience...
Galatians 5:22-23
ADAM
CONTINENT
COUNTRY
ETHNIC GROUP
FOREFATHERS
CHURCH / RELIGION
LIFE EXPERIENCES
FAMILY
ISRAEL
GOD

## Maxxantuu 8 Sgantaa Raawwii ta’uu qabu

Hamma Leenjii hirmaachisaan mana jireenya keessatti itti amanameetti, namoonni hunduu yeroo gara mana isaaniitti deebi’an waan baay’ee balleessuu danda’u. leenjii hirmaachisaa guyyaa guutuu sadii mana jireenyaa keessatti geggeefame waan isaan sammuu isaanii keessatti dhibee isaanii itti yaadaniifi isa isaan jijjirama sammuufi Garaa fida jireenya isaanii keessatti hafa.

Yoo maallaqni nuuf eeyyama ta’ee leenjii hirmaachisaa kana **mana jireenyaa alatti** geggeessuutu filatama, sagantaa keewwame fooyyessuun guyyoota dabalataa itti gargaaramuun nidanda’ama sababni isaas keessumaa halkan barnooticha ittifufuuf haalli hinmijaatu waan ta’eef. Yeroo kee sirriitti ittigargaarami. Seensa dheerressuun yookiin qaldiin yeroo kee hinfixiin. Guyyaa hundumaa barnoota kee eessa irratti akka xumurtu beekuun barbaachisaadha. Hubannaa gaarii irratti xumuruu qabda, yookiin akkas hinta’u taanaan namni guyyaa itti aanu hafu nijraata.

Sagantaan guyyaa sadii mana jireenya keessatti barsiisuuf qophaa’ee barnoota mana jireenya alatti geggeefamu irrattis guyyoota sadiif hojiirra oola, garuu haala kana keessatti, namoonni barfatanii fagoorraa dhufuu waan danda’aniif akkasumas fagootti galuu waan danda’aniif sa’atii jalqabaafi xumuraa foyyessuun nidanda’ama! Guyyaan jalqabaa seensaafi barnoota kan ofkeessatti qabateedha. Yeroo tokko tokko mataduree “Miidhamaafi Jaalala Waaqayyoo” fudhachuun gaafa guyyaa lammaffaa “Garaa madaa’e wajjin” waliitti fidna (Boqonnaa8)

Kitaaba kana barsiisuuf leenjii hirmaachisaa guyyoota sadii akkaataa isa qofaa miti. Namootaaf yeroo hamma kanaa kennuun hindandaa’amu yoota’e, gara **guyyoota lamaatti** yookiin **torbaniitti(Sabata duraafi Dilbata)** gaddi buusii ilaali.

Dabalataaniif **galgala galgala torbee tokko guutuuf** kennamuu nidanda’a, yookiin **walgahii torbee torbee torbanoota hedduuf**. Gara tokkee barnootichaa tajaajila guyyaa dilbata irrattis kennuu dandeessa. Karaa adda adda uumuufi ittifayyadamuu dandeessa carraa kitaaba kana namaaf argateetti.

## Fakkeenya sagantaa gaklgala shaniif qophaa’e

Kun irraa caalaan isaa akkaataa barsiisuu ta'ee kan waliitti dhufeenya, hojii garee yookiin taatee tokko tokko of keessatti hinhammaneedha.

**Galgala 1**: boqonnaa 1-4 waliitti qabachuu qaba

**Galgala 2**:

Mataduree "Hattichaa" (garuu filannoo 2qofa) akka seensa, barsiisa "Garaa madaa'e" (muraasa "miidhamaafi Jaalala Waaqayyoo" keessa fudhachuun fi mataduree "Waaqayyoon akka abbaa jaalalaatti beekuu") fayyinaaf kadhachuun xumuruu

**Galgala 3**: "Yakkamaaf dhiifama gochuu"

**Galgala 4**: "Qalbii diddirannaa"fi "Hir'ina jiru guutuu"

**Galgala 5:** gaaffilee, deebiiwwan, dhugaa-batiifi kadhannaa

Gareen baay'ee guddaa miti taanaan, "miidhama dhala namaaf deebii Waaqayyoo" isa jedhu gaafa guyyaa 3 barsiisuu dandeessa akkasumas luqisii karaa salphaan namaa galuun gara leenjii hirmaachisaa waa'ee Fannootti isa geggessuu dandeessa. Sana booda yakkamaaf dhiifama gochuu inni jedhu gara guyyaa4 fi "qalbii diddirannaa"fi "hir'ina jiru guutuun" gara guyyaa5 fiduu dandeessa.

Gaafa guyyaa Wiixataa achi gahamee gaafa guyyaa imaata galamuun yaadama akkasiitti guyyoota sadii guutuu fayyadamuun ni danda'ama.

| Wiixata | Kibxata | Roobii | Kamisa | Jimaata |
|---|---|---|---|---|
| | Guyyaa 1: Bu'uura isaa kaa'uu. Seensa waa'ee"Manicha" ibsuu yaadrimeefi bu'uura ka'uu<br>1. Fedhii Waaqayyoo isa dhugaa hariiroof qabu<br>2. Sodaachisummaa humna jibbinsa | Guyyaa 2: Dadaa/Girgiddaa ijaaruu.<br>7. Leenjii hirmaachisaa waa'ee hatichaa, tokko tokkoon garee waan isaan jalaa bade tarreessuufi duubdeebii kennuu | Guyyaa 3: demdemmoofi gardafoo isaa itti dabaluu<br>Duubdeebii leenjii hirmaachisaa waa'ee fannoo 11fi 12 yakkamaaf dhiifama gochuufi qalbii diddirachuu | Duubdeebii Asii kaanee eessa deemnaa? Tattamsa'uu |
| **Yeroo boqonnaa** | | | | |
| | 3. Eenyummaa haarefame<br>4. Waldaa Kiristiyaanaa akka iddooma/abbooma jijjiramaatti | Barnoonni waa'ee hatichaa ittifufa. | Dhiifama gochuufi qalbii diddirannaan ittifufa | |
| **Laaqana** | | | | |
| Ga'umsa | 5. miidhamaafi jaalala Waaqayyoo<br>6. Waaqayyoon akka abbaa jaalalatti beekuu | 8. Garaa Madaa'e<br>9. Deebii Waaqayyoo miidhama dhala namaaf qabu<br>10. Leenjii Hirmaachisaa waa'ee fannoo | 13. "hir'ina jiru guutuu"<br>Qabxiilee qalbii diddirannaa garee keessatt tarraa'e irratti qalbii diddirachuuf yeroo qopheessuu | |
| **Dhiyaana galgalaa** | | | | |
| Seensa hirmaattootni fi tuutni haala mijeessitoota walbaruu, dhugaa baatii eegaman, qajeelfamoota leenjii hirmaachisa | Barnoota guyyichaa irratti gareen waliif ibsuu | Yoo barbaachise leenjii hirmaachisaa waa'ee fannoo ittifufuu. | Baaxii manichaa itti dabaluu. Maaddii Mootii mootii ayyaanefannaa saba qulqulla'aa.<br>Garee mirkaneessuufi eebbisuufi garaagarummaa keenya kabajuu. | |

# Leenjii hirmaachisaa guyyaa 4

Leenjii hirmaachisaa kana guyyoota 4 adeemsisuuf dandeessa ta'e yoo danda'ama ta'e sagantaa gaafa jalqabaaf bahe lamaatti qoodii isa waaree duraaf bahe guyyaa guutuutti bal'atee akka kennamu gochuun ofii kee waan raawwachuu qabduufi yeroo hojii gareef qoodame sirriitti fayyadami. Haaluma walfakkaatuun isa waaree boodaaf bahe immoo gara guyyaa lammaffatti ceesisi. Yeroo baay'ee matadureewwan kana keessa irratti sifudhatu, isaanii adda baafatee hubachuufi hojiirra oolchuun baay'ee gaariidha. Nuyi kana sigorsina,Garuu, yeroo baay'ee callisnee yeroo bal'aa balleessuun hinbarbaachisu!

Sagantaa leenjii Hirmaachisaa guyyaa guutuu lama geggeessuuf bahe (Mana Jireenyaa keessatti)

**Guyyaa 1**

08:00 Galmee 30 Daqiiqaa

08:30 Waaqeffannaa 30 Daqiiqaa

09:00 Tuutafi hirmaattoota beeksisuu 30 Daqiiqaa

09:30 **Fedhii Waaqayyoo isa dhugaa /Qoolifannaa** 1 Sa'aatii

10:30 Boqonnaa Shayee 30 Daqiiqaa

11:00 **Eenyummaa haareffamee/Waldaa Kiristiyaanaa** 1 Sa'aatii

Olka'aanii akka boqotan gochuu!!

12:00 **Miidhamaafi Jaalala Waaqayyoo** 1 Sa'aatii

13:00 Laaqana 1 Sa'aatii

14:00 **Waaqayyoon akka Abbaa jaalalaatti beekuu** 1 Sa'aatii

15:00 Yeroo Tajaajilaa 1 Sa'aatii

16:00 Boqonnaa 30 Daqiiqaa

16:30 Duub-deebii 30 Daqiiqaa

17:00 **Garaa madaa'e** 1 Sa'aatii

18:00 Irbaata Qulqulluu 30 Daqiiqaa

18:30 Waaqeffannaa 15 Daqiiqaa

18:45 **Hatticha Barsiisaafi Hojii garee** 1 Sa'aatii

19:45 Duubdeebii 1 Sa'aatii 30 Daqiiqaa

21:15 Boqonnaa Shayee

**Guyyaa 2**

08:00 Ciree 30 Daqiiqaa

08:30 Waaqeffannaa 15 Daqiiqaa

08:45 Dhibee dhuunfaa garee xiqqaa keessatti waliif qooduu 1 Sa'aatii 15 Daqiiqaa

10:00 Boqonnaa Shayee 30 Daqiiqaa

10:30 **Deebii Waaqayyoo/Leenjii hirmaachisaa waa'ee Fannnoo** 1 Sa'aatii

11:30 Duubdeebii 30 Daqiiqaa

12:00 **Yakkamaaf dhiifama gochuu/Qalbii diddirannaa** 1 Sa'aatii

13:00 Laaqana 1 Sa'aatii

14:00 **Hir'ina jiru guutuu** 30 Daqiiqaa

| | | |
|---|---|---|
| 14:30 | **Yeroo Qalbii diddirannaa** | 1 Sa'aatii 30 |
| 16:00 | Boqonnaa | 30 Daqiiqaa |
| 16:30 | **Madaallii/Asii booda eessa deema?** | 1 Sa'aatii |
| 17:30 | yeroo Irbaata Qulqulluu | 30 Daqiiqaa |
| 18:00 | **Maaddii Mootii** | 2 Sa'aatiis |

## Sagantaa Torbaanii Mana jireenya dhuunfaa keessatti geggeefamuu

**Jimaata**

| | | |
|---|---|---|
| 18:00. | Yeroo Irbaata Qulqulluu and Galmee | 45 Daqiiqaa |
| 18:45 | Waaqeffannaa | 30 Daqiiqaa |
| 19:15 | Tuutafi hirmaattoota walbarsisuu | 30 Daqiiqaa |
| 19:45 | Seensaafi adeemsa keessa darbamu ibsuu | 15 Daqiiqaa |
| 20:00 | **Fedhii Waaqayyoo isa dhugaa/ Qoolifannaa** | 1 Sa'aatii |

**Sanbata duraa**

| | | |
|---|---|---|
| 08:00 | Ciree | 30 Daqiiqaa |
| 08:30 | Waaqeffannaa | 15 Daqiiqaa |
| 08:45 | **Eenyummaa Haara'e/ Waldaa Kiristiyaanaa** | 1 Sa'aatii |
| 09:45 | Boqonnaa gabaabaa | 10 Daqiiqaa |
| 09:55 | **Miidhamaafi Jaalala Waaqayyoo** | 1 Sa'aatii |
| 10:55 | Shayee | 20 Daqiiqaa |
| 11:15 | **Waaqayyoon akka Abbaa jaalalaatti beekuu** | 45 Daqiiqaa |
| 12:00 | Yeroo Tajaajilaa | 1 Sa'aatii |
| 13:00 | Laaqana | 45 Daqiiqaa |
| 13:45 | Duubdeebii | 15 Daqiiqaa |
| 14:00 | **Garaa madaa'e** | 1 Sa'aatii |
| 15:00 | Boqonnaa | 30 Daqiiqaa |
| 15:30 | **Hatticha Barsiisaa/Leenjii Hirmaachisaa** | 30 Daqiiqaa |
| 16:00 | Duubdeebii | 1 Sa'aatii 30 Daqiiqaa |
| 17:30 | Irbaata Qulqulluu | 30 Daqiiqaa |
| 18:00 | Waaqeffannaa | 15 Daqiiqaa |

| | | |
|---|---|---|
| 18:15 | **Deebii Waaqayyoo Miidhama Dhala namaaf qabu** | 30 Daqiiqaa |
| 18:45 | **Leenjii Hirmaachisaa Waa'ee fannoo** | 1 Sa'aatii 30 Daqiiqaa |

**Dilbata**

| | | |
|---|---|---|
| 08:00 | Ciree | 30 Daqiiqaa |
| 08:30 | Waaqeffannaa | 15 Daqiiqaa |
| 08:45 | Duubdeebii | 15 Daqiiqaa |
| 09:00 | **Yakkamaaf dhiifama gochuu/Qalbii diddirannaa** | 1 Sa'aatii |
| 10:00 | Boqonnaa gabaabaa | 10 Daqiiqaa |
| 10:10 | **Hir'ina jiru guutuu** | 30 Daqiiqaa |
| 10:40 | **Leenjii Hirmaachisaa Waa'ee Qalbii diddirannaa** | 1 Sa'aatii |
| 11:40 | madaallii | 20 Daqiiqaa |
| 12:00 | Laaqana bareedaa | 45 Daqiiqaa |
| 12:45 | **Asii booda eessa deemnaa?** | 1 Sa'aatii |
| 13:45 | **Eebba labsuu/Maaddii Mootii** | 2 Sa'aatii |

## Maxxantuu 9 Gaaffiilee Hubannoo

Gaaffiilee kunniin dhiibbaa leenjii hirmaachisaan waa'ee Garaa Madaa'e Fayyissuudhaaf Saba Jijjiiruu jireenya namoota irratti fide madaaluuf gargaarudha. Leenjii hirmaachisaan erga raawwatee booda hirmaattootaaf erguu dandeessa yookiin immoo yeroo hordoffiif walargamuutti dhiyeessuun nidandeessa.

- ⇨ Barnoota leenjii hirmaachisaarratti fudhate keessaa hammam yaadataa?
- ⇨ Jijjirama ati ofii keefi warra kaaniif qoolifannaa, ilaalcha, Waaqayyoon amanuu irratti erga leenjii hirmaachisaatii qabdu maal fakkaata?
- ⇨ Karaa kamiin amallii kee jijjirame erga kana dhugeefatee booda ati lammii Saba Qulqullaa'aatti (1Pheexiroos 2:9), kun immoo baay'ee murteessadha miseensa aadaa garee tokkoo ta'uurra?
- ⇨ Hariiroo siif Waaqayyoo jidduu jiru akka abbaa jaalalaatti fudhachuu irratti jijjirama akkamiitu jira, yookiin ati akka maatiitti jiraachuu keessatti?
- ⇨ Bu'aa leenjii hirmaachisaa Kanaan fayyina akkamiitti garaa kee keessatti iddoo argatee?
- ⇨ Hariiroo nama biraa wajjin qabdu keessatti karaa kamiin jireenya guyyaa guyyaa keessatti dhiifama goota?
- ⇨ Ofii keef dhiifama akka gootuuf Gooftaan jireenya kee keessatti maal sitti argisiisee?
- ⇨ Erga leenjii hirmaachisaa Kanaan booda karaa kamiin araara buusuu keessatti hirmaate namoota si bira dhufaaniif?
- ⇨ Erga leenjii hirmaachisaa booda maatiin keefi hiriyyoonni kee jijjirama ilaalcha kee karaa kamiin ibsu?
- ⇨ Leenjii hirmaachisaarratti namoota biraa wajjin waliif qooduun dhugaafi qajeelfama maalii baratee? (2Qorontoos 5:17-21)
- ⇨ Erga leenjii hirmaachisaa hirmaateen booda hiriyyoota akkamii garee biroo keessaa uumatee?
- ⇨ Hirmaattoota leenjii hirmaachisaa warren kaan waliin walarguun waljajjabeessuufi waliin kadhachuutti dhaabataatti karaa kamiin walargitaa?
- ⇨ Hawwaasa kee keessatti tokkummaan garaagarummaa uumuudhaaf jireenya kee waliin maal marii'ate?

**Maxxantuu 10 Diyaagiraamii Taankeerii**

